# ITTI-FAYYADAMA MALLEEN-DUBBII WALALOO *‘MIILA KAAYYOO’FI ‘MAAL KOLFA DHALOONNI?’* KEESSATTI: IJA YAAXXINA BIFIYYEETIIN

**CAALAA BIRRINAA ADDUNYAA**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

# ITTI-FAYYADAMA MALLEEN-DUBBII WALALOO *'MIILA KAAYYOO'FI 'MAAL KOLFA DHALOONNI?'* KEESSATTI: IJA YAAXXINA BIFIYYEETIIN

**CAALAA BIRRINAA ADDUNYAA**

**GORSAAN: XILAHUUN TALIILAA (PHD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOOFI FOOKILOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

## Yuunivarsiitii Addis Ababaa

## Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu barsiisuun guuttachuuf, **Caalaa Birrinaa** mataduree:“Itti-fayyadama Malleen-dubbii Walaloo‘*Miila Kaayyoo*fi *Maal Kolfa Dhaloonni?* keessatti: Ija Yaaxxina Bifiyyeetiin” jedhuun qophaa’ee sadarkaa yuunivarsiitiin kaa’e guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa ________________________Mallattoo____________Guyyaa _____________

Qoraa Keessaa _____________________Mallattoo____________Guyyaa______________

Gorsaa ___________________________Mallattoo____________Guyyaa _____________

# Axereera

*Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa itti-fayyadama malleen-dubbii mataduree walaloo 'Miila Kaayyoo'fi 'Maal Kolfa Dhaloonni?'keessatti: Ija yaaxxina bifiyyeetiin qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatedha. Akkan ilaaletti, xiyyeeffannoon qorannoo ogbarruu Oromootiifi kanneen biroo yoon walbira qabee ilaalu baay'inaan dhabamuun ammoo, sirna barumsaa ogbarruu Afaan Oromootiif gumaachi inni taasisus xiyyeeffannaa dhabuu nidanda'a. kunis, dhimma fayyadama afaanii waan ta'eef. Keessumaa akkaataan barreessaan tokko malleen-dubbiitti fayyadamu sirna barumsaaf ka'umsa godhachuun kan dhihaatedha. Kanumarraa ka'uun, gaaffilee bu'uuraa qorannoo koo keessatti dhiyaatan deebisuuf yaaleera. Malli qorannoo kanaa, mala akkamtaa keessaa iddattoo akkayyoofi ammargeetti(Convenient sampling) fayyadamuun mala mit-carraatiin filadheera. Iddattoo kanaan funaanufis mala ibsaa fayyadamuun qaaccesseera. Argannoowwan gurguddoon qorannoo kanaa barreessaan malleen-dubbii inni itti fayyadame gosa gosaan, akkaataa itti-fayyadama agarsiistotaafi ergaa walaloo dabarsuu keessatti qabaniin dhiyeesseera. Itti aansuunis, qabiyyee barnoota Afaan Oromoo* keessatti *malleen-dubbii walaloo filataman lamaan kana keessatti argaman kanneen walfakkeenya qaban lakkoofsaan sagal(9) akka ta'an addaan baasee qaaccesseera. Malleen-dubbii kunis, qabiyyee barnoota Afaan Oromootti dabalamanii barnoota kennamu qabatamaa nitaasisu. Akka ciminaatti kan dhiyaate, jechoonni bakka barbaachisaatti galuun itti-fayyadama malleen-dubbii sirriitti kan hawaasni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti fayyadamu ta'uu isaati. Akka furmaataatti kan kaa'ame, seenaan, aadaaniifi duudhaan Oromoo, safuun, ilaalchiifi falaasamni gama itti fayyadama agarsiistotaa afaan walootiin waan dhihaataniif osoo gumii dagaagina ogbarruufi Afaan Oromoo manneen barnootaa keessatti barsiisonni barattoota hirmaachisanii barumsa hedduu dabarsuu nidanda'a.*

## Galata

Duraan dursee gorsaa koo Dr. Xilahuun Taliilaa nan dadhabeefi nan nuffe osoo hinjedhiin yeroo isaanii aarsaa godhanii jalqaba wixinee qorannoo irraa hanga xumura waraqaa qorannoo kootti ogummaafi muuxannoo qabaniin na bira dhaabbachuun milkaa'insi waraqaa qorannoo koo kun akka galma ga'uuf deeggarsa barbaachisu mara naaf kennaa waan turaniif galata guddaan isaaniif qaba. Itti dabaluunis, beektota hojii og-barruu irratti aarsaa godhanii dalaga kana akkan dalagu na taasisaniifi kitaabilee isaanii irraa tumsan argadhe maraaf galatoomaan jedha. Kanatti aansuun, sadarkaan amma irra jiru kana akkan ga'uuf jalqabaa ka'anii hanga ammaatti gargaarsi isaanii kan na biraa hindhibamne abbaa koo Obbo Birrinaa Addunyaafi haadha koo aadde Ayyaluu Baay’isaa guddaan galateeffadha. Akkasumas, haadha manaa koofi ijoollee koo, obbolaan koo yaadaafi deeggarsaan na cinaa dhaabbatan hunda isaanii galateeffachuun barbaada. Gama biraatiin, barsiisota mana barumsaa kootti barnoota Afaan Oromoo barsiisan yeroon ragaalee qorannoo kana walitti qabadhutti wayitii kootti daree galanii naaf barsiisan osoon hingalateeffatiin bira darbuu hinbarbaadu. Keessumaa meeshaalee barreessuu naaf gumaachuun jalqabaa kaasanii hanga dhuma qorannoo kootti kan na cinaa dhaabbatan barsiisaa Girmaa Taaddasaas galatoomaa jechuun barbaada.

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Axereera ........................................................................................................................ i

Galata ........................................................................................................................ ii

Baafata………..…………………………………………………………………….iii

**BOQONNAA TOKKO**……………………..……………………………………………1

**1. Seensa**……………………………………….……………………………………….1

1.1 Seenduubee Qorannichaa……..……………………………………..……………....1

1.2 Ka'umsa Qorannichaa…………………………………………………..……………....3

1.3 Kaayyoowwan Qorannichaa……………………………………………..……………..4

1.3.1 Kaayyoo Gooroo……………………………………………………………..……..4

1.3.2 kaayyoowwan Gooree……………………..…………………………………..……4

1.4 Faayidaa Qorannichaa……………………………………………...……………………4

1.5 Daangaa Qorannichaa……………………………………………………………………5

1.6 Hanqina Qorannichaa………………………………………………………………….5

**BOQONNAA LAMA**……………………..………………………………………..……7

**2. Sakatta'a Barruu**………………………………..…...…………………………………7

2.1 Yaadrimee Walaloo………...…...……..…………………...…………………………....7

2.2 Yaaxxina Qeeqa Ogbarruu……………………………………………………………….9

2.2.1 Yaaxxina Bifiyyee ………………..……………..…………………………..……....…10

2.2.2 Ulaagaalee Yaaxxina Bifiyyee…………………………………………….………..10

2.2.3 Yaaxxina Itti-fayyadama Malleen-dubbii Walaloo Keessatti………………………….11

2.2.3.1 Malleen-dubbii……………………………………………………...………...11

2.2.3.2 Akaakuuwwan Malleen-dubbii……………………………………...…………..13

2.2.3.2.1 Akkasaa…………………………………………………...…...……..13

2.2.3.2.2 Iddeesaa………………………………………………………...……..…….14

2.2.3.2.3 Nameessa……………………………..…………………………………..........16

2.2.2.4 Arbeessuu…………………………...………………………………........18

2.2.2.5 Fakkoommii/Mallattoo……………...……...……………..……………………...19

2.2.3.2.6 Eemitii/Mitihee……………………..…………..…………………………22

2.2.3.2.7 Walqabsiisa……………………………..…………….………………….23

2.2.3.2.8 Habalaka…….……...…………………..……...…………………………26

2.2.3.2.9 Ateessa…………………………………..…………...…………..……….29

2.3 Sakatta'a Qorannoo Aantee……….…….…………………………………………28

**BOQONNAA SADII**……………………………...……………………………………30

**3. Malleen Qorannichaa**……...…………………….…………………….…….………………...30

3.1 Iddattoofi mala Iddatteessuu ……………………………………………………………30

3.2 Madda Ragaalee ………………………………………………………………………..30

3.3 Mala Funaansa Ragaalee……………………………………………...………………30

3.4 Tooftaa Qaaccessa Ragaalee…………………………………………...…………..31

3.5 Qindaa'ina Qorannichaa……………………………………..…………………..32

**BOQONNAA AFUR**…………………………………...……………………………….33

**4. Qaaccessa Ragaalee**……………………..……………………………………….33

4.1 Qaaccessa Itti-fayyadama Mala-dubbii Walaloo '*Miila Kaayyoo*'…………………...…….33

4.1.1 Ibsa Waayee Kitaabichaa…………..….....………………………………………33

4.1.2 Qaaccessa Mala Dubbii Akkasaa……………...……………………………………34

4.1.3 Qaaccessa Mala Dubbii Nameessaa.…..……………………………………………….40

4.1.4 Qaaccessa Mala Dubbii Iddeesaa…….……………………………………………...44

4.1.5 Qaaccessa Mala Dubbii Arbeessaa…………….....…………………………….………49

4.1.6 Qaaccessa Mala Dubbii Fakkoommii…….………….…………………………….……..53

4.1.7 Qaaccessa Mala Dubbii Eemitii/Mitihee……………………………………….……...54

4.1.8 Qaaccessa Mala Dubbii walqabsiisaa………...…………………………………….….56

4.1.9 Qaaccessa Mala Dubbii Habalakaa……….….……...……………………………….59

4.1.10 Qaaccessa Mala Dubbii Ateessaa/Hinjirree Dubbisuu……………..…….………….65

4.2 Qaaccessa Itti-fayyadama Malleen-dubbii Walaloo '*Maal Kolfa Dhaloonni?*'……………...67

4.2.1 Ibsa Waayee Kitaabichaa……………………………………………...………...67

4.2.2. Qaaccessa Mala Dubbii Akkasaa……..………………………………………….68

4.2.3 Qaaccessa Mala Dubbii Nameessaa……………..……..………………………………73

4.2.4 Qaaccessa Mala Dubbii Iddeesaa……………………………………………………..77

4.2.5 Qaaccessa Mala Dubbii Arbeessaa………………..……...……………………………..80

4.2.6 Qaaccessa Mala Dubbii Fakkoommii/Mallattoo……….………………………………86

4.2.7 Qaaccessa Mala Dubbii Eemitii/Mitihee…………………..…………………………88

4.2.8 Qaaccessa Mala Dubbii walqabsiisaa………….………………..……………………..90

4.2.9 Qaaccessa Mala Dubbii Habalakaa……………………….…………….…………………….92

4.2.10 Qaaccessa Mala Dubbii Ateessaa……………………………..……….……………94

**BOQONNAA SHAN** ……………………………...…...………………………………98

**5. Cuunfaa, Argannoofi Yaboo**……………………………………..………...……………98

5.1 Cuunfaa…………..……………………………………………...……………………98

5.2 Argannoo…………..……………………………………………...…………………..…99

5.3 Yaboo……..…………………………………………...…………………………….100

Wabiilee…………….………………………………………………………………….101

# BOQONNAA TOKKO

## 1. Seensa

Seensa jalatti kan hammataman seenduubee qorannichaa, ka’umsa qorannichaa, kaayyoowwan qorannichaa, faayidaa qorannichaa, daangaafi hanqina qorannichaa walduraa duubaan dhiyeesseera.

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Afaan Oromoo afaan barreeffamaa ta’ee erga tajaajiluu eegalee baroonni hedduun lakkaa’amaniiru. Kunis, Afaan Oromootiin barreeffamoonni garaagaraa kan ittiin barreeffamaa jiran keessaa muraasni: walaloowwan, asoosamoota, weeshoowwan (doyiiwwan) adda addaafi kkf barreeffamaniiru. Ogbarruun karaa ittiin dhalli namaa beekumsa, muuxannoo jireenyaa, wanta keessoo isaatti dhageettii addaa uume… jiruufi jireenya hawaasaa haala miidhagina qabuun kan ittiin ibsatu hojii kalaqa sammuu dhala namaa kan ta’edha. Ogbarruun dhalli namaa waa’ee ofii isaa jechootatti gadi xixiqqeessee ibsuun deebisee namoonni akka keessatti of ilaalan waan taasisuudha.

Kanumaan walqabatee, Asafaa (2009:16),“Og-barruun waa’ee ummataa, ummataaf deebisee kan ibsudha” jedha. Akka kanaatti ogbarruun daawwitii jireenyaa hawaasni tokko ittiin keessatti of ilaalu ta’uusaa calaqqisiisa. Kunis, waayee aadaasaa, afaansaa, duudhaasaa, amantaasaa, siyaasa isaa, falaasama isaa, jiruufi jireenya uummata isaafi kkf kan ittiin ibsatudha. Haaluma walfakkaatuun Zarihuun (2003:3) yaada kana yoo cimsu,"Ogbarruun hojii kalaqaa bifa afoolaafi barreeffamaan mul’atu ta’ee, jechootatti dhimma bahuun waa’een jireenya namaa, namaan qindaa’ee deebi’ee namaaf kan ittiin dhihaatudha,” jechuun barreesseera. Yaada hayyuu kanarraa kan hubatamu, og-barruun, ogbarruu afaaniifi og-barruu barreeffamaa jedhamee iddoo gurguddaa lamatti akka qoodamuufi dhalli namaas karaalee lamaan kanaan gargaaramee yaada isaa akka ibsatu agarsiisuusaati.

Ogbarruun Oromoo yeroo ammaa kana keessatti guddina saffisiisaa mul’isaa jira. Kanas kan dhugoomsu, gosa ogbarruu keessaa walaloo garaagaraan kan baay’inaan tilmaamaman barreessitoota Afaan Oromootiin maxxanfamanii hawaasaaf dhihaachaa jiraachuu isaaniiti. Barreessitoonni Oromoos carraa kanatti fayyadamuun Afaan Oromoo afaan ogbarruu barreeffamaa taasisuuf carraaqaa jiru. Kun ammoo, waayee Oromoo barreeffama kalaqaatiin

ibsuu bira darbee guddina Afaan Oromootiif illee qooda olaanaa kan qabudha. Barreessitoota walaloo keessaas waloon Lataa Qana'ii isa tokkodha. Haaluma kana keessatti Lataan barreeffamoota walaloo mala dubbiitti fayyadamuun uummataan gahuun uummanni eenyummaa isaa akka hubatuufi diinaaf akka gadi hinjenne kan barumsa kennudha. Kana kan godhes itti fayyadama malleen-dubbii barreeffama walaloo isaa keessatti itti gargaaramedha.

Haaluma kanaan, malleen-dubbii ergaa darbu tokkoof ciminaafi si'aayinummaa yommuu kennu nimul'ata. Akkasumas, galumsa hiika jechaa yookiin gaalee kan barame irraa maqsuun yookiin adda gochuun yaada darbu sanaaf xiyyeeffannaa kennuudha. Ergaan sun ergaa laafaafi xiyyeeffannoo salphaa kan kennu osoo hintaane kan dhimma sana gadi-fageenyaan xiyyeeffannee ilaallu ta'uu isaati. Ergaan darbe sun yoo tures haaromee sammuu dhala namaa keessatti akka yaadatamu gochuu danda'uu isaati. Walumaagalatti, malleen-dubbii fayyadama afaanii kan hawaasni tokko ergaa barbaadu tokko ittiin ibsatu, hanga gadi fageenya ergichaallee karaa ittiin walhubachiisudha.

Yaada kana Encyclopedia Americana (1985:195) akkas jedha,"Barreeffamaafi afqunnamtii keessatti faayidaan malli dubbii qabu hiika ifoomsuu, fakkeenya sirrii ta'e kennuu, yaada cimsuu, kan lubbuu hinqabnetti lubbuu horuun yaadni darbu sun akka dinqisiifatamuufi miidhagu gargaara. Akkasumas, wanti tokko xiyyeeffannoo akka argatu godha." Akka waraabbii kanaatti, malleen-dubbiitti kan fayyadamu dubbattootaafi barreessitootadha. Kunis, kan dubbatu dubbiisaa keessatti, kan barreessu ammoo, barruusaa keessatti fayyadama. Kana jechuun, dubbiin nama sanaa akka miidhaguufi dhama qabaatu gochuuf nigargaarama. Afaan barreeffamaa keessattis barreessaan barruu isaa keessatti mala dubbii kana kan fayyadamuuf barreeffamni isaa dubbisaa biratti fudhatama akka argatuufi miira dubbistootaa harkisuun sammuu keessatti suuraa akka kaa'uu danda'utti itti kuulee barsiisuuf kan dhiheessuudha.

Barreessitoota kitaabilee walaloo barreessaa jiran keessaa Xahaa Abdii (1982) barreessaa walaloo Biliqaa, Maaramee Harqaa (1993) barreessaa walaloo Gundoo Booree, Asafaa Tafarraa (1998) barreessaa walaloo Anaan'yaa, Masqaluu Baalchaa (2011) Mootii Qubeefi Kumee Kumaatamaa, Mootummaa Asaffaa (2011) barreessaa walaloo Du'umti Haa Du'u, Kidaanuu Zallaqaa (2011) barreessaa walaloo Kooti Moo Koo miti, Dastaa Dassaaleny (2009) barreessaa walaloo Eenyuma Amantaa?, Geetuu Dajanee (2012) barreessaa walaloo Karramoo Karaadha? akka fakkeenyaatti kaasuun nidanda'ama. Haaluma kanaan, barreessitoota Oromoo ogbarruu Oromoo irratti hojjechaa jiran keessaa Waloo Lataa Qana'ii isa tokkodha. Waloon kun gosoota

ogbarruu bareeffamaa keessaa ‘walaloo’ irratti xiyyeeffachuun kitaabilee Afaan Oromootiin barreessee uummata  isaa biraan gahuun nama hojii guddaa hojjeteefi hojjachaas jirudha. Kitaaba walaloo bara 2006/2014 A.L.A yeroo jalqabaatiif barreeffamee bahe kan matadureen Maal Kolfa dhaloonni? jedhuun beekamu irraa eegalee yeroo adda addaa keessatti kitaabilee walaloo hojiisaa isa 2ffaa kan ta’e Haqni Dhara Hinqabu bara 2007/2015 A.L.Afi Miila Kaayyoo bara 2018/2010 jedhaman maxxansiisee uummata biraan gaheera.

Kitaabileen walaloo Afaan Oromootiin barreeffamaniifi kan waloo garaagaraatiin barreeffaman biroon guddina ogbarruu Oromoofi Afaan Oromootiif gumaachi isaanii iddoo guddaa waan qabuuf, hojii waloowwan kanaa duukaa bu’uun qorannoo irratti gaggeessuun barbaachisaadha. Kunis, hojii isaanitti haalaan cimanii guddina afaanichaafi ogbarruu isaanii akka finiinsan isaan tumsa. Qorannoo ogbarruu irratti gaggeeffamu keessaa inni tokko yaaxxinoota adda addaatti dhimma bahuun qeequudha. Haaluma kanaan, qorannoon kun kitaabilee walaloo Miila Kaayyoofi Maal Kolfa Dhaloonni? kan waloon Lataa Qana’ii barreesse gama itti fayyadama malleen dubbiitiifi yaaxxina kanaan walqabatu ulaagaalee yaaxxinni bifiyyee guutuu danda’uun qorannoo gaggeessurratti kan fuulleffatedha.

## 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa itti-fayyadama malleen-dubbii walaloo ‘Miila Kaayyoo’fi ‘Maal Kolfa Dhaloonni?’ keessaatti:Ija Yaaxxina Bifiyyee irratti xiyyeeffachuun qaaccessuudha. Akkan ilaaletti, qorannoon baay’een ogafaan Oromootiin gaggeeffamani. Ogbarruun Oromoo ulaagaalee yaaxxinaalee ogbarruu jiran keessaa ulaagaa yaaxxinni bifiyyee irratti xiyyeeffatu hundaan madaalanii qeequun qorannoowwan gaggeeffaman baay’inaan hinmul’atani. Kitaabilee walaloo filataman ija yaaxxina bifiyyeetiin namni qaaccesse waan jiru hinfakkaatu. Akkasumas, hojiileen kalaqaa kun gumaachi isaan guddina ogbarruu Afaan Oromootiif qaban hammam akka ta’e ilaaluuf fedhii na keessatti uumeera. Xiyyeeffannoon koos ogbarruu irratti yoo ta’u, walaloo dhangala’aa kan yeroo ammaa barraa’aa jiran keessaa walaloo*‘Miila Kaayyoo’fi ‘Maal Kolfa Dhaloonni?’* keessatti: Ija yaaxxina bifiyyeetiin itti-fayyadama malleen-dubbii walaloowwan filataman  keessa jiran  bu’uura godhachuun qaaccesseera. Kunis, xiyyeeffannaan gama kanaan jiru gadi bu’uu danda’a yaaddoo jedhu waan sammuu koo keessa jiruufi. Yaada kana irraa ka’uudhaan qorannoo kana keessatti walaloowwan Afaan Oromootiin barreeffaman keessaa kan Lataa Qana’ii barreesse, ‘Miila Kaayyoo’fi ‘Maal Kolfa Dhaloonni?’ kan jedhu, malleen-dubbii keessatti gama itti-fayyadama agarsiistotaatiin xiinxala irratti taasiseera. Haaluma kanaan, ija

yaaxxina bifiyyeerratti hundaa'uun gaaffileen bu'uuraa qorannoo kanaa haala armaan gadiitiin deebii argataniiru.

1. Kitaabilee filataman keesatti akaakuuwwan malleen-dubbii eenyu fa'atu mul'ata?
2. Malleen-dubbii keessatti itti-fayyadamni agarsiistotaa hojiirra oolan kan akkamiiti?
3. Gaheen malleen-dubbii ergaa walaloo filataman dabarsuu keessatti qaban maal fa'i?

## 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa itti-fayyadama malleen-dubbii walaloo*'Miila Kaayyoo'fi 'Maal Kolfa Dhaloonni?'* keessatti mul'atan: Ija Yaaxxina Bifiyyeetiin qaaccessuudha.

### 1.3.2. Kaayyoowwan Gooree

Kaayyoowwan gooreen qorannoo kanaa ammoo kanneen armaan gadii ta'u. Isaanis:

1. Kitaabilee filataman keessatti akaakuuwwan malleen-dubbii mul'atan addaan baasuu.
2. Malleen-dubbii keessatti itti-fayyadama agarsiistotaa hojiirra oolan agarsiisuu.
3. Gaheen malleen-dubbii ergaa/dhaamsa walaloo filataman dabarsuu keessatti qaban ibsuu.

## 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Hojiin qorannoo kanaa erga raawwatee booda bu'aalee armaan gadii nigumaacha jedhamee eegama. Isaanis:

- ❖ Qorattoonni barreeffama kana ka'umsa godhachuun qorannoo biraa akka qorataniif nifayyada.
- ❖ Namoota walaloo keessatti itti-fayyadama malleen-dubbii beekuu barbaadaniif ammoo, ciicata akka ta'uufi qoratamee barreeffamaan akka taa'uuf nigargaara.
- ❖ Namoota yaaxxina bifiyyeerratti hundaa'anii walaloowwaniifi hojiiwwan ogbarruu kanneen biroorratti gadifageenyaan qorannoo gaggeessuu barbaadaniif ka'umsa ta'uu nidanda'a.
- ❖ Barsiisota Afaan Oromootiif akka cuuphataatti, barattootaaf ammoo akka madda odeeffannootti gargaaruu nidanda'a.
- ❖ Qabiyyee walaloo kana keessaa sirna barnoota afaaniitti dabaluun guddina Afaan Oromoof gahee olaanaa nigumaacha.
- ❖ Wantoota barreeffama walaloo kana kessatti hinsakatta'amne akka sakatta'amaniif nigargaara.

- Rakkoo malleen-dubbii walaloo keessatti gargaaramuu waliin walqabatee jiru ifa gochuu bira darbee sadarkaa itti-fayyadamni malleen-dubbii kun irra jiru ibsuu nidanda’a.
- Barreessitoonni garaagaraa itti-fayyadama malleen-dubbiirratti hubannoo akka argataniifi hojiin isaanii dubbistoota biratti fudhatama argatu daandii isaan niqabsiisa.
- Namoota mata-dureen qorannoo isaanii isa kana waliin walfakkaaturratti qorannoo gaggeessaniif bu’uura ta’ee tajaajiluu nidanda’a.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Ogbarruun Oromoo bal’aafi damee hedduu kan ofjalatti hammatuudha. Qorannoo kana hojiilee ogbarruu keessaa walaloorratti daangesseera. Haaluma kanaan, walaloowwan Afaan Oromootiin waloo adda addaan barreeffamaa jiran irratti osoo qorannoon gaggeeffamee bu’aan irraa argamu hedduudha. Haata’u malee, qorannoon kun yeroofi qabiyyeedhaan daangeffameera. Sababa kana ta’eef, qorannoon kun kitaabilee walaloo *‘Miila Kaayyoo’*fi *‘Maal Kolfa Dhaloonni?’* irratti kan gaggeeffame yoo ta’u, gama qabiyyeen ammoo itti-fayyadama malleen-dubbii walaloo filataman keessatti argaman irratti xiyyeeffachuun yaaxxinaalee qeeqoo ogbarruu keessaa yaaxxina bifiyyeerratti daangeffameera. Ulaagaaleee yaaxxina kanaa keessaa irra-caalaa haala agarsiistonni itti dhiyaatan, akkaataa (style), itti-fayyadamni malleen-dubbii maal akka fakkaatan ibsuurratti kan fuulleffatedha. Akkasumas, matadureewwan walaloo adda addaa kitaabilee walaloo filataman kanneen keessatti dhiyaatan keessaa matadureewwan 96 irratti daangeefame yoo ta’u, Miila Kaayyoo keessaa kan filataman 58 fi Maal Kolfa Dhaloonni? keessaa kan fudhataman ammoo 38 kan ta’anirratti mala akkayyoofi ammargeetiin qorannoo koo kana daangesseera.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo tokko gaggeessuu keessatti hanqinoonni qorataa muudatan nijiraatu. Isaan keessaa muraasni: Yeroon qorannoo kanaa hojii idilee faana ta’uu isaa, gorsaa irraa fagaachuu, hanqina maallaqaan walqabatuufi iddoo hojii idilee turuun qorannicha hojjechuu keessatti manni kitaabaa gahaan waan hinjirreef, kitaabilee wabii gahaa argachuu dhabuun akka hanqinaatti qoraticha muudateera.

Hanqinoonni armaan olii kunneen galma ga’iinsa qorannichaa waan gufachiisaniif, qabxiiwwan itti aanan kanneen akka furmaatatti gargaaramuun keessa bahameera. Isaanis:dhiphinni yeroo hanqina qorannoo kanaa ta’ullee, qorataan hanga danda’ametti qorannicha bu’a-qabeessa gochuuf yeroo argame osoo hinqisaasessin fayyadamuun kan keessa bahame yommuu ta’u, hanqina maallaqaan walqabatu ammoo qusannoon kallattii qorannichi dirqamatti ilaallatuun qofa fayyadamuun furuun danda’ameera. Kana malees, yeroo ragaan sassaabamu odeeffannoo harca’ee hafe nuffii tokko malee walitti qabuun rakkoo gama kanaan jiru keessa darbuun danda’ameera. Akkasumas, hanqina kitaabilee wabiitiin walqabatan furuuf, yeroo hojii idilee mana hojii eeyyama gaafachuun manneen kitaabaa Yuunivarsiitii Finfinnee mooraa kiiloo jaha (6) keessatti argamaniifi qorannicha ilaallatan afaan adda addaa irraa hiikuun itti fayyadamuun alatti, kanneen qorannichaaf murteessoo ta’an muraasa dhuunfaan bituun keessa bahameera.

# BOQONNAA LAMA

## 2. Sakatta’a Barruu

Sakatta’a barruu kana jalatti yaaadrimee, yaaxxina qorannichaa, barreeffamoota garaagaraa kanneen mataduree qorannichaa wajjiin deemaniifi hubannoon irraa argamuu danda’u irradeddeebi’uun gadifageenyaan dubbisuudhaan mataduricha wajjiin walsimsiisantu dhihaate. Akkasumas, sakatta’a qorannoowwan aantee kitaabilee walaloo Afaan Oromoo irratti qorattoota garaagaraatiin gaggeeffame sakatta’uudhaan kutaa kana jalatti dhiyaataniiru.

### 2.1. Yaadrimee Walaloo

Qeeqni ogbarruu akka gosa barnoota tokkootti adeemsa ogbarruu tokko madaallee qaaccessuun hiika itti kennuuti. Qeeqni ogbarruu seenaan jalqabbii isaa qeeqa walalootiin walqabata. Yaada kana Dutton (1884:15) yommuu ibsu,“…any criticism written before approximately 1800 may be understood as criticism of creative literature in general,” jechuun barreesseera. Yaada hayyuu kanarraa kan hubatamu, qeeqni ogbarruu jaarraa 18ffaa dura hojii qeeqa walaloo irratti barreeffame kamuu, walaloon akka ogummaa kalaqaa waliigalaattiifi qeeqa barruu kalaqaa hunda hammatuutti ilaalamaa turuusaa kan agarsiisudha.

Hojii ogbarruu tokkoo madaaluuf, gaaffiin barreessaa ogbarrichaa maal akka ta’e, ogummaa ykn aartii akkamitti akka fayyadamee barreesse, yaadota saayinsiifi falaasamaa haala kamiin adda baasee akka itti gargaarame, waan ibsuu barbaadeefi yaadrimee isaa hangam akka walqabataniifi walibsaa deeman irratti xiyyeeffachuun hojiin ogbarruu tokkoo qeeqamuu qaba. Kanumaan walqabatee Lodge (1988:63) hiika qeeqa ogbarruu akkanaan ibseera.

> *Criticism consists of judging and appreciating recent works with a view to helping the public make up its mind, and a scientic function which consists of a positive study, closely with a view of knowledge of the conditions of existence of literary, works or the materiality of the text, source, psychological or historical origins, etc.*

Yaada olii kanarraa kan hubatamu, hojii ogbarruu tokkoo karaalee ittiin madaalan, dinqisiifatan, sammuu dubbistootaa kakaasan, maddaafi seenaa isaa qoratan akkasumas, wantoota hawaasa keessatti mul’atan calaqqisiisuu isaanii karaa ittiin madaalaniifi xiinxalan akka ta'e hubachuun danda’ameera.

Kanumaan walqabatee, Fedhasaan (2017:118) Birhanu (2009) wabeeffachuun yoo ibsu, “Jechi **‘walaloo’** jedhu Afaan Ingiliziiitiin **‘poetry’** kan jedhudha. Innis, jecha Giriikii **‘poiein’** kan

dhufe yommuu ta'u, hiikni isaa **uumuu** jechuudha. Kun kan akeekus waloon walaloo kan kalaqu yaadasaa irraa ta'uu akks ta'e addeesseera. Gama biraatiin, ogbarruun gadda, gammachuu, ilaalchaafi amantii, wantoota hawaasa biratti jibbamaniifi aadaa hawaasichaa cabsan balaaleffachuun dhimma baanuudha. Akka Fedhasaan (2017:125) ibsetti, Walaloo keessatti jechoota waloon filatutu guutummaa yaadasaa bakka bu'a. Jechoonni filataman bu'aa sagaleef qabaniin madaalamu. Waloon yeroo baay'ee jechoota hiika dhanquu qabanitti fayyadama. Meeshaan guddaan waloon kaayyoon isaa ittiin guuttatu jechoota. Tooftaan inni waltajjii ittiin too'atu filannoo jechootaati. Jechoota yommuu filannu jechoota qusatamoofi udumamoo ofkeessatti qabatan ta'uusaanii madaaluudha. Filannoon jechootaa kun ammoo mala dubbiiti jechuudha.

Walaloon aartii akkaataa jechaa dhikkisa humna jabaa qabuun hubatamuudha. Walaloon ogummaa gammachuufi haqa walfakkaataa ta'een yaada keenya sassaabnee sababa keenya ittiin deeggarannudha. Kana malees, walaloon aartii jechootatti fayyadamuudhaan yaada keenyaaf suura kaasnudha. Akkuma namni tokko halluutti fayyadamuun waa miidhagsu, namni walaloo barreessu immoo jechoota humna qabanitti gargaaramuun ergaa dabarfachuu barbaade tokko miidhagsee dhiyeessa. Ogbarruun Oromoo haala jiruufi jireenya hawaasichaa kan ibsuufi kan mul'isuudha. Kanas, karaa barreeffamoota walaloo arguu dandeenya. Walaloon gadda gammachuu, ilaalcha, muuxannoofi kan kana fakkaatan ittiin ibsachuuf barreeffama. Dabalees namoonni walaloo kan barreessaniif dhugaa hawaasa keessa jiru ittiin ilaaluuf, ittiin xiinxaluuf ittiin beeksisuuf akkasumas, haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo ittiin walbira qabuun waldorgomsiisuuf gargaara. Kunis, haala ittiin bulmaata hawaasichaa kan mul'isu ta'ee xiyyeeffannoo karaa adda addaan mul'isuu danda'a. Kunis, xiyyeeffannoo qabiyyee gama ergaa qindoominaa, faayidaa kennuu, akkaataa barreeffamichaafi fayyadama irratti ta'uu danda'a.

Walaloon qaama ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko ta'ee jiruufi jireenya namaa, icciitii hawaasa tokkoo, haala ittiin bulmaataa kan ittiin ifa baasuudha. Barreessaan tokko hojii isaa keessatti qabiyyeewwan adda addaa makuun kan barreessu, wantoota hawaasa keessatti taajjabe, ilaale, adda baasee, muuxannoo seenaa dhugaa fakkeessuun kan ibsuufi namootas bohaarsaa barumsa dabarsuudha. Kanaaf, egaa hojii kalaqaa tahee dhugaan hawaasicha keessa jiru haala jiruufi jireenya hawaasichaa daawwitii ta'ee kan agarsiisuudha. Kunis, barreessaan walaloo dhugaa inni ka'umsa godhatee barreessu jechootaafi yaadota inni qindeessee ittiin miidhagsee haala miira dubbistootaa harkisuu danda'utti mi'eessee barreessuudha. Kunis, akkaataa malleen

dubbiitti fayyadamuun ta'a. Barreessaan tokko tokko ergaa barreeffamichaa irratti, inni kaan immoo, qindoominaafi caasaa irratti xiyyeeffachuu danda'a. Barreeffama walaloo tokko keessatti xiyyeeffannoon itti-fayyadama malleen-dubbii karaa adda addaan mul'achuu danda'a. Isaan keessaa muraasni: ergaa barreeffamichi kennu irratti ta'uu danda'a. Haaluma kanaan, barreeffamni walaloo dhaamsa qabiyyee garaagaraatiin dabarsuu nidanda'a.

Qabiyyeewwan gadda mul'isan barreeffama walaloo keessatti waloon hawaasa keessa jiraannu keessatti wanta nama qunnamu miira gaddaa isaan itti mul'isan irratti hundaa'ee barreessedha. Kun ammoo, waan barreessaan irratti xiyyeeffatee barreesse kan mul'isu ta'uusaati. Wantoota hawaasicha keessatti jibbaman aadaafi safuu hawaasaa cabsan barreeffama walaloo kana dubbisuun irraa baruun nidanda'ama. Kunis, wanti yaada kanarraa hubatamu, hawaasni Oromoo amaloota badaa dhabamsiisuuf wantoota hawaasicha keessatti fudhatama qaban akka itti fufaniifi itti fayyadama malleen dubbii gama ogbarruu guddisuutiin jireenya hawaasummaa cimsuun gama dinagdee guddisuu keessatti ogbarruun gahee guddaa qaba. Gama hawaasummaatiin ogbarruun kan hawaasaati; hawaasnis ogbarruu malee aadaa, duudhaa, safuu hawaasichaa calaqqisiisuu hindanda'u. Duudhaafi safuu hawaasichaa kabajuun jiruufi jireenya gaarii jiraataniif barumsa nikenna. Hawaasni Oromoo, barruu kana dubbisuun jiruufi jireenya keessatti wantoota isa mudatan ittiin barsiisa.

## 2.2. Yaaxxina Qeeqa Ogbarruu

Hojii ogbarruu tokkoo xiinxaluuf, yaaxxina qeeqa ogbarruu bu'uura godhachuun baay'ee barbaachisaadha. Yaaxxina jechuun adeemsa ogbarruun tokko ittiin hubatamuufi xiinxalamudha. Hojii ogbarruu tokkoo karaa adda addaatiin kan ilaalamu waan ta'eef, namni hojii ogbarruu tokko irratti xiinxala taasisus dhimma irratti xiyyeeffachuu barbaadu erga adda baaseen booda yaaxxina dhimma sanaan walqabatu filachuudhaan qorannoo isaa gaggeessuu qaba. Kanuma ka'umsa godhachuudhaan ragaan tooraintarneetii irraa argame haala kanaan ibseera.
"Theory is the process of understanding what the nature of is, what functions it has what the relation of text is to author, to reader, to language, to society, to history. It is not judgment but understanding of the frames of judgment."**www.thefreedictionary.com/criticism.** Waraabbii kanarraa kan hubatamu, faayidaa ogbarruu, walitti dhufeenya barreessaafi barreeffamichaa, dubbisaa, hawaasaa, seenaafi afaan ittiin barreeffamee kan agarsiisu ta'uusaatu hubatama.

### 2.2.1. Yaaxxina Bifiyyee

Barreessitoonni walaloo adda addaa kaayyoo mataa, mataa isaanii irratti hundaa’anii waan barreessaniif itti fayyadama malleen-dubbii (Figurative speech in use) irratti xiyyeeffannoo kennu. Itti dabaluunis, dubbisaan tokko haala galumsa (context) barreeffama waloo hubachuu kan danda’u akkaataa fayyadama waloo keessatti tajaajilu ergaa isaa addaan baasee yoo hubate qofadha.

Haaluma kanaan maddi intarneetii **http://owl.english.purdued.edu** yoo ibsu, yaaxxinni bifiyyee hojii ogbarruu tokko irra keessa kan ilaalu osoo hinta’iin itti fayyadama malleen-dubbii yaaxxinichaan walqabsiisuun ilaaluu irratti xiyyeeffata. Hojiin qeeqa ogbarruu dameewwan ogbarruu mara irratti kan gaggeeffamuu danda’u yoo ta’u, yaaxxinoonni hojiin ogbarruu tokkoo ittiin qeeqamus dhimma agarsiisuuf barbaadame irratti hundaa’uun hojiirra kan oolan ta’a. Kanaaf, qorannoon kun xaaxxina bifiyyee irratti hundaayee kan dhiyaatedha. Sababni isaa, yaaxxinni bifiyyees dameewwan ogbarruu hundaaf kan hojjetu ta’ee, qorannoo kana keessatti garuu gosoota ogbarruu keessaa walaloo barreeffamaatiif hojiirra ooleera.

### 2.2.2. Ulaagaalee Yaaxxina Bifiyyee

Walaloo keessatti xiyyeeffannoon yaaxxina kanaa akaakuuwwan malleen-dubbiifi akkaataa itti fayyadama agarsiistotaa mala dubbii kitaabliee walaloo filataman keessa jiran irratti xiyyeeffachuun ittiin sakatta’ameera. Yaaduma kana ilaalchisee E.Showalter (1986:303) yoo ibsu, “Literary criticism may involve the historical context of the work, the author‘s life, the work‘s content or message or the author‘s style or technique(use of characters, themes, language, etc).”**(http:// criticismauthers, style. Com)**. Akka yaada kanaatti, hojiilee kalaqaa qeequun wanta qabatamaa seenaa tokko beekuuf, haala jireenya barreessaa addaan baasaanii hubachuun ergaafi qabiyyee hojii sanaa haalaan akka hubataniif gargaara. Kanaafuu, namni yaaxxina bifiyyee irratti hundaa’ee hojii hogbarruu tokkoo xiinxalu:

- Tooftaa barreessaan agarsiistotatti fayyadamuuf yaale ibsuu,
- Hojii kalaqaa sana irradeddeebi’uun gadifageenyaan dubbisuudhaan malleen-dubbii (akkasaa, iddeessa, nameessa, arbeessuu, fakkoommii, mitihee, walqabsiisa, habalaka, ateessaafi kkf.) akkamiin akka hojiirra oolan agarsiisuu,
- Ergaan/dhaamsi isaan qabiyyee walalootiif qaban maal akka fakkaatu ibsuu,
- Haala itti-fayyadama malleen-dubbii dubbistoonni addaan baasanii akka hubatan taasisuufi

- Kutaaleen miidhagina sana agarsiisan kanneen akka agarsiistota malleen-dubbii qindoominni isaanii maal akka fakkaatu yaaxxinichaan walqabsiisuun ilaaluu irratti xiyyeeffata. http://owl.english.purdued.edu

### 2.2.3. Yaaxxina Itti-fayyadama Malleen-dubbii Walaloo Keessatti

#### 2.2.3.1 Malleen-dubbii

Malleen-dubbii walaloo keessatti irracaalaa kan itti fayyadamamudha. Kana jechuun walaloo uunka gaggabaaboo kan qaban ta'anii ergaa bal'aa tokko dabarsuuf kan tajaajilaniidha. Kanaafuu, yaada bal'aa kana immoo kan bakka tokkotti walitti qabee jiru mala dubbiiti. Malleen dubbii walaloo keessatti argaman kunis, ergaan walaloo sanaa karaa dhoksaa ta'een dubbistoota biratti sammuu isaanii keessatti fakkii uumuudhaan akka isaan ergaa sana osoo hindagatiin sammuu isaanii keessa tursiisaniif gahee olaanaa kan qabudha.

Kanumaan walqabatee, Addunyaan (2016:208) waayee malleen-dubbii yoo ibsu, "Malleen dubbii fayyadama afaanii kan haala salphaa ta'een ergaa tokko nama hubachiisaniidha. Kana jechuun, karaa ittiin waan guddaa tokko kineessanii, kinoo ammoo arbeessanii, binoo nameessanii, namoo bineensanii, walcinaas qabanii, cinaachaan himaniifi wkf taasisuun hubannoof haala mijeessan jechuudha," jechuun addeesseera. Akka yaada barreeffama kanaatti, mala dubbii fayyadamnu wanta tokko karaa namaaf hubatamuu danda'utti salphisee dhiheessuu danda'uudha. kana jechuun haala namaaf galuun karaa walxaxaa hintaaneen kan namootaaf ergaa ifa ta'e dabarsuudha.

Karaa biraatiin, Warrinnier (1982:352) irratti yoo ibsu ammoo,"It is figuratives when it immaginative rather than factual'' jedha. Haaluma kanaan, malleen dubbiitti fayyadamuun haala salphaa ta'een ergaa barbaachisaa ta'e barreessaan  itti gargaaramudha.Yaadni kun kan ibsu, dhugummaa yaadaa tokko kallattiin ibsuurra wanta hawaasa keessatti kalaqamuun walqabsiisuun fakkii sammuu dubbisaa yookiin dhaggeeffataa keessatti kan mul'isu yookiin kan kaa'uudha. Akkasumas, malleen-dubbii fayyadama walaloo keessatti gahee olaanaa qaba. kana jechuun haala namaaf galuun karaa walxaxaa hintaaneen kan dabarsuudha. Kanaafuu, akkuma hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa gaggeessu keessatti karaalee adda addaatiin malleen dubbiitti dhimma kan bahudha. Kunis, ogbarruu barreeffamaa isaanii keessatti malleen dubbiitti gargaaramuun nimul'ata. Kunis, ergaan dabarfachuu barbaadan sun karaa dhoksaa ta'een qaama dhaamsichi

akka bira gahamuuf barbaadame sun haala icciitii ta'een akka darbuuf faayidaa guddaa akka qaban salphaatti hubachuun nidanda'ama.

Kanumaan walqabatee, Yaadannoon (2014:83) waayee dubbii qoolaa akkanaan ibseera.

> *Dubbiiwwn qoolaa kun sadoommii ykn malleen dubbii jedhamuun beekama. Maanguddoonni Oromoo durii afaaniffaan [afaaniin]fi barreessitoonni ammayyaa hojiiwwan barreeffamoota akka asoosamaa, diraamaa, walaloo, hololoo, waliin dubbii adda adda keessatti ijoo dubbiisaanii haala mijaawaafi miira namaa harkisuun yaadaan fakkii sammuu keenya keessatti uumanii kan barbaadan xiqqeessuun, kan tuffachuu barbaadan jajuun, kan abaaruu fedhan eebbisuun salphaatti dagatamuu akka hindandeenyeen hubachiisuuf kan itti fayyadaman dubbii qoolaa ykn sadoommii jedhama. Kanaaf, dubbii qoolaa jedhuun[jechuun] dubbii haalawaa kanneen sammuu namaa keessatti fakkii uumanii alkallattiin ibsaman ta'anii ililliiwwan ogummaa haalaan afaanitti fayyadamuuti. Jechoonni dubbii qoolaa ifaafi qulqulluu kan nama hindogongorsiisne akkasuma dubbichaan kan wal-simu ta'uu qabu.*

Yaada kanarraa kan hubatamu, malli dubbii ogbarruutti miidhagina kan uffisu ta'uu isaa, waliigalteen duraan namoonni qabaniifi akkaataan isaan ittiin waliigalan haala idilee irraa gara al-idileetti jijjiiruun ergaa ifaafi fudhatama qabu dabarsuu danda'uusaati.

Waa'ee malleen dubbii Shaw (1972:208) yommuu ibsu, "A figure of speech in which the literal (denotative) meaning of a word or statement in the opposite of that intended. In literature, it is a technique of indicating an intention or attitude opposed to what is actually stated" jechuun barreesseera. Waraabbii kanarraa kan hubatamu, malleen dubbii barreeffamoota yaad-uumeefi dubbii haasa'amu tokko amansiisaa taasisuuf gahee guddaa taphachuu akka danda'uudha. Kana jechuun tajaajilli malleen dubbii barreeffama keessatti qofa osoo hintane waliin dubbii namoonni taasisan keessattis shoora olaanaa taphaachuu isaatu hubatama. Kana malees, kan inni tajaajilu afaaniifi umurii sadarkaa kamiyyuu keessatti faayidaa kennuun isaas kan hubatamuudha.

Karaa biraatinis, barreessitoonni adda addaa barreeffama isaanii keessatti malleen dubbiitti yemmuu gargaaraman nimul'ata. Sababni isaas, barreeffamni isaanii dubbistoota biratti bal'inaan akka dubbifamuuf, hawwatamaa akka ta'uuf, dhaamsi yookiin ergaan barreeffamichaa kallattii adda addaatiin akka hubatamuufi yaada isaanii karaalee hedduun ibsachuuf akka itti fayyadaman kan wal-numormisiisuu miti. Itti-fayyadama malleen-dubbii irratti hundaa'uun barreessaan ogbarruu barreeffamaa malleen-dubbii akaakuuwwan hedduutti qooduun kaa'u. Akaakuuwwan isaan kunneen, warra kaan caalaa hojiiwwan ogbarruu keessatti faayidaa hedduu kan qabaniidha.

Kunis, ergaa dabarsuurratti waan ta’eef ergaa hubachuuf ammoo, gad-fageenyaafi kallattii garaagaraan ilaaluun barbaachisaadha.

Qoodamiinsa malleen dubbii ilaalchisee kitaabonni karaa adda addaan lafa kaa’u. Isaan keessaa Harcourt (1994:216) akkas jedha,“The shief figures of speech are: simile, metaphor, hyperbole, personification, paradox, allusion,” jechuun ibseera. Gosti malleen dubbii kunis, akkasaa, iddeessa, nameessa, arbeessuu, eemitii, walqabsiisa jedhamanii hiikamanii jiru. Malleen dubbii kunis, ogbarruu barreeffamaa fayyadama malleen dubbii walaloo keessatti barreessaan gargaarame haala akkamiin hawaasni itti gargaaramaa akka jiru ibsuu danda’a.

Walumaagalatti, malleen dubbii maqaa adda addaa haaqabaatuyyuu malee, yaada kalaqaa yookaan haala nama hawwatuun fakkii wantootaa, xiyyeeffannoo barbaadanii walbira qabanii ibsuun karaa salphaa ta’een suuraa kaasu. Ogbarruun barreeffamaa kunis, malleen dubbiitti fayyadamee ergaa, gorsa, jajjabina, hacuuccaa, roorroo, diddaafi kan kana fakkaatan gadifageenyaan ibsa. Kana malees, malleen dubbii barreeffamni tokko miidhagina akka argatu waan taasisuuf baay’ee murteessaadha. Kanaafuu, malleen dubbii walaloo barreeffamaa keessatti faayidaa qabaachuun isaanii hubatameera.

### 2.2.3.2 Akaakuuwwan Malleen-dubbii

#### 2.2.3.2.1 Akkasaa

Akkasaan mala dubbii ta’ee, waldorgomsiisaa wantoota lamaati. Kana jechuun jechoota akka, fakkaata, gaha, amma, caala jedhaman gargaaramuun waldorgomsiisa. Kanumaan walqabatee Myers (2008:10) akkas jedha,“The writer is saying that something is like or the same as something else.” Yaada kanarraa wanti hubatamu, akkasaan yeroo hundumaa jechoota ‘akka’ yookiin ‘fakkaata’ jedhutti gargaarama. Sababni isaa, barreessaan wanti tokko akka waan biraa ta’etti fayyadamuudha. Haaluma kanaan, wantoonni waldorgomsiifamanis gosaan addaddummaa qabu. Garuu, akkasaan walfakkeenya tokko karaa dhokataa ta’een ibsa. Karaa biraatiin, malli dubbii kun waa lama haala walfakkii muraasaan kan waldorgomsiisee dhiheessuudha. Kana jechuun, walfakkeenyi wantoonni waldorgomsiifaman guutummaa guutuu ta’uu yoo baateyyuu, waa muraasaan kan walfakkaatan ta’uun ibsamuu danda’u.

Kana ilaalchisee, Melakneh (2006:65) “Simile is a figures of speech in which a comparison is expressed by the specific use of a word or phrase such as like, as , than, seem or favourite ‘as if’ jechuun kaa’a. Yaanni kun akkasaan jechoota akka, fakkaata, akka ,irra jedhaman muraasatti

fayyadamuu isaa ibsa. Akkasumas, Addunyaan (2016:208) “Akkasaan tajaajilli isaa ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta’e tokkoon wal-cinaa qabuun dhiheessuun akka salphaatti hubatamu gochuudha. Haala akkasii keessatti ‘X’n akka ‘Y’ jechuun baay’inaan jechoota **akka, hanga, fakkaata”** jedhaman fayyadama**.**

Fakkeenyaaf: Yaada kootu naan labaa,
Akka foolataa sa’aa,
Ofii koottan haasa’aa,
Foolii isaatu na waama,
Akka asheeta urgaa,
Akka bareeda durbaa.
Akka foon mataa dirraa,
Akka ansoolillaa birraa (Addunyaa, 2016:208)

Yaada walaloo kanaarraa kan hubatamu, gochaa yaadaafi foolataa sa’aa, asheeta urgaafi bareeda durbaa, foon mataa dirraafi ansoosillaatu waliin dorgomsiifame. Kunis, akkuma sa’a dhaluuf foolattuu lubbuu olii gadi joorsuu, yommuu yaanni namaa boqonnaa dhabee gola garagaraa keessa seenu hubachiisa.Yaadatu naan laba jechuun foolannaa sa’aa isa hawaasicha keessatti sirriitti beekamuun walbira qabamee ibsame. Akkasumas, yaanni wanti inni barbaadu, akkuma bareeda durbaa, foon mataa dirraa hawwuu isaafi akka ansoosillaa birraa qeensatti dibachuuf shamarran kufanii ka’anii barbaadan agarsiisa. Kana jechuun wanti walbira qabnee dhiheessinu tokko kan hawaasa biratti beekamaa ta’e ta’uu akka qabu ibsa. Karaa biraatiin, dubbii qolaa akkasaa kana yemmuu dorgomsiisnu walitti dhiyeenya wantootaan walbira qabuun kan madaalaa deemnuudha. Kunis, haala dubbisaa hawwachuu danda’uun ta’uu qabu. Kana ta’uu baannaan, dubbistoonni yaada burjaaja’e horachuu danda’u.

### 2.2.3.2.2 Iddeesaa

Iddeesaan gosa mala dubbii ta’ee, wantoota walhinfakkaanne lama waldorgomsiisuuf fayyadamuudha. Kana ilaalchisee Addunyaan (2016:209) irratti akka ibsetti, “Malli dubbii iddeesaa jedhu gaalee ‘iddoo isaa’ jedhurraa ijaaramee waan tokko guutummaa guutuutti amala waan biraa gonfachiisuun dhiyeessa. Gosti fayyadama afaanii kun karaa dhokataa ta’een wantoota waldorgomsiisa” jechuun ibseera.

Fakkeenyaaf: Sanyii kootu kanniisaa
Maafan argee gadhiisa?
Sanyii kootu gafarsa
Maafan bira dabarsa? (Addunyaa, 2016:209)

Yaada hayyuu kanaarraa kan hubatamu, qomoo isaa iddoo kanniisaafi gafarsaa buusee itti fayyadameera. Kunis, qomoon isaa akkuma kanniisaa gurmuun kan hojjetuufi si'aayinummaa kan qabu, waan gaarii ta'e tokkos kan hojjetu, akkuma gafarsaa ammoo cimina kan qabu ta'uusaatu hubatama.

Dabalataan iddeesaan wanta tokko wanta walhinfakkaanne yookiin walhinilaallanneen bakka bu'uu isaa ibsa. Kana jechuun wanti amalaan, bifaan, gochaafi kanneen biroon walhinqabanne bakka walbu'uun kan umamuudha. Iddeesaan wanti tokko waan biraa ta'uu isaa kan ibsuufi kan barreeffamni sun jedhe akka hintaane lafa kaa'a. Akkasumas, jechoota akka, amma, fakkaata, caala jedhaman hinfayyadamu. Innis, dorgomsiisaa wantoota walhinfakkaanneedha.Yaada kana ilaalchisee hayyuun Hudson (1980) akkas jechuun ibsa: "Metaphor is the transfered sense of a physical word; the personification of an abstraction;the application of a word or collocation to what it does not literally denote."Yaada kana irraas kan hubatamu iddeessi jecha yookiin mala yaada miira qaama keenyaa ittiin ibsinuudha. Gosti mala dubbii kanaa karaa dhokataa ta'een wantoota lama waldorgomsiisa. Yaaduma kana cimsuun Lawrence (1972:11) irratti akka kanaan ibseera.

> *This definition ties in with the notion of metaphor (one type of figurative language) as defined in traditional rhetoric. The word itself derives from the Greek "meta" expressing change, and "pherein" meaning "to carry"(In other words, metaphors involve a "carrying across" of meaning from one object to another.Thus, accomparison is made between two essentially dissimilar things by identifying one with the other.*

Yaada kanarraa kan hubatamu, jechi iddeessuu kun maddisaa Giriik yemmuu ta'u, wantoota gosaan walhinfakkaanne lama waldorgomsiisuun amala waan tokkoo waan biraan bakka buusuun ibsuuf kan tajaajiluudha. Kunis, ergaa waan dubbatamu tokko hubachuuf waan isa biroon bakka buufame sanarratti hundaa'uun kan hubatamuudha.

Malleen-dubbii itti fayyadama walaloo barreeffamaa keessatti iddeessuun amala wanti tokko qabu guutummaan guututti wantoota biroof kennuudha. Karaa biraatiin, Ricoever (1975:28) akka jedhutti,"Metaphor is possible only because of metaphor presents the polarity of the terms compared in an bridge form" jedha. Akka yaada kanaatti iddeessi wanta walhinfakkaanne lama walbira qabuun isa tokko ibsuuf isa tokko bakka buusuu akka ta'e ibsa. Yaaduma kana deeggaruudhaan Beekan (2015:244) yoo ibsu,"Bakka buusni/iddeessaan wantoota lama waliin

madaalaa kan ibsu ta'ee, guutumaan guututti amala waan tokkoo isa birootiin bakka buusuun waayee isa tokkoo ifa taasisuuf kan fayyaduudha," jedha. Fakkeenyaaf.

1. Namni seenaa uummata isaa hinbeekne bishaan gabateerrati.
2. Guutamaan gaachana ilmaati.

Fakkeenyota kanarraa kan hubatamu, namni waayeen uummata isaa itti hindhagahamne, bishaan gabateerra yaa'uun walmadaalchisuu isaati. Bishaan gabateerraa garuma oofanitti deema waan ta'eef, nama seenaa uummata isaa hinbeeknes kanumaan waldorgomsiiseera. Karaa biraatiin Guutamaa bakka gaachanaa buusee itti fayyadamuu isaatu hubatama. Gaachanni meeshaa lolaa kan diina ittiin ofirraa ittisan waan ta'eef, Guutamaa iddoo kana buusee itti fayyadameera.

Gama biraatiin Hayakawa (1974: 105) yoo ibsu, "The kinds of figurative language we use stems from the underlying values and assumptions of our culture or society: a well-understood metaphor in one culture may have entirely different meanings in another part of the world" jechuun barreesseera. Egaa yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu, iddeessuun malleen dubbii keessaa isa tokko ta'ee ergaa waan sanaa hubachuuf aadaafi safuu hawaasichaa sirriitti beekuufi hubachuun barbaachisaadha. Kunis, hiikni duraan beeknu sun yaada isa lammataa kana hubachuuf shoora olaanaa qabaachuu isaati.

### 2.2.3.2.3 Nameessa

Wantoota nama hintaane bineensota, lubbu-qabeeyyii, lubbu-dhabeeyyii waan namni godhu, dubbatu, yaadu akka waan nama ta'anii kana hundaa raawwatanitti gochuun nama fakkeessuun bifa itti dhihaataniidha. Kunis, dandeettii barreessaan barreeffama isaa keessatti calaqqisu irratti hundaa'a. kana jechuun dandeettii itti fayyadama malleen dubbii barreessichi qaburratti hundaa'a. Kanumaan walqabatee Addunyaan (2016:211) yoo ibsu,"Wantoonni akka namaatti beela'anii akka quufan, deemanii akka galan, ijaaranii akka diigan, kan taasisu itti fayyadama malleen dubbiiti" jedha. Kanaafuu, itti fayyadama malleen-dubbii keessatti amala namootaa, wantootaafi lubbu-qabeeyyii biroof kan kennuudha. Kanas, Addunyaan (2016:211) irratti yoo ibsu,"Nameessaan akkuma maqaa isaa lubbu-maleeyyii yookaan lubbu-qabeeyyii biroo amala namaa gonfachiisuudha. Haala kanaan, akka namaatti beela'anii akka quufan, deemanii akka galan, ijaaranii akka diigan, dhiyaatanii akka hiiqaniifi wkf akka dalagan kan taasisu fayyadama afaaniiti" jedha. Kanaafuu, itti fayyadama malleen-dubbii keessatti amala namootaa, wantootaa, lubbu-dhabeeyyiifi lubbu-qabeeyyii biroof kan kennuudha.

Fakkeenyaaf: 1. Haataa'u jedhee jaldeessi dhagaa garagalchee jedhan.

2. Naman ganna baase maaltu addaan baase jette raafuun.

Fakkeenyota kanarraa kan hubatamu, jaldeessiifi raafuun akkuma namaatti amala dhala namaa gonfatanii yommuu dubbatan mul'ata. Namoonni kallattiin dhimma dubbachuu barbaadan sana yoo dhiyeessan dhiibbaa isaanirra gahu jalaa miliquuf jecha bineensotaafi biqiltootatti dayeeffatanii ergaa isaanii akka dabarfatan hubachiisa.

Gama biraan, Fedhasaa (2013:98) maalummaa nameessuu yemmuu ibsu,"Nameessi dubbii qolaa wanta, horii, bineensaafi kan kana fakkaatan amala namummaa gonfachiisuun dhiheessuudha. Mala bineensonni ittiin amala ilma namaa wantoota biroo gonfachiisuun hojii isaanitti humna horaniidha" jechuun ibseera. Yaada kanarraa kan hubatamu, nameessuun wantoota adda addaa amalaafi dandeettii dhala namaa gonfachiisuun dhiyeessuu isaati. Yaaduma kana cimsuun Miller and Currie (1970:74) yoo ibsan,"Personification is a figure of speech in which an abstract idea, inanimate object, or aspect of nature is described as if it were human" jechuun ibsan. Kana jechuun waan dandeettii dhala namaa hinqabne tokko akka dhala namaatti fudhachuun dhiheesuufi akkuma dhala namaa jechoota garaagaraa walitti qindeessuun afaaniin dubbatanii amansiisuufi yaada isaanii ibsachuu akka danda'aniidha. Kanaafu, lubbu-qabeeyyiis ta'ee lubbu-dhabeeyyiin amala ilmi namaa qabu fudhachiisuudhaan dhimma itti bahuun nameessa akka ta'e hubachuun danda'ameera.

Gama biraatiin Myers (2008:37), "Personification is a way of speaking or writing in which inanimate object or abstractions given human qualities." Yaada kana irraa wanti hubatamu nameessi wantoota biroof amala namaa kennuun haasaa keessatti yookiin barreeffama keessatti dhiheessuudha. kun kan agarsiisu, barreessitoonni walaloo mala itti fayyadama malleen dubbii kanatti bal'inaan nigargaaramu. Sababni isaa, wantoota jiruufi jireenya hawaasaa keessatti nama muudatan kanneen akka gadda, gammachuu, quuqqaa, roorroofi wkf gatii calaqqisuufi. Maalummaa nameessuu ilaalchisee Miller & Greenberg (1991:66) irratti akkanatti ibsaniiru.

> *Personification is used in speech and writing for giving inanimate objects, abstract concepts or actions, human or near human characteristics, having the quality of metaphor since it is a metaphoric way of spicing up writing, and making the abstract more relatable. In it, distinctive human characteristics, e.g honesty, emotion, volition, etc., are attributed to an animal, object or ideas.*

Yaada kanarraa kan hubatamu, nameessuun barreeffamaafi dubbii afaaniin ta'u keessatti kan itti gargaaramnuudha. Kunis, amaloota wantoota qabatamoofi mul'achuu hindandeenyeef amala namaa akkeessuun gochaafi dandeettii dhala namaa kan namootaan ala ta'an kanneen akka bineensotaa, biqiltootaafi lubbu-qabeeyyiif kennuun bakka buusuun nameessuu jedhama. Malleen dubbii kana keessatti namaan ala kan ta'an yoo nyaatan, dhugan, yaadan, kolfan, taphatan, akkasumas gochoota namaa kan biroos yoo hojjetan kan mul'ataniidha. Yaaduma kana deeggaruun Beekan (2015:244) nameessuu akkanaan ibseera.

> *Nameessuun wanta amala namaa hinqabne amala namaa goonfachiisuun yaada dabarsuun barbaadame ibsuudha. Nameessuutti yogguu fayyadamnu lafti; mukti; bineensi; beeyladniifi kkf. akka namaa ta'u; nihaasa'u; wallolu; yaada dhiyeessu; wanta namni hojjatu hojjatu; gocha adda addaa raawwatu; gocha isaanii kanaanis ergaan darba. Fakkeenyaaf. 1.Rakkinnni alaafi manaa waliigalee nutti geerara. 2. Odaan gaaddisa isaa nurra diriirse; hadaan birraa ilillii ishee nurra facaafte.*

Fakkeenya tokkoffaa keessatti, rakkinni akka namaatti amala namaa fudhatee yommuu haasa'uufi akka namaatti geeraru hubachuun nidanda'ama. Fakkeenya lammaffaa keessatti ammoo Odaan mallaattoo Oromoo kan ta'e amala namaa gonfatee yeroo socho'uufi hadaanis yommuu akka namaatti hojjetu hubachuun danda'ameera.

### 2.2.3.2.4 Arbeessuu/ukukkubsuu

Waa'ee waan tokkoo dhugaan ta'ee olitti garmalee gurra guddisanii dubbachuudha. Askeessatti wantoonni garmalee guddifamanii ibsaman yeroo baay'ee kan ta'uu hindandeenyeedha. Karaa biraatiin, wanti garmalee guddisnee ibsinu kan gurra dubbisaa biratti dhugaa hinfakkaanneedha. Yaadonni bifa kanaan ibsaman jechoota wantoota ittiin ibsinu waliin kan deeman ta'uu qabu. Sababni isaa, dubbistoonni miira bareedaan simachuu kan danda'an waan ta'eefi. Yaaduma kana Addunyaan (2016:214) irratti yoo cimsu, "Arbeessuun waan tokko garmalee guddisanii dhiyeessuudha. Kunis jechuun, waan tokko guddisanii hanga arbaa taasisuu jechuudha." Fakkeenyaaf: Ililleen qaqaa harcaase.

Fakkeenya kanarraa kan hubatamu, namni tokko gammachuu isaa dhageessifachuun hanga barbaade ililchuyyuu qaqaan manaa akka hinharcaane hubachuun danda'ameera. Kanaafuu, dhimmoonni kun garmalee guddatanii yookaan xinnaatanii dhiyaachuun arbeessa jedhama. Kanumaan walqabatee Dean (2006:50) irratti akka keessetti "Hyperbole is exageration that is based in truth." Yaadni kun kan ibsu dhugaa jiru osoo hintaane olkaasuun yookiin irra dabarsanii

dhiheessuudha. Karaa biraatiin, ogbarruu kam keessattiyyuu akaakuun mala dubbii waan fayyadamuuf hiika bifa tokkoo kennuun rakkisaadha. Hayyuu dhumti kun dabaltee yoo ibsitu,“Arbeessuun akaakuu mala dubbii ta’ee gurra-guddisuun xiyyeeffannoo uumuuf nifayyada” jetti. Akka yaada hayyuu kanaatti, arbeessuun ogbarruu barreeffamaa keessatti yaada tokko yookaan barreeffama tokko xiyyeeffannaan akka itti kennamu kan godhu ta’uu isaa irraa hubanna. Walumaagalatti, malli dubbii kun walaloo keesatti bal’inaan waan argamaniif miira dubbistoota walaloo harkisuufi namoonni xiyyeeffannaan isaanii ogbarruu barreeffamaarratti keessumaa walaloowwan dhangala’oo irratti akka ta’u kan godhuudha. Sababni isaa, wanta hawaasa keessa jiru hunda kan mul’isu waan ta’eefi.

Yaaduma kana cimsuun Fedhasaan (2017:164) yommuu ibsu,“Dhaadhessuun waa’ee waan tokkoo dhugaan ta’ee olitti garmalee gurra guddisanii dubbachuudha.” Fakkeenyaaf: Namicha hamma birbirsaa ga’utu siwaama.” Yaada kanarraa akka hubachuun danda’amutti, waan tokko dhugaan jiruu olitti humnaa ol irra caalchisanii haasa’uutu mul’ata. Namni tokko hamma fedheyyuu yoo dheeraa ta’ellee hamma birbirsaa dheerachuu akka hindandeenye nimul’ata. Kun ammo dhugaa jiruun olitti humnaa olkaasanii dubbachuun mala dubbii arbeessuu jedhama. Dabalataan Fedhasaa (2017:164) yoo ibsu, “Busheessuun faallaa dhaadhessuuti. Waayee wanta tokkoo kan yaadameen gadi buusanii dubbachuudha.

Akkasumas, busheessuun humnaa ol gurra xiqqeessuudha,” jedha. Fakkeenyaaf: Namicha hamma indaaqqoo ga’utu siwaama. Fakkeenya kanarraa kan hubatamu, namni tokko hamma fedheyyuu gabaabaa ta’u, hamma hindaaqqoo gahuu hindanda’u. Kanaaf, waayee nama tokko dhugaa jiruun alatti isarraa gadi xiqqeessuun waamuun kineessuu ta’uu isaatu hubatama. Gama biraatiin, akka toora interneetii https://penandthepad.com/figurative-speech-5372289.html irraa argametti, mala dubbii ukukkubseen,“Understatement also known as litotes, is a form of expressing an idea by stating its opposite or downplaying its gravity or implications,” jedha. Yaada kanarraa akka hubatamutti, malli dubbii ukukkubseen faallaa arbeessuuti. Akkasumas, yaada waan tokkoo dhugaa jiruun gaditti gadi xiqqeessanii haasa’uudha.

### 2.2.3.2.5 Fakkoommii/Mallattoo

Mala dubbii walaloo keessatti wanta tokko yookaan dhugaa ta’e tokko karaa haala salphaa ta’een namni hubachuu hindandeenyeen yookaan wanta ifatti mul’atu tokkoon dhoksanii akkasumas, bakka buusanii ergaa dabarsuudha. Maalummaa fakkoommii Alice (1975:5) akkanaan ibseera.

> *Symbolism is a system of signs and as such–like language properly speaking-is a matter for semiology. But while language has its own signals which are only defined by their reciprocal articulations and their relation to linguistic meaning, symbolism uses as signals elements ,acts or utterances that exist and are also interpreted, independent of it*.

Yaada kanarraa akka hubatamutti, fakkoommiin akka mallattoo sirnaatti kan ilaalamu ta'ee, dhimma tokko wajjiin walitti hidhuun hiika kan argatu. Ta'us yommuu afaan odeeffannoo mataa isaa xinqooqaan walitti hidhate qabaatu, fakkoommiin akka caacculee mallattoowwaniifi gochaawwaniitti fayyada akkasumas nixiinxalama jechuudha. Yaaduma kana Melakneh (2006:146) yoo yoo cimsu " Symbolism is the representation of reality on one level of a reference by corresponding reality it is a dominant literary device in the poetry" jechuun ibsa. Kana jechuun, barreeffama walaloo keessatti mala dubbii fakkoommii kan jedhamu wanta dhugaa ta'e tokko kan yaada bal'aafi waan bal'aa ta'e bakka bu'uun dhugummaa waan sanaa kan mul'isuudha. Dabalataan, isuma (2006:65) kitaaba isaa keessatti akka kaa'utti, "Symbol is a thing could be an object, person, situation or action which stands for some thing else more abstract for example, our flag is a symbol of our country." Yaada kana irraa akka hubatamutti, malli dubbii kun wantoota, namoota, haalota yookiin gochaawwan kanneen yaadota hinmul'anne (abstract) ta'aniin kan darbuudha. Fakkeenyaaf: Alaabaan keenya mallattoo biyya keenyaati. Yaaduma kana Katz (1972) haala kanaan cimseera.

> *Symbolism were a form of meaning that only differed from linguistic meaning by the type of signals it used and if the set of symbols (of a given culture) constituted a language one should be able systematically to substitute certain simple or complex symbol for most symbol in most contexts as one can in language replace most words by adefinition.*

Yaada kanarraa kan hubatau, fakkoommiin sirna mallattoo yookiin bakka bu'iinsa yaadaa dhimma tokkoon walitti hidhatuufi hiika argatudha. Hiikni fakkoommiifi kan xinqooqaas garaagara ta'uusaa hubachuun danda'ameera.Yaada kana karaa biraatiin Melakneh (1999) akka kaa'utti, "Fakkoommiin meeshaa, nama, haalaafi gochaa kan kana fakkaatan irracaalaa wanta qabatamaa hintaane kan bakka bu'uudha. Fakkeenyaaf, alaabaan keenya mallattoo biyya keenyaati." Yaadni kunis akkuma barreessaan kun ibsetti, wantoonni lama akka jiraniidha. Irracaalaa ammoo, kan bakka bu'u sun yeroo baay'ee qabatamaa kan ta'eefi garuu arguu kan dandeenyu ta'ee kan bakka bu'ame garuu, yeroo baayee arguu kan hindandeenyeefi qabatamaa, fakkoomni ogbarruu yaada barreeffama ogbarruu keessatti kaa'uun kan walqabatuudha.

Kana ilaalchisee Myer (1999:215) yoo ibsu,“Malli dubbii ogbarruu barreeffamaa tokko keessatti akkamiin akka fayyadamneen kan murtaa’uudha,”jedha. Kana jechuun, barreessaan ogbarruu ergaa isaa halluun, meeshaan, maqaan, akaakuu fakkoommii bal’ina hiikaa irratti hundaa’uun kan qoodan jiraataniyyuu, mata-duree qorannaa kanaan kan walqabatu akka James (1997:760) qoodeetti ilaaluun nidanda’ama. Isaanis, fakkoommii waliigalaa, fakkoommii akka galumsaa, fakkoommii aadaa, fakkoommii dhuunfaa, fakkoommii dhaabbata tokkoofi fakkoommii ogbarruuti jedheet qoode. Isaan kana keessaa fakkoommiin ogbarruu tokko keessatti akkamiin akka fayyadamneen kan murtaa’uudha. Kana jechuun, barreessaan ogbarruu ergaa isaa halluudhaan, meeshaadhaan, maqaadhaan, yoomeessaafi kanneen biroon gara alkallattiin ibsuu danda’a. Kanaaf, fakkoommiin ogbarruu, fakkoommii kanneen biroo nidabalata.Walumaagalatti, fakkoommiin meeshaa, nama, bakka yookaan muuxannoo kan wanta biraa bakka bu’u, kan bakka bu’amu sunis yeroo baay’ee qabatamaa kan hintaaneedha. Fakkoommiin yeroo baay’ee wantoota yaada bal’aafi waan baay’ee ta’an bakka buusuun ittiin ibsinuudha. Akkasumas, barreessaan walaloo fakkoommiitti gargaaramee ergaa isaa halluun, meeshaan yoomessaafi kan biroon dabarfachuu danda’a.

Malli dubbii armaan olii kun wanta ijaan hinmul’anne yookin waan tokko waan mul’atuun bakka buusanii mul’isuu kan ibsamuudha. Yaaduma kana deeggaruun Yaadannoo (2014:90) ibsutti, “Dubbii qolaa kana keessatti wanti tokko waan  biraa bakka bu’ee mallatteessuun agarsiisuudha” jechuun hiika. Yaada kanarraa kan hubatamu, dhimmoota adda addaa keessatti waan tokkoof bakka bu’aa isaa kaasuun akka mul’atutti kaa’uun gosoota malleen dubbii keessaa mallatteessuu ta’a jechuudha. Fakkeenyaf, namni tokko osoo galma wayii fakkii isaa kaasee kan namatti agarsiisu ta’ee waan tokko bakka bu’ee isaa qaama biraatti agarsiisuuf kan tajaajiluudha.

Fakkeenyaaf:1. Erbee ciccitaa ofirraa buusee harka natty bal’ise.

2. Odaan mallattoo eenyummaa Oromooti.

Fakkeenya tokkoffaa keessatti ergaa isaa kan ilaallu yoo ta’e, akka Oromoon beekutti erbee ciccitaan mallattoo hiyyummaati. Kanaafuu, dhimmoonni akkanaa kun barreeffama keessattis ta’ee dubbii keessatti bal’inaan kan itti fayyadamnu waan ta’eef, malleen dubbii keessaa mallattootti dhimma bahuun kan danda’amu ta’uusaati. Fakkeenya lammaffaa keessatti ammoo Oromoon Odaa qabee, seenaafi aadaa ofii dubbata. Egaa Odaan saba Oromootiif mallattoodha jechuun danda’ameera.

### 2.2.3.2.6 Eemitii/Mitihee

Wanti raawwatamu dhugaa qabaatus haalli duubaan jiru faallaa isa jedhamuuti. Wantoota sirriifi sirrii hintaanetu walfaana hiriira jechuudha. Gama biraatiin, Shaw (1972:275) "Eemitii keessatti ergaan darbuu barbaadame kallattiin osoo hintaane karaa faallaadhaani. Hima yaada walfaallessu garuu kan dhugaa ta'eedha," jedha. Kana irraa kan hubatamu, gochi yookaan wanti eemitii keessa jiru kan wanta walfaallessu lama ofkeessaa qabaachuu isaaniiti. Barruu kana keessaa bakka muraasatti malli dubbii fuggisoo nimul'ata.

Haaluma kanaan Depryck (1993:79) irratti, "Starting from a series of seemingly perfectly acceptable and reasonable premises. A paradox leads to a conclusion that contradicts the foundation on which built" jechuun maalummaa gosa dubbii qolaa kana addeesseera. Akka yaada kanarraa hubatamutti, malli dubbii kun jechoota, gaaleewwan yookaan yaadolee waliif faallaa ta'anirraa uumama jechuudha. Eemitiin wantoota waliif faallaa ta'an lamaan yaada tokko keessatti ibsuu yoo barbaanne mala nu gargaaruudha. Kanumarraa ka'uun, Addunyaa (2005:83) eemitii yoo ibsu, "Wantoota walii faallaa ta'an lamaan yaada keenya ibsuu yoo barbaanne mala nu gargaarudha," jechuun ibseera. Fakkeenyaaf: a. Gurmuun osoo falmatuu gabroome. b.Inni osoo nyaatuu beela'a."

Fakkeenya tokkoffaa keessatti namni tokko mirgasaafi sabasaa kabachiisuuf osoo carraaquu gabrummaa keessatti kufuu isaatu hubatama. Silaa, namni mirgaaf falmu tokko diinasaa injifachuun bilisummaa argachuu qaba ture. Garuu, haalli kun waan isaaf hinmilkoofneef gabrummaa jalatti kufuu danda'uusaatu hubatama. Kanaafuu, jechoonni gabrummaafi bilisummaa jedhaman kun hiika faallaa kan waliif qabaniidha. Fakkeenya lammaffaa keessatti jechoota nyaachuufi beela'uu arganna. Kunis, namni waan tokko nyaatu hammuma fedhe yoo beela'es quufuun isaa waan ooluu miti. Garuu, isa kana keessatti namni tokko osuma nyaatuu quufuu dhiisee yemmuu inni beela'u arguun danda'ameera. Walumaagalatti, hima tokko keessatti jechoota waliif hiika faallaa qaban hima tokko keessatti walfaana fayyadamuun akaakuu malleen dubbii keessaa eemiti /mitihee akka ta'u hubatameera.

Yaaduma kana Addunyaan (2016:212-213) irratti yoo ibsu, "Jechi 'eemiti' jedhu 'eeyyeefi miti' jechoota jedhaman irraa uumaman. Jechoonni kunneen faallaa waliiti. Amaluma jechoonni kun dhuunfaan qaban faana bu'uun akka wantoonni faallaan lama wal-faana dubbataman taasisuun itti-fayyadamuudha,"jedha. Fkn. a) Biqilaan sun gatambayiidha.   b) Guutamaan qotaa deega.

Fakkeenyota armaan oliirraa kan hubatamu, wanti tokko akkuma gatameen biqiluun hineegamu ture. Akkasumas, akkuma kolfuun jiru gammachuun sababa jiruuf, boo'ichi kan gadda agarsiisu jiraachuu hinqabu ture. Kanaaf, warra faallaa walii ta'an yeruma tokko waliin jiraachisuun ergaa barbaadame tokko ibsachuun danda'amuu isaa nama hubachiisa jechuudha.

#### 2.2.3.2.7 Walqabsiisa

Malleen dubbii keessaa tokko ta'ee haala wantoonni adda addaa hawaasa biratti beekaman kanneen akka aadaa, safuu, amantii, duudhaa kan ittiin walqabsiifamanii ija barreessaatiin ibsamaniidha. Kunis, yaada hayyootaatiin yoo deeggaramu "Ogbarruu keessatti barreessaan yaada barreessu sana waan biroon walqabsiisee barreessuu danda'a. kunis, aadaan, siyaasaan, jiruufi jireenyaan, amantiin, haala uffannaan, iddoon ta'uu danda'a. Akka kanaan walqabsiisa iddoo saditti qooduu dandeenya. Isaanis: Walqabsiisa seenaa, walqabsiisa aadaafi walqabsiisa amantaati jedhu"(Fedhasaa, 2017:169).

Walqabsiisa seenaa barreessaan ogbarruu dhimma dhiyeessuu barbaade seenaa darbeen walqabsiisee addeessuu danda'a. Sana keessas dhaloota har'aa gurra buusa. Kan durii as fiduun kan har'aa xiyyeeffachiisa. Haala kanaan ergaa dabarsuu barbaade cimsata. Fakkeenyaaf, barreessaan tokko bulchiinsa sirnoota darbanii keessatti dhiibbaa ilmaan Oromoorra gahe yoo ibse, walqabsiisa seenaatti dhimma bahe jechuudha. Yaada kana cimsuun Fedhasaa (2013:8) Tuqxu-seenaan hojii hogbarruu keessatti waa'ee iddoo, namootaafi gochaa karaa mul'atuun yookaan alkallattiin wabii godhatee xuquun hojii biroo keessatti kan agarsiisudha" jedha.

Fakkeenyaaf: Inxooxxoo gubbaa dhaabbatanii

Caffee ilaaluun nihafee
Finfinnee loon geessanii
Hora obaasuun nihafee
Kora Dhagaa Araaraatti
Yaa'iin Gullallee nihafee
Hurufa Boombiitti
Jabbii yaasuun nihafee
Gafarsatti darbanii
Qoraan cabsuun nihafee
Bara jarri dhufanii
Loon keenyas nidhumanii
Bara Mashashaan dhufee
Birmadummaanis hafee. (Maddi uummata)

Walaloo kana keessatti dhimmoonni seenaa hawaasaa waliin walqabatan nimul'atu. Kana keessaa bara durii osoo Mootiin Minilik 2ffaa aangoo hinqabatin dura uummanni Oromoo Tuulamaa teessuma magaalaa Finfinnee kanarra jiraachaa kan turanidha. Haata'u malee, mootiin kun erga aangoo qabatee booda gara naannoo Tuulamni qubatee jiru kana dhufuun uummatarratti waraana banee uummata Oromoo dachee handhuurri isaa keessatti awwaalamerraa humnaan buqqisuu danda'uusaatu calaqqisa. Kanumarraa ka'uun, uummanni looniifi dachee gadhiisee yemmuu godaanu akka Hora geessee loon hora obaasuu hindandeenyeefi hurufa Boombiitti jabbii yaasuu akka hindandeenye walaloo kana keessatti bifa seenaa qabuun rakkoo yeroo sana isaanirra gahaa ture ibsataniiru.

Akkasumas yaa'iin kan taa'amuufi murtiileen adda addaa kan dabarfamu iddoo Gullallee jedhamutti akka tureefi erga mootiin Habashaa kun biyya isaanirraa humnaan isaan ari'ee booda achis walgahuun akka hindanda'amne kan ibsuudha. Rakkooleen akkanaa kun erga isaan mudateen booda loon isaanii akka dhumaniifi ajajaan humna waraanaa yeroo sanatti uummata keenya waraanaa tures erga biyya qabatanii booda birmadummaan Oromoo lafa isaarratti qabu guutumaan guututti akka bade ibsuuf walaloo kana uummatichi afaaniin itti fayyadameera. Seenaa ogbarruu tokkoo keessatti dhimmoonni aadaa hawaasaa calaqqisiisan ibsamuu danda'u. Kunis, walqabsiisa aadaa jedhama. Walqabsiisni aadaa ogbarruu barreessuu keessatti faayidaa guddaa qaba. Dhaloonni haaraan aadaa hawaasa duraanii akka hubataniifi nafeeffatan godha. Jireenya 'ammayyummaa' duukaa luucca'anii aadaa hawaasa isaanii akka hindaganne godha.

Fakkeenyaaf: Duruma durirraan
bar-dheeraan jalqabee,
Qabsoof jaarraa meeqa
darbee nu qaqqabee.
Jiidha kaasutti baatnee,
gara malkaa deemna.
Waaqa hundaa uumee
galata galfanna.
Dhoksaa biraa hinqabuum
Waa'een irreenfannaa,
Xibaara hinxibaarruu
Jawweedhaaf hinqalluu,
………………………(Fedhasaa, 2017:170)

Walaloo kanarraa kan hubatamu, duruma durii jalqabee aadaa Oromoo keessatti irreeffannaan raawwii adeemsifamu akka ta'e agarsiisa. Raawwii kana keessatti ammoo xibaarri raawwatamus

ta’ee seexana sooruun hincalaqqisu. Kun ammoo raawwiin irreechaa hunduu Waaqa uumaa galateeffachuu akka ta’e nama hubachiisa. Walqabsiisa amantaa kan jedhe kun isa Afaan Ingiliziitiin ‘biblical allusion’ jedhamee beekamudha. Qabannisaa waan amantiin qabanii ogbarruu barreessuudha. Sun ammoo kitaaba qulqulluu qofaa osoo hintaane, quraanaafi waaqeffannaa dabalachuu danda’a. Walqabsiisa amantii jechuun yeroo ogbarruu barreessan kitaaba ykn jecha amantii keessaa yaada fudhachuun walqabsiisanii katabuudha.

Fakkeenyaaf: …Adaraa kee jedha
Ijoollee koo tiksii
Koo qaroon isaanii
Gaadduu arjummaa kee
Irra gaaddiddeessii
Ayyaanaaf aangoo kee
Itti naaf uwwisii
Jedheetu kadhata
Nageenya qe’eesaaf
Mikaa’elii abdata…(Fedhasaa, 2017:171).

Walaloon armaan olitti dhiyaate kun guutummaatti walqabsiisa amantaati. Kunis, dhimmoota mana amantaa keessatti ta’uun walqabatee ergaa dabarsuu isaatu hubatama. Kun ammoo akka walqabsiisa amantaa isa jechisiisu ta’eera. Walumaagalatti, malli dubbii itti fayyadama walaloo keessatti kan namoonni yaada mataa isaanii, ilaalcha isaaniifi miira isaanii kan ittiin ibsatan fayyadama dubbii kanaani. Malli kun wanta tokko kan biraan waldorgomsiisuun, akkeessuufi fakkeessuun, kan nama hintaaneef amala isaa kennuun akka namaatti akka waan nama ta’eetti dhiheessuu, waan tokko garmalee xiqqeessuun yookaan garmalee guddisuun haala nama amansiisuu hindandeenyeen dhiheessuudha. Kana hundaaf humna kan qabu malleen dubbiiti jechuudha.

Barreeffama qorannoo kana keessatti irracaalaatti malleen dubbii gosa gosaan nimul’atu. Isaan kunis, miira dubbistootaatti kan dhihoo jiraniidha. Akkaataa jechoonni mala kanaaf qindaa’anillee miidhagina kan qabaniidha. Barreessitootaaf barreeffamni isaanii hawwataa akka ta’u godhu. Kana jechuun, barreeffama kana namni dubbisu akkaataa jechoonni mala dubbii uumuu danda’aniifi dandeettii barreessichaa jara kana irratti xiyyeeffachuu isaa hubanna. Kana malees, barreessaan malleen dubbii kana haala salphaa ta’een jechoota kallattii irraa maqaniin bifa hiika dhokataa dabarsuu danda’uun suuraa kaasuu danda’uun jechoota kalaqa barreessaa ta’aniifi haala galumsaan beekamanitti gargaaramuun namoota, wantoota naannoo, bineeldotaan

walqabsiisuun akkeessee, fakkeessee, amala kennee kan haala nama hawwachuu danda'utti kan dhiheessuudha. Kanaafuu, walaloo kana keessatti dhimmoonni seenaa waliin hidhata guddaa qaban achi keessatti waan ibsamaniif malleen dubbii keessaa tuqseenaan irra-jireessaan mul'atu ta'uusaati.

### 2.2.3.2.8 Habalaka/Agiboo

Habalakni mala dubbii yaada duraan dhugaan jiru tokko faallessinee agarsiisnudha. Fedhasaa (2017:161) waa'ee habalakaa akkaataa itti aanuun ibseera.

> *Habalalkni dubbii addummaa wanta fakkaatuufi dhugaan ta'e gidduutti mul'atuudha. Askeessatti wanti jedhamuuf ka'e isa jedhame miti. Hiikasaa hubachuun kan danda'amu waan barreessaan dhugaan jechaa jiruu sirriitti yoo hubatameedha. Hiikni himamu faallaa isa jedhameeti. Fakkeenyaf, mucaa waa balleesse tokkoon "Ishoo kormee koo jabaadhu!" yoo jedhan habalaka. Sababni isaa, balleessatti jajjabeessuun seera miti. Akka baay'ee hadheeffatan ibsuuf habalakaan kan dubbatanidha. Kanaafuu, habalakni yaada hiikaan faallaa ta'e qaba*.

Waraabbii kanarraa kan hubatamu, dhimma tokko karaa faallaa isaatiin dhaamsa tokko dabarsuuf kan itti gargaaramnudha. Kanaafuu, dhaamsi waan dubbatamu sanaa hiikni isaa faallaa isaa waan ta'eef xiyyeeffannoo guddaa itti kennuun barbaachisaadha.

Fakkeenyaaf: Ollaa wajjiin nagaa dhabi;
Mana baqadhuu bakkee labi;
Kan si obaase aannanii
Dhiiga obaasi yerooni;
Fira keetti nagaa dhaami;
Diinota keef waasii waami;
Hiriyootatti diina ta'i;
Kan si jibbuu waliin taa'i!
Jaalala waan jedhu
Ofirraa fageessi; (Fedhasaa, 2017:161)

Akka yaada walaloo kanaatti, wanti haasa'amuuf barbaadameefi wanti barreeffame faallaa akka ta'e agarsiisa. Akkasumas, dubbii keessatti qofa osoo hintaane barreeffama keessattis qaama nu bira hinjirre tokkoof karaa dhoksaa ta'een dubbistoota biraan ga'uuf kan tajaajilu ta'uusaatu hubatama. Raymond (1992) maalummaa gosa dubbii qolaa yoo ibsu,"Habalakni yaada ibsuu barbaadame tokko ifatti osoo hintaane, karaa faallaa isaa ta'een kaa'uudha. Kunis, yaada

dubbatame sanaan rakkoo nama mudachuu danda'u jalaa miliquuf kan gargaaruudha." Gabaabumatti, habalakni irra keessatti yaada tokko kan jaju, kan faarsu, kan deeggaru fakkaata. Garuu, hiikni yookaan keessi isaa yoo ilaalamu faallaa isaati.

### 2.2.3.2.9 Ateessa/ Hinjirree Dubbisuu

Ateessi waan nu bira hinjirre tokko akka waan nu bira jiruutti dhiheessuun kan itti gargaaramnudha.Yaada kana deeggaruun Isaaq (2003:10) irratti Zarihuun (1992:116) wabeeffachuun yoo ibsu, "Ateessi waan nu bira hinjirre tokko namas ta'ee namaan ala akka waan nu bira jiranii nu dhaggeeffataa jiraniifi deebii nuuf kennuu danda'anitti fudhachuun, gaaffii gaafachuun, marii wajjiin taasisuun, haasofsiisuu, qaaqsuu, gaddisiisuun yookaan kofalchiisuu irratti hundaa'ee mala dubbii uumamudha" jedha. Yaada kanarraa hubatamu, dhala namaas ta'ee lubbb-qabeeyyiifi lubbu-dhabeeyyii kamiyyuu kan nutti dhihoo hinjirre tokko akka waan nu bira jiruutti itti dubbachuufi haasa'uun kan danda'amuudha.

Fakkeenyaaf: Si beeka yaa Rabbii
Rabbi yaa gumgumaa
Yaa dhirsa hundumaa
Roobdee dhimimsitaa[magarsitaa]
Jeejee dhimimsitaa!(Isaaq, 2003:10)

Walaloo barreeffamaa keessatti yemmuu dhalli namaa uuman akka waan isa bira jiruufi dubbiisaa dhaggeeffachuu danda'uutti waa'ee Waaqaa yemmuu Waaqatti himu hubachuun danda'ameera. Kana jechuun namni Waaqa ijaan argee beeku jiraachuu baatullee Rabbi jiraachuusaa wantoonni lafarra jiran kun ragaadha. Haata'u malee , namichi kun dubbiin isaa kun Rabbi akka isa dhagahuuf kan dubbateedha. Kanaafuu, waan namatti dhihoo hintaane tokkoofi fagoo ta'anitti dubbachuufi haasa'uun ateessa  jedhamuusaati. Gosa malleen dubbii ateessaa ilaalchisee Yaadannoo (2014:84) yommuu ibsu, "Ateessi nama du'e, seenaa, waan lubbuu hinqabnetti ykn nama nu cinaa hinjirretti akka waan isaan dhaga'anii deebii nuu kennaniitti itti dubbachuudha. Yeroo baay'ee miira gaddaa, naasuufi aariin guutame keessatti kan itti fayyadamnuudha," jedha. Fakkeenyaaf.

1. Firri du'ee yeroo boo'an, "ebduukoo! Maal taate? Maal dallante?" jechuu
2. Yommuu waa rifatan, "Ebeluukoo!, Abbusheekoo!, Immusheekoo!,Ebeluukoo dhufe!

Fakkeenyota oliirraa kan hubatamu, firri nama jalaa du'ee yommuu boo'an, akka waan inni dhagahee nutti dubbachuun deebii ykn yaada nuu kennuu danda'uutti itti haasa'uudha. Gama

biraatiin Qajeelcha Qormaata Afaan Oromootiin (2001:58-59) yooo ibsu, “Jaalihoon mala dubbi [dubbii] kan waan nama hinta’iiniif amala namaa keennanii[kennanii]wajjiin dubbatan, abaaran, gaaffii gaafatanii, itti wawwatanfi kkf. fa’i.”

Fakkeenyaaf. Yaa bara ‘sabaa simmintii’

Daa’imni too kanan bara darbe gate sun jirtii?

Akka fakkeenya kanaatti, barri 1977 bara beelaa hamaa gara-jabeessa kan ta’eefi barri 1978 immoo bara gara-laafessa ta’uu isaa, gaddi guddaan kan haadha daa’imichaatti dhagahameefi barichillee dabarraan garaan daa’imicha gatame sana irraanfachuu waan dideef, gaaffii gaafachuun akka waan dhagahee deebii kennuufii danda’uutti waliin haasa’uun kan irraa hubatamu ta’uu isaati. Kanumaan walqabatee Fedhasaan (2017:168) yoo ibsu, “Dubbiin qolaa hinjirree dubbisuun nameessuun walqabata. Waan ijaan arguu hindandeenye tokko waamuudha. Fakkeenyaaf, namni tokko yoo rakkate, “Yaa tulluunnana na dhoksi” jedhee iyyata. Yaada kanarraa kan hubatamu, haala kana keessatti tulluun sun waan tokkollee isa dhagahaa hinjiru. Waan inni itti iyyate deebisee itti dubbachaa hinjiru. Waan inni itti dubbachaa jiru sun yaadaan malee qaamaan mul’atee sagaleen hindhagahamu waan ta’eef, namichi qaama isa bira hinjirretti dubbachuu isaa nutti agarsiisa.

## 2.3. Sakatta’a Qorannoo Aantee

Qorannoowwan kanaan dura gaggeeffaman mataduree kana waliin kallatiidhaan kan wal-fakkaatan Afaan Oromootiin hojjetaman nijiru. Anis qorannoo koo kana keessatti qorannoo kanaan walfakkaatu sakatta’uun ciminaafi hanqina isaanii walbira qabee xiinxaluun qorannoowwan afur (4) dubbisee yaada sirreeffamaa kaa’eera.

Isaaq qorannoo isaa (2003) mataduree, “Sakatta’a Haala Fayyadama Sadoommii Kitaaba Walaloo Mootii Qubeefi Kumee kumaatamaa” jedhu irratti kan xiyyeeffatu dhiyaateera. Qorannoon kunis, ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf kan gaggeeffame yoo ta’u, qorannoon Isaaq gaggeesse kun kutaa afuritti addaan qoodamee qoratameera. Kun ammoo qorannoo kana waliin kan garaagarummaa qabaniidha. Sabababni isaa, qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoodamee kan gaggeeffamedha. Akkasumas, adeemsi/tartiibni qorannoon Isaaq ittiin gaggeeffame qorannoo kanarraa garaagarummaa kan qabudha. Kunis, boqonnaa 1ffaa jalatti kaayyoo, ibsa rakkoo, faayidaa, daangaafi duubee kaa’e. Kun ammoo dhimma qorataan qorachaa jiruun walfakkeessa.

Ibsaan qorannoo isaa (2016) mataduree, “Qaaccessa Itti Fayyadama Malleen Dubbii Ogwalaloo Anaan’yaa Keessatti,” jedhurratti kan gaggeessedha. Qorannoon kunis, ulaagaa digirii lammaffaa (MA) gamisaan guuttachuuf kan gaggeeffamedha. Qorannoon kun boqonnaa shanitti qoqqoodamee kan dhiyaate yoo ta’u, qorannoo koo kana waliin kan walfakkaatanidha. Haata’u malee, matadureen qorannoo Ibsaafi kaayyoowwan qorannichaa kan waliin deemanii miti ykn ifa miti. Akkasumas, seenduuba jalatti kan dhiyaate qorannoo kanaaf seenduubee ta’uu waan danda’an hinfakkaatani. Akkasumas, yaadrimeefi yaaxxinni qorannoo Ibsaatiin walqabatu waan dhiyaatan hinfakkaatu. Kanaaf, qorannoo kana keessatti hanqinoonni garaagaraa argamuun isaanii qorannoon tokko kaayyoo qabatee ka’e osoo galmaan hingahiin karaatti hambisuu waan danda’uuf xiyyeeffannoon itti laatamuu qaba. Qorannoon Ibsaa ija maaliitiin akka qoratame kan hinbeekamneefi qorannoon koo garuu ija bifiyyeetiin kan dhiyaatedha.

Alamuun qorannoo isaa (2017) mataduree,“Xiinxala Gahee Dubbiin Qolaa Afaan Barsiisuu Keessatti Qabu: Xiyyeeffannoon Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa$12^{ffaa}$” Keessatti argamanirratti kan xiyyeeffatu yoo ta’u, qorannoon kun sadarkaa madaallii digirii lammaffaa (MA) gamisaan guuttachuudhaaf kan gaggeeffamedha. Alamuun qorannoo isaa kana boqonnaalee shanitti qoodee qorateera. Kun ammoo qorannoon qorataan qorachaa jiruun kan walfakkaatanidha. Haata’u malee, qorannoon kun lamaan kaayyoofi haalli qaacceffama isaanii garaagarummaa kan qabanidha. Yaadrimeefi yaaxxinni qorannoo isaatiin walqabatu hindhiyaanne waan ta’eef, kan ani qorachaa jiruun adda addummaa qaba. Kun ammoo kaayyoo qorannoon tokko qabatee ka’e gufachiisuu waan danda’uuf xiyyeeffannoon osoo itti kennamee gaarii ta’a.

Tafariin qorannoo isaa (2012) mataduree: Xiinxala Sadoommiiwwan Walaloo “Utuufi Mallii Maali” jedhu irratti kan xiyyeeffatedha. Qorannoon kun kan gaggeeffame ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf kan gaggeeffame yoo ta’u, dhimmoota mala dubbiin walqabatuufi haala qaaccessa malleen dubbii kanaarratti kan walfakkaatanidha. Kana malees, kaayyoon qorannoo kanaa, qorannoo kana waliin kan walitti dhufanidha. Garaagarummaan qorannoo kana lameen gidduutti mul’atu keessaa inni tokko duraa duubummaa qorannoon kun ittiin gaggeeffamanidha. Akkasumas, Tafariin qorannoo isaa keessatti kutaalee afuritti qoodee kan qorate yemmuu ta’u, qorannoon kiyya ammoo boqonnaalee gurguddoo shanitti qoodamee kan dhiyaatedha. Dabalataanis jechoonni inni itti gargaarameefi jechoonni ani qorannoo koo kana keessatti fayyadame garaagarummaa kan qabanidha. Ani qorannoo koo ija yaaxxina bifiyyeetiin kanan gaggeesse yoo ta’u, qorannoon Tafarii garuu yaaxxina ittiin qoratame hinqabu.

# BOQONNAA SADII

## 3. Malleen Qorannichaa

Qorannoon kun “Itti-fayyadama Malleen-dubbii Kitaabilee Walaloo *Miila Kaayyoo*fi *Maal Kolfa Dhaloonni*? keessatti: Ija Yaaxxina Bifiyyeetiin” jedhurratti kan xiyyeeffate yoo ta’u, ani qorannoo kana kanan gargaarame mala qorannoo akkamtaati. Sababni mala kana filadheefis, akkamtaan mala qorannoo tokko gadifageenyaan hubachuu irratti gahee guddaa kan taphatu waan ta’eefi. Haaluma kanaan, malli bu’uurri qorannoon kun ittiin gaggeeffame mala sakatta’a dookumantii ta’ee, ragaaleen funaanes mala qorannoo ibsaatti (qualitative descriptive method) dhimma bahuun qaaccesseera.

## 3.1 Iddattoofi Mala iddatteessuu

Irraawwatamtoonni qorannoo kanaa kitaabilee walaloo *‘Miila Kaayyoo’* jedhuufi *‘Maal Kolfa Dhaloonni?’* kan jedhaman filatamaniiru. Sababni isaa: kitaabilee walaloo Afaan Oromootiin barreeffamanii jiran keessaa matadureefi kaayyoowwan qorannoo kanaa waliin kan deemuu danda’an isaan kanaafi malleen-dubbii keessatti itti-fayyadama agarsiistotaatiin irra-caalaatti kan guutamanii jiran waan ta’aniifi. kitaabileen kunis, tooftaa iddatteessuu mit-carraa kan ta’e iddatteessuu akkayyoofi ammargeetiin filatamaniiru. Sababni malli kun filatameefis, ragaan qorannoo kanaaf barbaachisu kitaabilee kanneen keessaa argachuun nidanda’ama amantaa jedhuun irratti xiyyeeffatameeti.

## 3.2 Madda Ragaalee

Ani qorannoo kana madda ragaa sadarkaa 2ffaatti dhimma bahuun kan gaggeesseera. Kunis, kitaabilee walaloo ‘*Miila kaayyoo’* jedhuufi ‘*Maal Kolfa Dhaloonni?’* yoo ta’an, qorannooleefi kitaabilee matadurichaan walitti hidhatiinsa qaban akka madda ragaatti fayyadameera.

## 3.3 Mala Funaansa Ragaalee

Qorannoon kun xiinxala kitaabilee walaloo waan ta’eef, tooftaan funaansa ragaa qorannichaa kitaabilee eeraman lamaan sakatta’uudhaan kan raawwatamedha. Haaluma kanaan, ani qorannoo kana mala funaansa ragaalee jiran keessaa mala sakatta’a dookumantii/kitaabaatti fayyadamee gaggeesseera. Sababiin isaas, matadureen qorannichaayyuu itti-fayyadama malleen-dubbii walaloo*‘Miila Kaayyoo’fi ‘Maal Kolfa Dhaloonni?’* keessatti argaman ija yaaxxina bifiyyeetiin qaaccessuu waan jedhuuf, malleen-dubbii jiran funaanuun itti-fayyadama agarsiistotaafi gahee

ergaa/dhaamsa walaloo dabarsuu keessatti malleen-dubbii qaban xiinxalee ibsa irratti kennuun raawwadheera.

Kanaafuu, ani qorannoo kana itti-fayyadama malleen-dubbii kitaabilee walaloo filataman irratti kallattumaan sakatta'a matadureewwan walaloo filataman irratti waan gaggeessefi. Sababni qorataan matadureewwan walaloo kitaabilee filataman keessaa kan qorannoo kana keessatti qaacceffaman filatameef, kan waloon caalmaan malleen-dubbii keessatti agarsiistotaan kan guutamee argamu qofa itti gargaarame hojii kootiif ragaa nita'u kanan jedhu addaan baasuu waan ta'eef, akka kaayyoo kootti filatamaniiru. Ragaan kunis kan bahuu danda'e, kitaabilee walaloo filataman lamaan irradeddeebi'uun gadifageenyaan dubbisuun ragaalee qorannichaaf gargaaran keessaa fudhachuun qorannichaaf dhimma itti baheera.

## 3.4 Tooftaa Qaaccessa Ragaalee

Ragaan funaaname qabxiilee kaayyoo gooree qorannichaa jalatti caqafaman irratti xiyyeeffachuudhaan akkasumas, yaaxxina qorannoon kun bu'uura godhate wajjiin walsimsiisuun qaaccessee ibseera. Ani qorannoo koo walaloo *'Miila Kaayyoo'fi 'Maal Kolfa Dhaloonni?' keessatti: Ija Yaaxxina Bifiyyee"* irratti xiyyeeffachuun qorannoo koo gaggeesseera. Kana malees, qorannoon kun akka milkaa'uuf walaloo filataman kana keessatti itti-fayyadama malleen-dubbii walaloo filataman keessa jiran kanneen dhimma walfakkaatu qaban kophaa kophaa isaanitti akka dhimma irratti xiyyeeffataniin xiinxalamanii qaacceffamaniiru. Tooftaa qaaccessa ragaalee qorannoo kanaa keessatti ani fayyadame mala akkamtaa yoo ta'u, ragaalee sakatta'a dookumantiitiin argaman ibsa irratti kennuun kan qaacceffameedha. Sababni malli akkamtaa filatameefis, dhimmoonni qorannoo kana keessatti ka'an kallattiidhaan ragaa barbaachisu walitti qabuun qaaccessuu waan ta'eefi. Dhumarratti, ragaalee funaanaman bu'uura taasifachuun argannoo tokkorra akka gahamu ta'eera.

## 3.5 Qindaa'ina qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee gurguddoo shanitti (5) kan qoodamee dhiyaate yoo ta'u, boqonnaan tokko seensa qabata. Seensa jalatti kan hammataman seenduuba, ka'umsa, kaayyoo, faayidaa, daangaafi hanqina qorannichaatu dhiyaate. Boqonnaan lama immoo, sakatta'a barruuti. Sakatta'a barruu jalatti yaaadrimee, yaaxxina qorannichaa, barreeffamoota garaagaraa kanneen mataduree qorannichaa wajjiin deemaniifi hubannoon irraa argamuu danda'u irradeddeebi'uun dubbisuun mataduricha wajjiin walsimsiisantu dhihaate. Akkasumas, sakatta'a qorannoowwan aantee kitaabilee walaloo Afaan Oromoo irratti qorattoota garaagaraatiin gaggeeffame sakatta'uudhaan iddoo itti dhihaatedha. Boqonnaan sadii malleen qorannichaati. Kutaa kana jalatti iddattoofi mala iddatteessuu, madda ragaalee, mala funaansa ragaafi tooftaa ragaan itti xiinxalamee qaacceffametu dhiyaate. Boqonnaan afur ammoo qaacceessa ragaaleeti. Ragaan kan funaaname kitaabilee ibsaman irra-deddeebi'uun dubbisuudhaan malleen-dubbii jiran baasuudhaan raawwatame.

Sanaan booda, malleen-dubbii mul'atan, itti-fayyadama malleen-dubbii kanneen keessatti agarsiistota mul'atan agarsiisuufi gahee ergaa/dhaamsa walaloo dabarsuu keessaatti qaban gadifageenyaan xiinxaluun qaacceffameera. Boqonnnaa shanaffaa keessatti ammoo cuunfaa, argannoofi yaboon kaayyoowwan qorannoo kanaa sadaniin xiinxalamantu dhihaate.

## BOQONNAA AFUR


## 4. Qaaccessa Ragaalee

Boqonnaa kana jalatti ammoo qaacceessa ragaaleetu dhiyaate. Ragaan kan funaaname kitaabilee eeraman irra-deddeebi’uun dubbisuudhaan malleen-dubbii jiran baasuudhaan raawwatame. Sanaan booda, malleen dubbii mul’atan, itti-fayyadama malleen-dubbii kanneen keessatti agarsiistota mul’atan addaan baasuufi gahee ergaa walaloo dabarsuu keessatti qaban gadifageenyaan agarsiisee qaaccesseera.

### 4.1. Qaaccessa Malleen-dubbii Walaloo ‘*MIILA KAAYYOO*’

### 4.1.1. Ibsa Waayee Kitaabichaa

Iddoo kanatti kan dhiyaatu ibsa gabaabaa kitaaba ‘*Miila Kaayyoo’* yoo ta’u, kitaabni kun waloo Lataa Qana’ii Aagaatiin Waxabajjii, 2018 akka lakkoofsa Awurooppaatti kan maxxanfamedha. Kitaabni kunis, matadureewwan walaloo adda addaa 95 fi fuula 114 kan qabudha. Hiikni maturee kitaabichaas, yoo kaayyoo qabaanne miila kaayyoo keenyaas qabaanna. Miilli kaayyoo ammoo miila otuma takaalamuu deemuufi miila otuma dhiiguu fiigudha. Akkasumas, miilli kaayyoo gufuu daandiirraa garasitti tulluu kaayyoosaa ilaala. Kanaaf, rakkina hinsodaatu, hinjilbeenfatuufis jechuudha. Kitaaba walaloo *‘Miila Kaayyoo’* keessatti dhimmoonni hawaasummaa, seenaa, aadaa, safuu, duudhaa, afaan, ilaalcha, falaasama, waa’ee Oromummaa, siyaasaa, dinagdee, eenyummaa akkasumas, haala jiruufi jireenya uummata Oromoo irratti kan of keessatti hammatedha.




Fakkii 1: Kitaaba walaloo ‘*MIILA KAAYYOO*’ uwwisa fuulduraafi duubaa agarsiisu**.**

## 4.1.2. Qaaccessa Mala Dubbii Akkasaa

Akkasaan tajaajilli isaa ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta’e tokkoon wal-cinaa qabuun dhiheessuun akka salphaatti hubatamu gochuudha.

Fkn. 1)**Kobbee** koo-hiriyyee koo
Marartuu ***akka daa’imaa***
Otuu ati hinjirtu ta’ee
Maaliinan dhugaa himaa? (Lataa, 2018:1).

Waloon walaloo kana keessatti hammam akka kobbee isaa mararsiifatu ibsuuf daa’imaan walbira qabeera. Daa’imni argaan xubbee, qaamaan lallaaftuu, gorora bishaan taliilaa, barruu bixxillee qoorqalbii namaa hawwattuufi kolfi ishee kan hanga biiftuu ganamaa miira namaa gammachiisuudha. Haaluma kanaan kobbee isaan yoo barreesse, hamma daa’ima arge dhungatee mararsiifatu sana ta’a. Akkuma walaloo waayee Kobbee koo jedhu dubbate keessatti agarsiistonni ‘kobbeefi daa’ima’ jedhaman kun haala jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi waan waloon madda beekumsa isaa taasifateefi ittiinillee ijaarame ta’uu isaanii kan agarsiisanidha.

Fkn.2) Maqaan qeerroo yoo ka'u
Dhibeetu sitti dhufa
***Akka dhallaadduu*** lagaa
Qaama kee si hurgufa
Qilleessiyyuu si hudha
Kokkee keerra si taa'ee
Afaanii baastee tufta
***Bishaanuu*** sitti hadhaa'ee ( Lataa, 2018: 9)

Hammam akka namni tokko qeerroo balaaleffatu ibsuuf, dhallaadduu lagaa waliin walira qabeera. Dhallaadduun humna kan hinqabne, lallaaftuu hundee cimaa ittiin dhaabattu hinqabne, kan ejjennoo hinqabne, hundee cimaa ittiin gadifageeffattee dhaabattu hinqabdu, boqonnaa kan hinqabne, jeeqamtuu, kan faayidaafi gatii hinqabne,yeroo bishaan jiru bishaan keessatti olii gadi halkaniifi guyyaa osoo dhimma tokkollee hinqabaatiin socho'aa ooltee bultu sana ta'a. Qeerroofi bishaan ammoo waliif finnadha; isaan waldeeggaran sana ta'u.

Dhallaadduufi qaamni qeerroo jibbuufi balaaleffatu ammoo walfakkaatu, hiriyoota, waliin jiraatu, amalliifi gochaan isaanii hariiroo cimaa qaba. Akkuma walaloo waayee 'Qeerroo jechuun…' jedhu dubbate keessatti qeerroon, dhallaadduufi bishaan jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame/qindaa'e ta'uu ibsu. Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessatti qeerroofi dhallaadduun diina walii kan walhindeeggarre ta'uu kan ibsanidha.

Fkn. 3) Akka gaarri jigu beekta
Kanaaf cittee itti deemta
Saphaphuun daandee kee cufu
Beekta bulee akka kufu
***Mixiin*** bokoktee ***akka arbaa***
Si dhoowwitus karaa darbaa
Yoom gadi jettee lafaa kaasta?
Irra ejjettee badduu baasta(Lataa, 2018:35)

Hammam akka wanti tokko ta'uufi ta'uu dhiisu ibsuuf, mixii arbaan walbira qabeera. Mixiin ilbiisota xixiqqoo kan lafarra jiraattu, humna kan hinqabne, faayidaas kan hinqabne, guddachuu kan hindandeenye, tuffatamtuu abbumti fedhe lafatti irra ejjetee lubbuu ishee baasu sana ta'a. Arbi ammoo bineensota keessaa isa baay'ee guddaa kan yoo dadhabellee ciisuu hindandeenye, hirriibni yoo qabellee muka guddaa isaa ilaallatee itti hirkatee muguu isa danda'u sana ta'a. Mixiin garuu akkuma isaa ta'uuf yoo tattaafattu mul'ata. Akkuma walaloo wayee 'Miila Kaayyoo' jedhu dubbate keessatti agarsistonni mala dubbii 'mixiifi arbi' jiruufi jireenya

uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinis ijaarame ta'uu ibsu. Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessatti agarsiistonni 'mixiifi arba' jedhaman wanti xiqqaan tokko guddatee akkuma arbaatti yommuu mul'atu, boodarra garuu bakkaa baduun/kaafamuun/ isaa waan hinoolle ta'uu kan agrsiisanidha.

Fkn. 4) Galma ga'uu yoo feete
Sodaa kee ofirraa diigi
Karaa dhugaa qabadhuu
***Akka baaburaa*** fiigi.
Baaburri karaa dhiisee
Akkuma kufee cabu
As maqxee-achi maqnaan
Deemsi ke gatii hinqabu(Lataa, 2018:49).

Agarsiistuun mala dubbii kanaa ***akka baaburaa*** kan jedhudha. Baaburri haala jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddeefi waloon walaloo kanaas madda beekumsaa isaa godhate ittiin illee ijaarame akka ta'e agarsiisa. Akkuma mataduree 'Akka baaburaa…' jedhu keessatti dubbate hanga tokko baaburri waan jiruu magaalaa ibsu ta'ullee kanneen birootiin yoo walbira qabame garuu waan xiqqoo (bicuu) ta'aniif argama. Haaluma kanaan, namni sodaa qabu ofirraa balleessee karaa dhugaarra yoo deeme galma barbaade bira gahuuf akka baaburaatti fiiguu akka danda'u hubachuun nidanda'ama. Kana malees, akkuma baaburri daandii isaarraa maqee caccabu, namni xawalwaalleen olii gadi akka bishaan gabateerraa gara argetti yaa'u ykn ejjennoo hinqabne tokko kaayyoofi adeemsi inni qabatee jiru bu'aa tokkollee akka hinqabneefi bicuu ta'uusaati.

Fkn. 5) Oldeebitee oduu bocca
***Akka hantuutaa*** manaa wacca
Ganamni kee waayee durbaa
Galgalli kee waayee kubbaa.
Matadureen kee laga hince'u
Dhiiga kooyyuu qabda hinse'u.
Ilma sammuun ***akka raaree***
Guyyaan si dhalchen abaare!
…Ilma gadheef!(Lataa, 2018:56)

Waloon hammam akka abbaan ilma gadhee balaaleffatu ibsuuf hantuutaan walbira qabeera. Hantuutni ishee boolla keessa galtu, kan baadiyyaa jiraattu, oluma deebitee ishee manaa oduu odeessaa ooltu, isa oduu malee uummata isaaf hojjechuu hinbeekne sana ta'e. Hantuutni ishee mana keessa dhokattee qabeenyaa haadha hiyyeessaa balleessitu, mana keessa teessee galgalaafi ganama kan nama hamachaa ooltu sana ta'a. Akkuuma walaloo waayee 'Ergaa abbaa…'dubbate

keessatti hantuutniifi raareen jiruuf jireenya uummata baadiyyaa jiratanii kan agarsiisaniidha. Haaluma kanaan, hantuutniifi raareen jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsaa isaa godhate ittiinillee ijaarame ta'uu eeru.

Fkn.6) Mul'ata dulloomaa
Karoora harca'aa
Guddina gad deemaa
Jireenya manca'aa…
Furdina **akka arbaa**
Ulfina ***akka tafkii***
Sin barbaadduu laata?
Nu hinbarbaadnu lakkii!(Lataa, 2018:60)

Walaloo kana keessatti agarsistonni 'akka arbaa, akka tafkii' jedhaman walbira qabamaniiru. Arbi guddaa kan ta'e, bineensota keessaa kan hanga isaa guddatu kan hinjirre, nyaatallee kan hanga isaa nyaatu kan jiraanne, yoo dadhabellee kan ciisuu hindandeenye, hirriibni yoo isa qabe muka guddaa isa baachuu danda'u ilaallatee itti hirkatee kan muguufi isa garaaf jedhee du'u sana ittiin ibsuufi. Tafkiin ammoo ilbiisota keessaa kan dhiiga namaa xuuxxu, kan boqonnaa gaarii nama dhorkitu, ulfaatinni isheellee hanga huubaa kan geessu, halkaaniifi guyyaa dhiiga hiyyeessaa kan unachaa lafattis tufaa ooltu sana ta'e. Isa jireenyi isaa baadiyyaa jiraatu sana ibsuufi. Kanaafuu, akkuma walaloo waayee 'Hinbarbaadnu' jedhu keessatti dubbate, arbiifi tafkiin jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessaa kan dhufaniifi wanta waloon walaloo kanaa burqaa beekumsa isaa taasifate jiruu baadiyyaa kanneen ibsaniidha.

Fkn. 7) ***Jireenyi*** kee bareedee
Yaa urgaa'u ***akka shittoo***
Ishee si hamattu immoo
Hidhiinshee haata'u ***cittoo***
Dallaan kee ameessaafi korma
Balballi kee immoo jabbii
Bokkaa nagaafi gammachuu
Sirratti haa roobsu rabbi!(Lataa, 2018:66)

Agarsiistonni mala dubbii kana keessatti mul'atan 'jireenya, shittoofi cittoodha. Waloon hammam akka jireenyi nama tokkoo gaarii ta'e ibsuuf shittoodhaan walbira qabeera. Shittoon jireenya Oromoo keessaa kan madde ta'ee, kan urgaan isaa halaalarraa nama waamu bareedaa sanaafi wanta waloon burqaa beekumsa isaa taasifatee ittiinis ijaarame agarsiisa. Kun ammoo hanga tokko shittoon waan jiruu magaalaa waan ibsan ta'ellee kanneen birootiin yommuu walbira qabamu garuu waan muraasa(xiqqoo) ta'eef argama.

Akkasumas, ishee sihamattu hidhiinshee haata'u **cittoo** kan jedhu ammoo hammam akka hamattuu jibbu balaaleffachuuf jireenya isaa cittoodhaan walbira qabeera. Cittoon waan jiruu baadiyyaa agarsiisu ta'ee kan daaraa keessa jiraatu, kan nama hooksisuufi nama nyaatu jireenya yartuu sana ibsuufi. Kanaaf, akkuma walaloo 'abbaa dilbii' jedhu keessatti dubbate shittoofi cittoon jiruufi jireenya hawaasa Oromoo kan magaalaafi baadiyyaa keessaa maddan sanaafi kan waloon madda beekumsaa isaa godhatee ittiinis qindaa'e sana kan agarsiisaniidha.

Fkn.8) Bifti kan kee
***Akka namaa-akka Rabbii***
Hojiin kan kee
***Akka sa'aa-akka jabbii*** (Lataa, 2018:67)

Walaloon olii kun 'Machiin wayii…' jedhu keessaa kan fudhatameedha. malli dubbii akkasaa jedhamu walaloo kana nijira. Innis, jecha 'akka' jedhutti gargaaramuun nama tokkoo ibsuuf, 'bifti akka namaa-akka rabbiifi hojiin isaa akka sa'aa-akka jabbii' kan jedhutti fayyadameera. Kana jechuun wanta tokko bifa isaatiin namaafi Rabbi waliin yommuu waldorgomsiisuufi hojiin nama tokkoo kan akka sa'aafi akka jabbii kan homaa hinbeekne ta'uusaa mala dubbii akkasaatti fayaadamuun dhiyaateera. Kanaafuu, namoota kana isa kaan waliin waldorgomsiisuun kan dhiheessu waan ta'eef, malli dubbii akkasaa jedhamu as keessatti kan mul'atu ta'uusaati.

Fkn.9) Gargar facaanee miti
***Akka ilmoolee bofaa***
Abjuun kan nuuf dhugoomtu
Yoo tokko taane qofa
Hundee mo'ichaarratti
Akka dhaabbannu ***hiiroo***
Gosa ilaalcha yaadaatiin
Walhinqoodinaa dhiiroo(Lataa, 2018:71)

Waloon hamma tokko uummata Oromoo waljibbee walirraa baqatu sana ibsuuf ilmoolee bofaatiin walbira qabeera. Ilmooleen bofaa tokkummaa hinqabdu. Hanqaaquu bofaa keessa ilmoolee kumaatamatti lakkaa'amantu argama. Gaafa haati ishee hanqaaquu tokko cabsitee ilmoolee ishee muraasa keessaa baaftee lafa keessi. Warra hafan gaafa baasuuf jettu warreen dura yaa'an sun fiiganii gara bosonaatti galu. Haati isaanii warra bosona seene gaafa barbaacha fiigdu warri osoo hanqaaquu keessaa hinyaa'iin hafan ammoo achuma keessatti dhumanii hafu. Akkuma walaloo 'Gaaffiifi deebii' jedhu keessatti dubbate ***'akka ilmoolee bofaa'*** kan jedhu jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon walaloo kanaa madda beekumsa isaa taasifateefi ittiin illee akka ijaarame kan hubachiisanidha. Kanaaf, haawaasni

Oromoo tokkummaafi waldhageettii yoo hinqabaanne akkuma mana hiiroo (utubaa) malee dhaabachuu hindandeenyeefi akkuma ilmoolee bofaa sana walirra baqachuun, waldheessuun, waldhagahuu dhabuun dhumni isaa badiifi kufaatii ta'uusaa nama hubachiisa.

Fkn.10) Kan faayidaa hinqabne
***Akka gu'aa muchaa***
Maaf qilleensa galchee
Gurra keenya duuchaa?(Lataa, 2018:83)

Waloon hammam hawaasa keessatti nama faayidaa tokkollee uummata isaatiif hinbuusne sana ibsuuf, ***'gu'aa muchaatiin'*** walbira qabeera. Gu'aan muchaa kan aannan baasuu hindandeenye, kan tajaajila kennuu dhaabe, yeroo barbaadametti kan bu'aan irraa hinargamne sana ta'e. Haaluma kanaan, gu'aan muchaa jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessaa kan maddeefi waloonif wanta burqaa beekumsa isaa godhateefi ittiinillee ijaarame sana kan eeruudha. Kun ammoo kan agarsiisu, namni tokko dhimma dhuunfaa isaa galmaan gahachuuf jecha faayidaa itti waamni isaa uummataaf kan hintaane, afaan damma dibatee kan dubbachaa ooluufi bu'aan inni buuse kan hinjiraanne ta'uusaati.

Fkn.11) Galma kee qaqqabuuf
Yoo geessu walakkaa
Qaqawwisuu samii
Harca'uu bakakkaa
Qilleensa huursee darbuuf
Hingadhiisiin bakka
***Akka abaluun sirbaan***
***Morma nama yakka!***(Lataa, 2018:103).

Hammam namni tokko waan gochuu hindandeenye gochuu isaa ***sirbaan*** walbira qabeera. Mammaaksi, 'Akka abaluun sirbaan morma nama yakka!' jedhu jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessaa kan burqeefi waloonis wanta burqaa beekumsa isaa taasifatee ittiinillee ijaarame sana kan ibsanidha. Akkuma walaloo waayee 'Morma nama yakka' dubbate keessatti namni tokko kaayyoo qabatee ka'e tokko galmaan gahachuuf, jireenya isaa haalaan moo'achuuf, ejjennoon sodaa tokko malee yoo hojjete jijjiiramuufi guddina ariifachiisaa argamsiisuu nidanda'a.

Haata'u malee, namni tokko waan raawwachuu hindandeenye tokko akka ollaatti yookiin akka nama biraatti buluu akka hindandeenyeefi siyaas-dinagdeenillee akka miidhamuu danda'u. Kunis, yoo hijjetan hojjechuudha malee akka namni ta'en ta'a jedhanii namatti of-fakkeessuun, akkeessuun, jireenya namaarratti kan dhiibbaa fidu ta'uusaatu hubatama. Walumaagalatti,

agarsiistonni mala dubbii akkasaa keessatti dhiyaatan armaan olii hundi, jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame ta'uu eeru.

### 4.1.3. Qaaccessa Mala-dubbii Nameessaa

Wantoota nama hintaane bineensota, lubbu-qabeeyyii, lubbu-dhabeeyyii waan namni godhu, dubbatu, yaadu akka waan nama ta'anii kana hundaa raawwatanitti gochuun nama fakkeessuun bifa itti dhihaataniidha. Kun ammoo fakkeenya isaa wajjiin armaan gaditti qaacceffameera.

Fkn.1) ***Joobirri*** inuma fiigdi
Utuu ***bofti*** mammaaktuu
Ooltee bubbulti malee
Dhugaan galma hinhankaaktu(Lataa, 2018: 48)

Waloon hammam akka dhugaan iddoo qabu ibsuuf, joobiraafi bofa walbira qabeera. Joobirri nykn risaan allaattii allaattii caalu foon malee kan hin-nyanne, ajjeesee humnaan qabateefi butee nyaata malee waan du'e jechuunis raqa kan hin-nyaanne sana ta'a. Bishaan keesssaallee kan qurxummii qabatee nyaatu, cimaa kan fagootti argee fageenyarratti butee sokkuufi gaaddidduun isaa yoo namarra bu'ellee akka aadaatti waa ta'a jedhamee amanama(Akka tasaa osoo itti hin-yaadamiin yoo dhukkubsate ta'e). Akkasumas, joobirri kan humnan qaba jedhee isa kan biraatti roorrisu yerooisaatu namarraa kaasa malee nama miidhuu hindanda'u.(Ofiisaa deema, godaana, baqata, manca'a jechuudha). Bofti kan miila hinqabne garaachaan lafarra loowu, kan nama hidduu danda'u kan summii nama ajjeesu qabu sana ta'a.

Akkuma walaloo waayee 'Gadaa' jedhu dubbate keessatti joobirriifi bofti jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame ta'uu kan eeranidha. Haaluma kanaan, agarsiistonni armaan olii kun lubbu-qabeeyyii biroon kanneen akka  joobiraa jireenya isaa gaggeeffachuuf yommuu fiiguufi bofti ammo akkuma namaatti amala namaa gonfattee yeroo mammaaktu nimul'ata. Ergaan karaa kanaan darbus namni dhaamsa isaa karaa kallattiitiin dabarsuu hinbarbaanne tokko karaa alkallattiitiin joobiraafi bofatti qabatee amala namaa gonfachiisuun dhugaan hawaasa tokkoo kan dhokatee hafe akkuma marsaan Gadaa waggaa afurtamaan naanna'ee dhufu sana namni ani humnan qaba jedhee dhugaa hawaasaa dhoksu yeroo isaa eeggatee kan badu, godaanu ofumaa f deemuufi dhugaan galma gahuu danda'uu kan agarsiisanidha.

Fkn.2) Yoo baay’ina hinqabaanne
***Bubbeen fagoo nu geessa***
Moo’achuus hindandeenyu
***Dhiibbaafi dhiittaa qilleensaa***
Burqaan miidhagina keenyaa
Baay’ina keenya keessa(Lataa, 2018:55)

Hammam akka baay’inni saba tokkoo murteessaa ta’e ibsuuf, bubbeefi qilleensaan walbira qabee waldorgomsiiseera. Bubbeen kan kalltt ii argaetti deemuufi bubbisu, callisee kan mukkeen raasu boqonnaa kan hinqabne kan olii gadi deemaa ooltu sana ta’a. Qilleensis sakarkaan isaan bubbeedhaan irr jiran walhaacaalu malee tokkuma. Kan namatti bu’u, osoo hinbarbaadiin kan nama barbaadu, osoo hintuqiin kan dubbii barbaadu sana ta’a.

Akkuma walaloo waayee “Gatii qaba hundumrtuu” dubbate keessatti bubbeefi qilleensi jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate ittiinillee ijaarame ta’uu kan agarsiisanidha. Haaluma kanaan, agarsiistonni armaan olii kun jiruufi jireenya Oromoo keessatti baay’inni uummataa bu’aan inni qabu olaanaa maal akka ta’eefi namoota baay’ina saba tokkoo jibban, kan saba dararan, dhiitan, cunqursan ittiin ibsuuf amala dhala namaa bubbeefi qilleensa gonfachiisee dhiyeesseera.

Kanaaf, ergaan gama kanaan darbus sabni bay’ina hinqabne roorrifamaa kan yartuun itti taphattuufi akka barbaadanitti ergatanii, reebanii ajajachuun gochuu akka danda’amuufi dhiibbaafi dhiittaan akkasumas, dhaanichiifi reebichi  kan itti baay’atu ta’uu kan agarsiisanidha. Kanaaf, maddi miidhagina dhala namaa baay’ina saba isaa waan ta’eef, dirree qabsoorratti moo’achuus ta’ee moo’amuuf murteessaa waan ta’eef, saba baay’ina hinqabne dhalli namaa olii gadi godhee yeroo weeraruu, cunqursu isa hawaasa keessatti mul’ataa tureefi ammas mul’ataa jiru kan ibsanidha.

Fkn.3) Gaarii godhee jiraachuuf
Utuu na yaaduu dhaqni
***Funyoo*** hamminaafi jibbaatiin
***Na hidhe laftiifi namni***
Abjuu koon arga jedhee
Utuun hongeetti baquu
Qolee koo gadi qabuu
***Gudeelcha*** narra naqu(Lataa, 2018:57)

Hammam akka namni deebi'ee nama miidhu ibsuuf, funyoo, lafaafi nama walbira qabeera. Funyoon wadaroo ykn fooyaa kan ittiin hojii hidhan, akka inni iddoo tokkoo gara iddoo biraa hindeemne kan ittisu, kan rakkisu,kan beelessu, kan miidhu, kan huuqqisu sana ta'a. Na hidhe laftiifi namni yoo jedhu ammoo lafti kan irra jiraatan, kan daba namatti yaadu, gidiraa yaadu, nama waliin waliigalee deebi'ee kan nama cunqursu sana ta'a. Namni ammoo isa namatti diina ta'u kan nama reebu, nama hidhu, namamiidhu sana ta'a. Akkuma walaloo waayee "Bakka gubaan hinjirre" dubbate keessatti funyoo, laftiifi namni jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame ta'uu addaan baasu. Haaluma kanaan, agarsiistonni armaan olii kun jiruu Oromoo keessatti namni tokko waan gaarii ta'e tokko hojjechuuf yommuu dubbatu nimul'ata. Nama waan uummataaf ta'u dalaguuf carraaqu, dhaqni isaa sirriitti yeroo yaadu, funyoo(fooyaa) hamminaatiifi jibbaatiin yommuu lafti isa hidhuufi nama biraan isa hidhu(dhiibbaa irraan gahu) amala namaa gonfatee mul'ateera. Namni halkaniifi guyyaa uummata isaaf hojjetu tokko yeroo gidirsamu, hacuucamu, cunqursamu, weeraramu, dhiitamuu, waanjoo gabrummaa keessatti kuffisuuf tattaafatamu kan ibsanidha.

Fkn.4) ***Qalbii*** micciirramee
Jiraa nama soofu
Egeree diigamee
Du'atti nama hoofu
Mul'ata dulloomaa
Karoora harca'aa
Guddina gadi deemaa
***Jireenya*** manca'aa(Lataa, 2018: 60)

Hamma akka karoorri barbaachisu ibsuuf, qalbiifi jireenya walbira qabeera. Qalbiin kan hundaa addaan baasee hubatu, kan haalaan argu, hubataafi ilaalaa addaan baasaa, waan boru dhufu fuulduratti kan argu, karoora qabu, kan gaarii namaa yaadu sana ta'a. Jireenyi kan ijaan hinmul'anne, kan ittiin jiraatan, gaariis yaraas isa ta'u, gadi adeemaa ykn manca'aa, ifaajaa sana ta'a. Akkuma walaloo waayee "Hinbarbaannu" dubbate keessatti qalbiifi jireenyi jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate ittiinillee ijaarame ta'uu agarsiisu.

Haaluma kanaan, agarsiistonni armaan olii kunneen jiruu Oromoo keessa wanti lubbuu hinqabne amala dhala namaa gonfatee yeroo qalbiin nama miidhu, egereen yommuu du'atti nama geessu, mul'anni kan ijaan hinmul'anne yeroo akka namaatti dulloomu, karoorri akka namaatti iddoodhaa iddootti kan socho'u guddinni yommuu quucaruufi jireenyi akkuma dhala namaa

dhiibbaafi gidiraan yoo irra gahe kan manca’u ykn kan baduufi kan akka namaatti godaanu ta’uu kan ibsanidha. Ergaan gama kanaan darbuuf yaadames, namani dhimma dabarfachuu barbaade tokko wantoota garagaraatti isaan lubbu-qabeeyyiifi lubbu-dhabeeyyii ta’an amala namaa gonfachiisuudhaan bakka namaa bu’anii yommuu dhiyaatan nimul’ata. Akkasumas, namni qalbii hinqabne jireenyi isaa du’aafi jireenya gidduu akka ta’eefi fuuldurri isaas badii ta’uusaati. Kana malees, namni karoora hiixataa hinqabne tokko jireenyi isaallee gaduma deemaa kan deemu, jijjiiramaafi fooyya’iinsa kan hinagarsiisne rakkina kan ibsanidha.

Fkn.5) Mareedhaan jabaatanii
Gareedhaan galma ga’u
Ani akkasiidhaa dhiisnee
Gochuu qabna akka ta’u
Koottaa wal-mari’annaa
Warri abbaa-warri ilmaanii
Garaan, ***dhagaan nyaadha*** *jennaan*
***Jetteeree jedhe ilkaani***(Lataa, 2018:87)

Hammam akka tokkummaan barbaachisu ibsuuf, garaafi ilkaan walbira qabeera. Garaan kan waan itti kennan, waan baadhu jedhaniin qofa baatee taa’u, danda’aa, kan dubbatee hindubbachiisne callisaa sana ta’a. Waan gaariis ta’ee yaraa waanuma hundumaa baatu isa dhagaallee ta’u nyaachuu hawwu kan nyaatumaaf qofa jiraatu sana ta’a. Ilkaan ammoo kan kolfee gaara seeqqachiisu, kan waan hunda ofitti harkisuuf yaalu, adii weecaa kan waan arga hunda nyaachuu hinbarbaanne kan nyaataaf hinduune sana ta’a. Akkuma walaloo waayee “Baay’ee nama rakkisa” dubate keessatti garaafi ilkaan jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate ittiinillee ijaarame ta’uu eeru.

Haaluma kanaan, agarsiistonni armaan olii kun jiruu Oromoo keessatti adeemsa Oromoon waliin mari’atee gurmuudhaan galma gahu, wanta gochuu qaban akka godhan walwaamanii mari’achuun jireenya isaanii yommuu gaggeessan keessatti dhagaafi ilkaan warri lubbuu hinqabne amala namaa gonfatanii yeroo haasa’an, yeroo nyaataniifi yaadas deebii waliif kennan nimul’ata. Kun ammoo, garaan dhagaan nyaadha jedhee yeroo ilkaan heyyama gaafatuufi ilkaan ammoo jetteeree? jedhee yommuu wanta garaan jedhe dubbatu kan nimul’ata. Kun ammoo hawaasa keessatti namni tokko dhimma uummata isaa dhiisee nyaatumaaf kan jiraatuufi namni kan biraan ammoo kaayyoon inni jiraatuuf nyaatee buluu qofa osoo hintaane dhimma uummata isaatiif mari’atee mari’achiisuun rakkoo hawaasa isaa furuuf dhiphatu kan ibsanidha.

Fkn.6) ***Adurreen*** naqatamnaan
***Hantuutni*** cidha yaati
Abbaan horii yakkamnaan
Hattuun bilisa baati.(Lataa, 2018:102)

Hammam akka namni diina walitti ta'u agarsiisuuf, adurreefi hantuutaan walbira qabeera. Adurreen ishee xiqqoo kan mana galtu adamsituu sana ta'a. Hantuunni ammoo kan lafa qottee boolla keessa jiraattu, kan qabeenyaa namaa balleessu, qalqalloo urtu, gumbii urtee callaa keessaa dhangalaastu, waanuma hundaa kan kukkuttee mancaastu sana ta'a. Akkuma walaloo waayee "Dubbii akkanaa" dubbate keessatti adurreefi hantuutni jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame sana agarsiisu.

Haaluma kanaan, agarsiistonni armaan olii kunneen jiruu Oromoo keessatti adeemsa waliin jireenyaa keessatti diina walii ta'uu isaanii kan ibsanidha. Hawaasa keessatti namni waliif birmatu gaafa rakkinaa, gaafa gaddaa, gaafa gammachuu walbira dhaabachuun, gaafa cidhaa waltumsuurrati uummanni Oromoo diina walitti ta'uu isaa kan agarsisanidha.

## 4.1.4. Qaaccessa Mala-dubbii Iddeessaa

Iddeesaan gosa mala dubbii ta'ee, wantoota walhinfakkaanne lama waldorgomsiisuuf fayyadamuudha. Akkasumas, malli dubbii iddeesaa jedhu gaalee 'iddoo isaa' jedhurraa ijaaramee waan tokko guutummaa guutuutti amala waan biraa gonfachiisuun dhiyeessa. Gosti fayyadama afaanii kun karaa dhokataa ta'een wantoota waldorgomsiisa jechuudha.

Fkn.1) Qeerroo jechuun ***dawaadha***
***Qoricha dhukkubsataa***
Kan hincabne-hindabne
Irreefi humna uummataa…
Kan shokoksaa hinsodaanne
Kutataa akka bineensaa
Gaaddisa qonnaan bulaa
Wabii ilmaan hiyyeessaa!
Otuma gad qabanii
Ol jedhee kan mul'atu
Abdiifi ***arraba*** ta'ee
Saba isaaf kan dubbatu (Lataa, 2018:9)

Waloon hammam akka qeerroo mararsiifatu ibsuuf, qorichaafi arrabaan walbira qabeera. Qorichi yoo dhukkubsatan kan nama fayyisu, kan jireenyaafi fayyaa nagaa namaaf kennu sana ta'a. Arrabni ammoo kan ittiin dubbatan isa malee dubbachuun,nyaachuun, dhugaafi waan hundaa

haasa’anii galma barbaadan kan ittiin gahan saana ta’a. Akkuma walaloo waayee “Qeerroo jechuun…” dubbate keessatti qorichiifi arrabni jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame ta’uu kan eeranidha. Haaluma kanaan, agarsiistonni armaan olii kun jiruu Oromoo keessatti qeerroon saba isaatiif wiirtuu dugdaa ta’uusaa, akkuma dawaan nama dhukkubsate fayyisu, qeerroonis kanatti fakkeeffamuun amala dawaa guutumatti fudhateera. Qeerroon nama rakkate cinaa dhaabachuun kan gargaaru irreefi humna cimaa ta’ee uummata isaaf kan loluufi qabsaawu gootaafi shokoksaa tokkollee kan hinsodaanne, gama hojii qonnaatiinis qonnaan bulaa kan deeggaru, lafti qonnaan bulaa alagaadhaan akka hinsaamamne wabii ta’ee kan tiksuufi diinaaf kan harka hinkennine abdii saba isaa ta’uusaafi bakka qeerroon jiru diinni akka hinjirre kan ibsanidha.

Fkn.2)Qeerroo jechuun ***eeboodh***a
Qeerroo jechuun ***gaachana***
Inni mataa hooqqattu
Hinbarree ati waan kana
Kan hinduunee-hinguune
Dacheen kun qabdi ragaa
Nagaaf qabsaa’a malee
Hinta’u farra nagaa (Lataa, 2018:10)

Hammam akka qeerroo jaallatu agarsiisuuf, eeboofi gaachanaan walbira qabameera. Eeboon waraana, lola, dhiirummaa sana ta’a. Gaachanni ammoo meeshaa waraanaa kan ittiin diina ofirraa faccisan, wabii sana ta’a. Akkuma walaloo waayee ‘Qeerroo jechuun…’ duubate keessatti eeboofi gaachanni jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa taasifatefi ittiinillee of ijaare ta’uu kan eeranidha. Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessatti qeerroon diina waraanuurrattis ta’ee qolachuurratti kan dorgomaa hinqabne ta’uusaatu mul’ata. Akkasumas, biyyi kun kan nagaaf qabsaawu, harka kan hinkennine nama kan ta’e hundumaa walqixxeetti kan ilaalu, isa tokko isa kan biroorra kan hincaalchifanne, dachee irra jiraannuufi uummata isaaf ragaa ta’ee kan falmu, dhugaaf kan miixatu jijjiirama dhugaan akka hinhaqaaqamneef kan gaachana ta’ee fuuldura dhaabbatu ta’uu kan ibsanidha.

Fkn.3) ***Heexoo koo soogidda koo***
Hindhugiin jennaan diddee
…dhugdee cabde kaa kunoo
**Qeerroo** koo ***gooticha koo***
Hintuqiin jennaan diddee
…xuqxee badde kaa kunoo! (Lataa, 2018:10)

Waloon hammam akka qeerroo mararsiifatu agarsiisuuf, heexoo, soogiddaafi gootaan walbira qabameera. Heexoon akaakuu biqiltuu yoo dhugan kan hadhaa'u sana ta'a. Soogiddi ammoo kan dhandhama qabu kan dhangaggaa'u, isa malee dhadhaanuu mi'aawuu akka hindandeenye sana ta'a. Gootni isa hinsodaanne, kutataa akka bineensaa fuulduratti malee duubatti deebi'uu kan hinjaallanne sana ta'a. Akkuma walaloo waayee 'Qeerroo jehuun…' dubbate keessatti heexoofi soogiddi jiruufijireenya Oromoo keessaa kan fudhatamaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame ta'uu eeru.Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessatti waan hinraawwatiin jedhaman yoo raawwatan bu'aan isaa gadhee ta'uusaa ibsa. Mammaaksi, "Hima didduun du'a hindiddu," jedhus kanuma dhugoomsa. Qeerroon goota jijjiirama saba isaatiif falmu, yoo tuqan malee kan nama hintuqne dubbiin isaa qabbanaawaafi mi'aawaa obsa kan qabu ta'uutu mul'ata. Haata'u malee, dhugaan yoo dabe, qajeelfamni yoo cabe qeerroon obsa fixachiisee yoo dadhabe tarkaanfii mataa isaa fudhachuun diina iddoo isaatii barbadeessuun akka danda'amu kan ibsanidha.

Fkn.4) Ollaan ***gaachana*** jennee
Diriirfannee hinteenyu
Ollaan gaachana
Miti jechuus hindandeenyu.
Ollaan gaachana jennee
Mammaaksicha amanaa
**Gaachana** keenya durii
Baasnee hingatnu manaa
Gaafa gaachana qabnu
Ollaanis ***gaachana!*** (Lataa, 2018:21)

Hamman akka ollaasaa jaallatu agarsiisuuf, gaachanaan walbira qabameera. Gaachanni meeshaa waraanaa kan ittiin diina ofirraa qotan sana ta'a. Akkuma walaloo waayee 'Gaafa Gaachana Qabnu' dubbate keessatti ollaafi gaachanni jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhaeefi ittiinillee qindaa'e/ijaarame ta'uu kan eeranidha. Haaluma kanaan, Mammaaksi, "Ollaafi dugdaan lafaa ka'u," jedhus kanuma ibsa. Gaachana yoo hinqabaanne diinni namatti dhaadatti; ollaan illee yoo nuti gaachana hinqabaanne ija namatti baasti. Yoo gaachana qabaatan garuu ollaanis nama kabaja. Yoo gaachana hinqabaanne garuu ollaanis diina ta'uu danda'a. Kanaafuu, ergaan karaa kana darbuuf yaadame gaahanni akkuma diina namarraa qolatu ollaanis gaafa rakkoo kan nama bira dhaabatu waan ta'eef, ollaan gaachana ta'uusaa kan ibsanidha.

Fkn.5) Ani utuun ***albee*** ta'ee
Albee qaramaa isa duraa
Gadi baasee *qamax* godhee
Sobdurraan arraba muraa
Ani utuun ***abidda*** ta'ee
Abidda saafaa naasisaa
Gamoo hamminaan ijaarrame
Guggubeen daaraa taasisa.
Ani utuun ***maagaa*** ta'ee
Garaa seeneen keessa taa'a
Dafqa hiyyeessaa isa nyaatu
Albaatiidhaanin haxaa'a! (Lataa, 2018:28)

Waloon hammam akka gantuu saamtuu balaaleffatu agarsiisuuf, albee, abiddaafi maagaan walbira qabeera. Albeen sibiila kan jabina qabu, kan waa muruu danda'u sana ta'a. Abiddi ammoo kan nama gubu kan ofitti nama hinbunne cimaa sana ta'a. Akkasumas, abiddi waan hundumaa daqiiqaatti guggubee kan daaraa taasisuu danda'u, waan jabaataafi guddaa ta'e tokko barbadeessuuf kan humna qabu sana ta'a. Maagaan jarmiilee xixiqqoo kan ijaan hinmul'anneen karaa nyaataafi bishaan qulqulluina hinqabneen garaacha namaa keessatti walhoree dhibee garaa kaasaa cimaa ammaa amma gadi teessisu sana ta'a. Akkuma walaloo waayee ***'Utuun ta'ee…'*** dubbate keessatti albeen, abiddaafi maagaan jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa taasifatee ittiinillee ijaarame ta'uu kan agarsiisanidha. Haaluma kanaan, agarsiistonni armaan olii kunneen jiruu Oromoo keessatti nama dafqa hiyyeessaa nyaatu isa beekamaa sana haala ittiin balaaleffatu, haala ittiin hawaasa barsiisu, akkaataa ittiin gorsee karaatti deebisuu danda'u, inni cubbuu hojjetaa dafqa nama dhuunfaa tokko akkaataa ittiin kan ofii taasifatu sana irratti qabsaa'uun akka danda'amu kan ibsanidha.

Fkn.6) An rakkootti of hingalchuu
Lama dabarsee hindhalchu
Jettanii warri yaaddan
Maal michiituu sin qabee
Oromoon baay'ee dhalchee
Waan nyaachisu yoom dhabee?
Haqaafi maqaa jal'ate
Kan deebistu bakkeedhaa
Uummata Oromoo biratti
***Dhala*** jechuun ***warqeedha***.( Lataa, 2018:55)

Hawaasa keessatti dhalli ofii hammam akka jaallatamu ibsuufi, bakka warqee buuseera. Warqeen mi'aa, kan gatiin isaallee olka'aa ta'edha. Namni hundi kan itti fayyadamuu hindandeenya faaya sana ta'a. Akkuma warqee argee bitachuufillee gatiin isaa baay'ee qaalii ta'e, dhalli ofiitiif kan

itti boqotan harreenuu ilmoo isheetti boqatti akkuma jedhamu dhalli kan maqaa namaa dhoofsistu kan nama soortu, gaafa dadhaban kan itti bayyaanatanidha. Akkuma walaloo wayee ***'Gatii qaba hundumtuu'*** dubbate keessatti dhalliifi warqeen jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame ta'uu eeru. Haaluma kanaan, agarsiistonni armaan olii kun jiruu Oromoo Keessatti yaaddoo guddaan mul'tu baay'achuu dhala isaa osoo hintaane dhugaan (haqni) jal'achuusaa agarsiisa. Dhaloonni qubee akkuma warqee kana faayidaan inni uummata Oromoof qabu danuufi kan lakkaa'amee hindhumnedha. Kanaaf, warqeen jiruu magaalaa ta'ee kanneen biroo waliin yoo ilaalamu garuu waan bicuu kan ibsudha.

Fkn.7) Dabummaan keenya miti
Abbuma isaaniitiif galchaa
Seenaarraa akka beeknutti
Oromoon goota dhalcha.
Takka ka'ii dhaabadhu
Takka immoo taa'i jedhee
Nuti daa'ima miti
Nu hinergatu abbaan fedhe.
Yoomuu guutuu hindandeenyu
Fedhii ***qocaafi borofaa***
Itti waamamni keenya
Dhimma uummataaf qofa! (Lataa, 2018:110)

Waloon walaloo kana keessatti hammam akka sodaafi gowwoomuu hindandeenye ibsuuf, agarsiistota mala dubbii ta'an ***daa'ima, qocaafi borofa*** walbira qabeera. Daa'imni yaraafi gaarii addaan baastee kan hinbeekne, kan cubbuu hinbeekne, namni hundu kan gowwoomfamsuu danda'u sana ta'a. Qocaan ammoo suutee kan iddoo garaa ishee geessee jiraachuu hindandeenye, sodaattuu, kan namni hundi miilanillee dhiitu irras dhaabachuu danda'u, yartuu, quucartuu kan guddachuu hindandeenyeefi duubatti harkifattuu sana ta'a. Borofni ammoo baay'ee ariifataa kan fuulduratti utaalu, fiigu, bir'ataa, dammaqaa, jarjaraa sana ta'a. Akkuma walaloo waayee 'Itti waamama…'dubbate keessatti daa'imni, qocaafi borofni jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhateefi ittiinis ijaarame agarsiisu. Haaluma kanaan, uummanni Oromoo goota beekamaa kan sodaa hinqabne, hingowwoomne, jiruufi jireenyi isaa kan namaa gadi hinbuune, garmalees kan ol hinbaane, jireenyi isaa giddugaleessatti kan jiraatuufi hawaasa isaa cinaas kan dhaabatudha.

Fkn.8) Qarshiin kitilallee gitu
Wayyaa malee fayyaa hinbitu
Warqeefi meetiinis nimanca’a
Qiinqaniitu itti harca’a!
Fayyaa ta’aa jara keenyaa
Fayyaa dhumatu qabeenyaa!(Lataa, 2018:114)

Hammam fayyaan akka hunda dursu ibsuuf, qarshiifi qabeenyaan waldorgomsiiseera. Qarshiin qosholee, kan mogolee nama buustu, isaaf jedhee kan lubbuun namaa wareegamu, argamuus baduus kan danda’u, baala gogaa kan yoo irra ejjetan caccabee badu, humna kan hinqabne xiqqoo sana ta’a. Qabeenyi ammoo kan horatamuu, yoo kan deebi’ee argamuu danda’u, fixeensa ganamaa isa dhabamuu danda’u, hatamuufi dhumuus danda’uudha.

Akkuma walaloo waayee ‘Fayyaa’ dubbate keessatti qrashii, fayyaafi qabeenyi jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhateefi ittiinillee ijaarame kan eeranidha. Haaluma kanaan, waloon fayyaan yoo jiraate, kan hattuun hinhanne sun inni ijaan illee hinmul’anne sun mammaaksi, ‘Alamiin abbaan ofirrarratti hinbeekne fayyaadha,’ jedhu sun yoo jiraate waan hunda hojjechuun kan fedhan arguufi argachuun akka danda’amu kan agarsiisuudha.

Ergaan karaa kana darbuuf yaadames, namni yoo fayyaa qabaate qarshii kitilatti lakkaa’amu horachuu nidanda’a. Qarshiin garuu wayyaa malee fayyaa bituu akka hindandeenyes nama gorsa. Mammaaksi Oromoo, “Qabeenyi guddaan Waaqni namaaf kenne, fayyaadha,” jedhus kanuma dhugoomsa. Qabeenyi qarshiin lakkaa’amu nidhumas; nibadas; hatamuus danda’a. Qabeenyi waaqni namaaf kenne kan hindhumne; hinbadne; hattuunis kan hatuu hindandeenye fayyaa akka ta’e hubachuun danda’ameera. Kunis, nama qarshiitti malee fayyaatti hinamanne tokko qeequuf kan dhiyaateedha.

### 4.1.5. Qaaccessa Mala-dubbii Arbeessaa/ Ukukkubsee

Askeessatti wantoonni garmalee guddifamanii/xiqqeeffamanii/ ibsaman yeroo baay’ee kan ta’uu hindandeenyeedha. Karaa biraatiin, wanti garmalee guddisnee/xiqqeessinee ibsinu kan gurra dubbisaa biratti dhugaa hinfakkaannedha. Busheessuun faallaa dhaadhessuuti. Waayee wanta tokkoo kan yaadameen gadi buusanii dubbachuudha. Akkasumas, busheessuun humnaa ol gurra xiqqeessanii dubbachuudha.Yaadonni bifa kanaan ibsaman jechoota wantoota ittiin ibsinu waliin kan deeman ta’uu qabu.

Fkn.1) Maqaan **qeerroo** yoo ka’u
Si nyaata-si dhukkuba
Takka qaaruu si waada
Takka funyaan si guba.
Garaatu sibokoka
Hiddi mormaa dhaabatee
Asiifi achi miil’atta
Akka nama waa gatee
Takka mataa hooqqatta
Takka biyyoo boorratta(Lataa, 2018:9)

Hammam akka namni tokko qeerroo jibbu agarsiisuuf, waan nama nyaatuun, gubuun, dhukkubaafi waan lafa qotuun walbira qabameera. Hammuma fedheyyuu namni qeerroo jibbu jiraatullee kan kan isa nyaatu, dhukkubsu, gubuufi biyyoo boorratu sana ta’a. Akkuma walaloo waayee ‘qeerroo jechuun…’ dubbate keessatti qeerroofi qaamni qeerroo balaaleffatu jiruufi jireenya uummatichaa keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhateefi ittiinillee ijaarame ta’uu eeru.

Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessatti qaamni yookiin namni qeerroo jibbu tokko jiraachuun dhugaa yoo ta’u, isa nyaata nidhukkubaan, qaaruu waaddaan, funyaan isaa gubaan, mataa hooqqachuufi biyyoo boorrachuun soba ta’uu ibsa. Nama qeerroo jibbu tokko waan inni hinqabneefi hinraawwanneen humnaa ol maqaa isaa olguddisanii, irra dabarsanii dubbachuun balaaleffachuu kan agarsisuudha.

Fkn.2) Nikolfita
Otuun gaddaan of wareeguu
Silaas garuu
***Titiisarraa damma eeguu***(Lataa, 2018:16)

Hammam akka nama imaanaa nyaatu tokko ibsuuf, ***titiisaan*** walbira qabameera. Titiisni gosa ilbiisotaa taatee kan faayidaa tokkollee hinqabne, iddoo gaariitti kan hinargamne, balfaafi raqa garaagaraarra ooltee kan bultu, daddabarsituu dhukkubaa, abdiifi eeggannaa kan hinqabne sana ta’a. Akkuma walaloo waayee ‘Sirraa moo!’ dubbate keessatti titiisni jiruufi jireenya Uummata Oromoo keessaa kan maddeefi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinis ijaarame/qindaa’e ta’uu eera. Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessatti nama waan irraa eegamu hinraawwanne Haata’u malee, hammuma fedheyyuu balleessu titiisa jechuun dubbachuun waan namni sun hinqabneen humnaa olgadi buusanii ykn olbaasanii haasa’uun kun waan gurra dubbisaafi dhaggeeffataa biratti dhugaa hinfakkaanne ta’uu kan ibsanidha.Garuu kanneen birootiin yoo walbira qabamu tuffatamaa ta’uu wanta ibsanidha.

Fkn.3) Qara arrabaatiin cirtee
***Marga lafaa gogsita***
Ofii kee dhoqqee baattee
Dhiqadhaa nu gorsita.
Biyyaaf miti, ofiifuu
Hinbuusne bu'aa cabduu
Kan qullaa kee deemtu moo,
Kan ibsaa ofitti qabdu! (Lataa, 2018:27)

Walaloo kana keessatti hawaasa keessa namni hamaan jiraachuusaa nihubatama. Walaloon kun mataduree 'Kan ibsaa ofitti qabdu…' jedhu keessaa kan fudhatameedha. Haaluma kanaan, nama nama hinjaalanne tokko humnaa olkaasanii qara arrabaatiin cirtee marga lafaa gogsita kan jedhurraa hubachuun nidanda'ama. Afaaniin dubbachuun dhugaadha. Haata'u malee, qarri arraba namaa marga gogsaan sobadha. Kun ammoo itti fayyadama mala dubbii arbeessatti dhimma bahuun waan namni hinqabne maqaa guddisanii dubbachuun kun arbeessa jedhama.

Fkn.4) ***Dhiiga*** keetiin karaa dhiqxa
Galma kaayyootti achi siqxa
**Dhibee sabaaf si dhukkuba**
Afuurri kee dachee guba
***Eelaa baattee otuu hargantuu***
Bakka kosiitti hinargamtu(Lataa, 2018:35)

Waloon hammam akka namaaf quuqamu ibsuuf, saban walbira qabameera. Sabni Oromoo osoo ofiisaa rakkatuu kan nama gargaaru, miidhama namaa kan hinqabne owwaachuu malee diduu kan hinbeekne nama kamiifuu quuqama kan qabu sana ta'a. Eelaa ykn ba'aa ulfaataa baatanii namaaf ammoo dkukkubsachuun kun hawaasa biratti waan dhugaa hinfakkaanne sana ta'a. Akkuma walaloo waayee '*Miila kaayyoo'* dubbate keessatti dhiigaan lafa dhiquun, sabaaf dhukkubsachuufi eelaa baatanii harganuun jiruufi jireenya Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhateefi ittiinis ijaaarame ta'uu kan eeranidha. Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessatti namni tokko dhimma uummata isaatiif olii gadi ifaajee kaayyoo qabatee ka'e tokko galmaan gahuuf carraaquun waanuma jiru ta'ee, dhiigasaatiin karaa dhiquun, dhibee sabaatiif dhukkubsachuufi afuurri dachee guba jechuun soba ta'a. Kun kan agarsiisu, waan dubbistootaafi dhaggeeffattoota biratti dhugaa hinfakkaane humnaa ol irra caalchisanii ykn gurra-guddisanii dubbachuu akka ta'e kan ibsanidha.

Fkn.5) Hurrii argitee ***tulluu*** seeta
Xuwwee argitee-***mulluu*** feeta
Akkuma waan jabaa taatee
Ofiin of waamta lafaa kaatee.
Tokko hanqaaqxee lama deessa
Dhimma hundaatti harka keessa
Cooma qaluuf ***albee*** qarta
Waan hinqabneen of geerarta(Lataa, 2018:74)

Waloon walaloo kana keessatti mala dubbii arbeessuutti fayyadameera. Walaloon kun mataduree ‘Ayi carraa kee…’ jedhu jalaa kan fudhatameedha. Kunis, akkuma waan jabaa taatee ofiin ofwaamta lafaa kaatee kan jedhurraa beekuun nidanda’ama.Hawaasa keessatti namni tokko bakka hinjirretti yommuu humnaa ol ofbeeksisuuf dhama’u agarsiisa. Mammaaksi, “Manaa hamma baalaa, alaa hamma gaalaa,” jedhu kanuma dhugaa baha. Namni tokko hojiisaa malee yommuu gurra ofguddisu, iddoo guddaa ofii kennu walaloo kanarraa hubachuun nidanda’ama. Kun ammoo mala dubbii arbeessatti fayyadamee dhiyaateera. Akkasumas, namni tokko wanta hinraawwanne tokko raawwadhe jedhee yommuu gurra-guddisuuf geeraru nimul’ata. Wanta hinhojjenne akka hojjetetti dubbachuun kun waloo walaloo kanaarraa hubachuun nidanda’ama.

Fkn.6) Icciitiif si amanee
Sitti himee waan garaa koo
Miiltoon si taasifadhe
Kan naaf tolchu karaa koo.
Garuu ati,
Abootteedhaan rukuttee
***Urjii harcaasuu*** yaalta
Yommuu awwaara kaasu
Dhaabattee bubbee ilaalta(Lataa, 2018:100)

Hammam akka namni waan hindanda’amne tokko akka hojjechuuf yaalu ibsuuf, abootteen urjii harcaasuun walbira qabeera. Abootteen harka sassaabbatanii waan tokko kan lafarraa,kan qaqqabuufi bira jiran ykn bira gahuu danda’an rukkutuu yaaluu sana ta’a. Urjiin ammoo kan samiirratti argamtu, kan fageenyarra jirtu, kan galgala galgala samiirraa iftu ifa mataa ishee kan hinqabne isa biiftuurraa kuufatte ibsitu sana ta’a. Akkuma walaloo waayee ‘Xiinxaltuu seenaa…’ dubbate keessatti abootteefi urjiin jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan fudhatamaniifi wanta awaloon madda beekumsa isaa godhate ittiinillee ijaarame ta’uu eeru. Haaluma kanaan, agarsiistonni armaan olii kun jiruu Oromoo keessatti namni amananiifi waan keessa ofiillee itti himatan, namni miiltoo godhatanii waliin karaa deeman, yeroo inni miidhamu dhaabatee kan ilaalu, nama miidhuuf yaalu akkasumas, yommuu rukutuu yaalu agarsiisa. Waan hindanda’amne tokko raawwachuu yaaluun arbeessuufi malee wantichi fuula dhaggeeffattootaa biratti dhugaa

kan hinfakkaanne ta'uu ibsa. Kanaaf, dhugaa hawaasa keessa jiruun olitti gochaa namni tokko raawwate itti dabalanii dubbachuun wanta hinraawwanne tokko raawwanne jedhanii nama gowwoomsuun kan fudhatama hinqabne ta'uu kan ibsanidha.

Fkn.7) ***Yeeyyiifi waraabessatu***
Dabareedhaan wal baata
Namni ***buddeen***a dhiisee
***Barbaaree*** dhaan wal nyaata!(Lataa, 2018:102)

Hammam akka namni tokko dubbii hintaane hojjetu agarsiisuuf, yeeyyiifi waraabessaan, buddeenaafi barbareedhaan walbira qabee waldorgomsiiseera. Yeeyyiin bineensa cimtuu kan yoo tuqan jilba nama keessaa baastu sana ta'a. waraabessi ammoo kan qabeenyaa namaa nyaatu, halkan malee kan guyyaa hinmul'anne kan yeeyyiin firooma wayiituu hinqabne sana ta'a. Buddeenni kan midhaan gosa adda addaarraa argamu yoo beela'an ittoon nyaatanii kan ittiin beela bahan sana ta'a. Barbareen ammoo kan nama gubu, kan imimmaan nama buusisu,kan nama haxxiffachiisu sana ta'a. Akkuma walaloo waayee 'Dubbii akkanaa' dubbate keessatti agarsiistonni armaan olii kunneen jiruufi jireenya oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame/ qindaa'e ta'uu kan eeranidha.

Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessa namni yeroo walmiidhu, yeroo gara malee walhamatu, gidiraafi hammeenya walirratti yaadu sana gurra guddisuudhaan humnaa ol olkaasanii ykn dubbicha hoo'isanii dubbatan ykn haasa'an agarsiisuufi malee waanuma fedheyyuu ta'u namni kan barbareen nyaatu buddeena malee barbaareedhaan namni hin-nyaatamu. Kun kan agarsiisu, namni dhimmi isaa dhiisee yeroo inni dhimma namaatti harka dhuubaa oolee bulu, yeroo wan namni hinhojjennetti dubbii dabalanii yakkamaa nama taasisan kan ibsanidha.

### 4.1.6. Qaaccessa Mala-dubbii Fakkoommii/Mallattoo

Fakkoommiin akka mallattoo sirnaatti kan ilaalamu ta'ee, dhimma tokko wajjiin walitti hidhuun hiika kan argatu. Ta'us yommuu afaan odeeffannoo mataa isaa xinqooqaan walitti hidhate qabaatu, fakkoommiin akka caacculee mallattoowwaniifi gochaawwaniitti(acts) fayyada akkasumas nixiinxalama jechuudha.

Fkn.1) Gaaddisa ***Odaatti*** yaa'ee
Marga jiidhaa cirata
Rakkoofi gaaffii isaa fidee
Maanguddootatti himata.
***Gumaan*** gumaata ta'a
Lollis araara qaba

Jaalalumaan walhidhee
Jaalalaan wal adaba( Lataa, 2018: 47).

Hammam akka Oromoo bakka bu'u ibsuuf, odaafi gumaan walbira qabameera. Odaan galma Oromootaa kan af-yaa'iin jalatti taa'amu, dirree araaraati, muka Waaqni ganamuma eebbisee uume ayyaantuu, kan simbirri irra hinqaarine, jiidhaa bonaa ganna hingogne, ayyaan-qabeessa kan ta'e, bakka maseennni ilmoo itti argattu, qaro-dhabeessi bakka itti qaroo argatu, muka qabbanaawaa rakkoo furu sanatu Oromootti mallatteeffame. Gumaan ammoo ajjeechaa, du'uu, ajjeesuufi ajjeeffamuutti fakkeeffame. Kan nama ajjeese gumaa baasuufi kan namni jalaa du'e gumaa nyaachuutti fakkoome.

Akkuma walaloo waayee Gadaa dubbate keessatti Odaafi gumaan jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan fudhatamaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhateefi ittiinillee ijaarame kan agarsiisaniidha. Haaluma kanaan, Oromoon marga jiidhaa qabatee bakka itti sirna ittiin bulmaataa isaa tumatu, namni yoo wal-ajjeese bakka itti gumaa muru, kan nama ajjeese bakka itti gumaa baasuufi kan namni jalaa ajjeeffameef gumaa itti nyaachisan, sirni baallii walharkaa fuudhiinsaa bakka itti taasifamu, gaaffiifi rakkoon uummata Oromoo maanguddootatti dhiyaatee bakka itti maanguddootaan rakkoon furmaata itti argatu kan agarsiisanidha.

Fkn.2) Suuta jennee deemna
Lafaa hinkaasnu awwaara
***Bokkuun*** keenya kabaja
***Siiqqeen*** keenyas araaraa
Warri ***gumaa*** dhiigaatiin
Walajjeesuuf dhaadatu
Mallattoo araara keenyaa
Siiqqeerra hintarkaanfatu!(Lataa, 2018:47).

Waloon hamman akka Gadaan Oromootti dhiyaatu ibsuuf, bokkuufi siiqqee walbira qabeera. Bokkuun dhiira, dhiiratu qabata, ulee Abbaa Gadaati, kan namni hundi hinqabanne, mootii sana ta'a. Siiqqeen ammoo dubartiidha, dubartiitu qabata. Ulee qal'oo dubartoonni gaafa rakkoo qabatanii ittiin rakkicha furaniifi gaafa dubartoonni heeruman kan qabatanii deeman sana ta'a. Akkuma walaloo waayee 'Gadaa' dubbate keessatti agarsiistonni 'bokkuufi siiqqee' jedhaman kun jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhateefi ittiinis ijaarame sana eeru. Haaluma kanaan, bokkuun waadaa hooggana qixaan kennuuf mallattoo itti gaafatamummaafi dursummaa hawaasicha gaggeesuuf hawaasichaan kan itti amaname mallattoo guddaa uummata Oromoo akka ta'eefi siiqqeenis ulee qal'oo araaraa kan

dubartoonni Oromoo qabatanii deeman sana agarsiisuuf Oromootti akka mallatteeffame kan hubachiisanidha.

### 4.1.7. Qaaccessa Mala-dubbii Mitihee/Eemitii

Eemitii keessatti ergaan darbuu barbaadame kallattiin osoo hintaane karaa faallaadhaani. Hima yaada walfaallessu garuu kan dhugaa ta'eedha.

Fkn. 1) Natti hindarbiin jennaan
Seentee na horfita
***Gammachuu koo boossee***
***Gadda koo kolfita***(Lataa, 2018:6)

Hamma tokko waan sob-dhugaa ta'e agarsiisuuf, ***'gammachuu-boohuufi gadda-kolfuu'*** walbira qabeera. Gammachuun kan boohamu yeroo namni tokko dirree waraanaa deemee, dirree waraanaa sana turee deebi'ee gara maatii isaa galu haati isa deesse mormatti maramtee boohaa dhungattu sana ta'a. Gaddi kan kolfamu ammoo yeroo namni du'e mana warra namni jalaa du'ee sana jajjabeessuuf bira dhaqamu firris, ollaanis inni kaan nikolfa, warri kaan ammoo taphoota garaagaraa taphachaa wacanii kolfan sana ta'a. Mammaaksi Oromoo, 'Ilkaan qarsaadhaa reeffa ciibsee kolfa," jedhus kanuma dhugaa baha.

Akkuma walaloo waayee 'walitti nu haafidu' dubbate keessatti ***gammachuu-boohuufi gadda-kolfuun*** jiruufi jireenya uummata oromoo keessaa kan fudhatamaniifi wanta waloon walaloo kanaa madda beekumsa isaa godhateefi ittiinillee ijaarame sana eeru.Silaa dhugummaan isaa gammachuu kolfanii, gadda ammoo boohuu ture. Kun ammoo yaada eeyyeefi lakkiidhaan deebi'u ofkeessaa qaba. Yaanni kun irra-keessa yoo ilaalan soba fakkaata. Haata'u malee, gadi fageessanii yoo xiinxalan kan dhugaa ta'uu danda'uudha. Haaluma kanaan, wanti hawaasa Oromoo keessatti baramaafi beekamaan namni kan boohu yeroo gaddaati akka ta'eefi yeroo gammachuu akka hintaane kan ibsanidha.

Fkn. 2) **'Gadaa**' jechumti jedhu
**'Nagaa'** jechuudha hiiknisaa
Isa ***aangoo kennutu***
Kolfaan danfee dhiignisaa
Akka waan ***aangoo fudhatuu***
Huccuu gatee dhiichisa.
Arjummaafi tola malee
Hinbeeknu karaa hamminaa
Rakkoo keessa teenyeellee
Nama hundaaf gaarii hawwina(Lataa, 2018: 47)

Waloon hammam akka Gadaan Oromootti dhiyaatu agarsiisuuf, Abbaa gadaa aangoo kennuufi Abbaa Gadaa aangoo fudhatu waldorgomsiiseera. Kan aangoo kennu qabsoodhaan, lolaan, injifannoodhaan, dhiigaan, waraanaan, duula nafiladhaa gaggeessuun ta'u sana ta'a. Kan aangoo fudhatus akkuma isa jalqabaa sana ta'a. Akkuma walaloo waayee 'Gadaa' dubbate keessatti aangoo kennuufi aangoo fudhachuun kun jiruufi jireenya uummata oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhateefi ittiinillee ijaarame kan agarsiisanidha. Silaa kan ta'uu qabu namni aangoo kennu waan kolfee gammadee sirbaan huccuu gatee dhiichisu hinqabu. Kan kolfee dhiichisu isa aangoo fudhatu ture. Haaluma kanaan, jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti beekamaan namni aangoo kennu tokko kan hingammanne, kan hinkolfine, gaddi cimaan kan itti dhagahamuufi kan aangoo fudhatu kolfee, gammadee, dhiichiseefi gammachuu daangaa hinqabne kan agarsiisu ta'uusaa kan ibsaniidha.

Fkn.3) Qalbiinsaa shaakarraa'ee
***Ni'ilaala-hinargu***
Daggalatti facaasa
Dhangaan isaaf hinmargu(Lataa, 2018:58)

Hammam akka nama gowwaafi amalasaa qeequ ibsuuf, ni'ilaala-hinarguun walbira qabameera. Gowwaan kan homaa hinbeekne, wallaalaa, doofaa, dubbiis, hojiis, kan hinbeekne, waan isa hinilaallanne keessa seenee kan waliin dhahu, hojjetee kan nama hinhojjechiisne rakkisaa sana ta'a. Hojiin isaa ijaaf gurra hinqabu akkasumas, mataaf miila hinqabu, tabjaaja'aa doofaadha. Akkuma walaloo waayee 'Gowwaafi amalasaa' dubbate keessatti ni ilaala-hinargu kan jedhu jiruufi jireenya uummatichaa keessaa kan fudhatameefi kan walaleessaan ka'umsa beekumsa isaa taasifateefi ittiinis qindoome/ijaarame agarsiisa. Namni ilaalu arguun isaa hinoolu. Ni'ilaala hinarguun garuu soba ta'a. Xiinxalanii yoo ilaalan himni kun dhugaa ta'uu danda'a. Haaluma kanaan, jiruufi jireenya hawaasaa isa baramaafi beekamaa sana keessatti namni ija isaatiin ilaaleef arga osoo hinta'iin waan sana adda baafatee yaadaafi qalbii guutuudhaan xiinxaluun ilaaluu akka ta'e agarsiisa. Mammaaksi Oromoo, 'Qalbii malee ijji hinagartu' jedhus yaaduma kana kan dhugoomsu ta'uusaati.

Karaa biratiin ammoo hojii nama gowwaa ta'e tokkoo ibsuuf, nifacaasa-hinmargu jedhuun walbira qabameera. Sanyii facaasuun dura lafa qonnaa qopheeffachuun, irradeddeebi'anii qotuun haala mijeessuun facaasu malee daggalatti naquun gatii hinqabu. Sanyiin isaaf hinmargu kan jedhu ammoo dhalchatee ilmoo gaarii kan boru isaaf taatu, kan isa sooruma baastu, kan itti hirkatuufi abdatu hinqabne sana ta'a. Haaluma kanaan. Jiruufi jireenya uummatichaa keessatti nama qotatee manaa hinqabneefi kan ilmoo godhatee hinqabne rakkataa ta'uusaa kan ibsaniidha.

### 4.1.8.Qaaccessa Mala-dubbii Walqabsiisaa

Malleen dubbii keessaa tokko ta'ee haala wantoonni adda addaa hawaasa biratti beekaman kanneen akka aadaa, safuu, amantii, duudhaa kan ittiin walqabsiifamanii ija barreessaatiin ibsamaniidha.

Fkn.1) Biyya dur nagaan yaanee
Fuunfannu tumaa bunaa
Biyya ***Qajeelaa Dooyyoo***
Kan ***warra Tufaa Munaa!***
Bara hunduu toora qabu
Bara seenaan nuuf humnaa
***Gullalleetti*** walgeenyee
Seera ittiin bullu tumna.(Lataa, 2018:4).

Hamman akka seenaa Orommoo yaadatu agarsiisuuf, Tufaa Munaafi Gullalleedhaan walbira qabameera. Handhuura dachee Oromoo kan taate Finfinnee keessa bara durii osoo Mootiin Minilik 2ffaa aangoo hinqabatin dura uummanni Oromoo Tuulamaa teessuma magaalaa Finfinnee kanarra jiraachaa kan turanidha. Haata'u malee, mootiin kun erga aangoo qabatee booda gara naannoo Tuulamni qubatee jiru kana dhufuun uummatarratti waraana banee uummata Oromoo dachee handhuurri isaa keessatti awwaalamerraa humnaan buqqisuu danda'uusaatu calaqqisa. Kana jechuun jaarraa muraasa dura gosa Oromoo keessaa Tuulamni naannoo magaalaa Finfinnee kana qabatee kan tureefi keessa jiraachaa akka ture seenaan ragaa baha. Yaa'iin kan taa'amuufi murtiileen adda addaa kan dabarfamu iddoo Gullallee jedhamutti akka tureefi erga mootiin Habashaa biyya isaanirraa Oromoo humnaan isaan ari'ee booda Gullalleetti walgahuun seera ittiin bulmaataa akka tumatan kan ibsuudha. Isa kana keessatti maqaaleen dhahaman kun maqaalee Magaalaa Finfinnee keessatti uummanni Oromoo isaaniif moggaase moggaasa ganamaati. Kun akkuma jirutti ta'ee dachii kanarra jiraachaa kan tureefi abbaan biyyattiis uummata Oromoo ta'uusaa kan ibsanidha.

Fkn.2) ***Eekkaafi Galaanii kaanee***
***Birbirsa Gooroo*** turra
***Caffee Araaraatti*** yaanee
Jaarsummaan rakkoo furra.
Qamadii ***laga Qarsaa***
Garbuu ***Boolee Bulbulaa***
Maatiifi firri walga'ee
Bara meeqa ittiin bula.(Lataa, 2018:4)

Hammam akka lafti Oromoo lafee isaa akka ta'e ibsuuf, Eekkaafo Galaan, Birbirsa Gooroo, Caffee Araaraa, laga Qarsaafo Boolee Bulbulatiin walqabsiiseera. Walaloon kun mataduree, 'Finfinnee' jedhu jalaa kan fudhatameedha. Kunis, Finfinneen dachee Oromoo kan handhuurri Oromoo keessatti bu'e ta'uusaa kan nama seenaan galmeessee agarsiisuudha. Finfinnee naannoo Eekkaafi Galaanii ka'ee Birbirsi Gooroo dirree Oromoon itti walgahee waleegudha. Achii booda Caffee Araaraatti walgahee rakkoo mootummaan Habashaa uummata Oromoo irratti geessisaa ture jaarsummaadhaan furuu akka qabu caffeen araaraa lafa Oromoon irratti mari'atee nagaa kadhatu akka ta'e hubatameera. Akkasumas, Laga Qarsaatti qamadiin akka oomishamaa tureefi Boolee Bulbulaatti garbuun qotamaa akka ture maatiifi firoonni walgahee baroota hedduu kan ittiin jiraatan ta'uusaa seenaan kan hubachiisuudha. Kanaafuu waloon walaloo armaan oliitis, lafti keenya lafee keenya ta'uusaa seenaan walqabsiisee ibseera.

Fkn.3) Fardatti kooraa naqnee
Calcaliirra deemsisna
**Dooqaa Booraatii** waamnee
Daalattii dhageessisna.
Fooliin alagaa hinjiru
Gaaraafi goodaan kan keenya
***Abbichuurraan*** naannofnee
***Inxooxoott***i walgeenya!
Nutoo warra seenaatii
Seenaa nama gaafannaa?
Har'a gamoo taatuyyuu
Dur loon itti yaafanna!(Lataa, 2018:5)

Walaloo kana keessatti mala dubbii tuqseenaan nimul'ata. Walaloon kun kan agarsiisu fardatti kooraa naqannee naannoo calcalii jedhamurra deemnee warreen Dooqaa Booraa jiran hunda isaanii walitti waamnee rakkoolee uummata Oromoorra gahaa ture Daalattii (kiiloo 4) dhaqnee mootummmaatti akka himachuu qabnu kan hubachiisuudha. Akkasumas, kallattii kamiiniyyuu haata'u gaaraanis goodaadhaanis Abbichuurraan naannofnee Inxooxxootti walgeenya. Finfinneen dachee Oromoo akka taate har'a osoo hintaane durii kaasee Oromoon loon irratti yaafatee horii akka horsiifataa ture kan wal-nama gaafachiisuu miti.

Fkn.4) Seenaa darbe iyyaafadhaa
Dacheen nu beekti duruu
Bakka ***Oromoon*** hinjirre
***Warqeefi meetiin*** hinjiru(Lataa, 2018:90)

Hammam akka Oromoon seenaa guddaa qabu ibsuuf, atileetota keenya warqeefi meetiin walqabsiiseera. Oromoon saba bal'aafi guddaadha. Lafa Oromoon dhabame hinjiru. Oromoon

waanuma hundaa danda'ee jiraata. Lafa sabni Oromoo hinjiraannes jiraachuun rakkisaa akka ta'e seenaatu dubbata. Sabni Oromoo hundee jiruu saba kamiiyyuu ta'uusaa walnama hingaafachiisu. Uummanni Oromoo seenaafi aadaa boonsaa, barsiisaa, jaalatamaafi iddoo kamittuu beekamaa, cimaafi mo'ataa akka ta'etu hubatama. Akkuma walaloo waayee ***'Atileetota keenya'*** dubbate keessatti atileetonniifi warqeefi meetiin jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan fudhatamaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa taasifate ittiinis ijaarame ta'uu eeru.

Haaluma kanaan, agarsiistonni armaan olii kun jiruu Oromoo keessatti warqeen amala isaatiin ququllummaa kan qabu, miidhagina kan qabu, gatiin isaallee wanta hundaa ol mi'aawaa akka ta'eefi salphumatti itti fayyadamuufi irraa fayyadamuun akka hindanda'amne kanibsanidha. Kanaaf, sabni Oromoo akka seenaan beekutti dorgommii finiinsaa taasisuudhaan mo'atee isa gatiin isaa qaalii ta'e warqeefi meetii galmeessisuun addunyaarratti kan beekamu akka ta'e ibsu.

### 4.1.9. Qaaccessa Mala-dubbii Habalakaa

Habalakni yaada ibsuu barbaadame tokko ifatti osoo hintaane, karaa faallaa isaa ta'een kaa'uudha. Kunis, yaada dubbatame sanaan rakkoo nama mudachuu danda'u jalaa miliquuf kan gargaaruudha.Gabaabumatti, habalakni irra keessatti yaada tokko kan jaju, kan faarsu, kan deeggaru fakkaata. Garuu, hiikni yookaan keessi isaa yoo ilaalamu faallaa isaati.

Fkn. 1) Naafis barri darbee
Yoo yeroon fagaatu
Hinargiin hinhafu
Akkuma ati taatu
Walitti nu haa fidu
Waaqni inni hiree laatu
Anaa ***abiddaan*** deemuufi
Si'ii ***cidii*** baatu!(Lataa, 2018:6)

Hammam akka namni diina walitti ta'u ibsuuf, abiddaafi cidiidhaan walbira qabameera. Abiddi kan cimina qabu, kan yoo harkaan qaban nama gubu, yeroo gabaabaa keessatti waan tokko guggubee kan barbadeessu,(nama, sibiila, muka, dhagaa) kan hinjenne sana ta'a. Cidiin ammoo kan ulfina hinqabne waanuma xiqqoof kan baduu danda'u, cimina kan hinqabne sana ta'a. Akkuma walaloo waayee 'Walitti nu haa fidu' dubbate keessatti abiddaafi cidiin jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhateefi ittiinis ijaarama/ ittiin qindaa'e ta'uu eeru. Haaluma kanaan, jiruu hawaasa Oromoo keessatti abiddaafi cidiin waliif diina ta'uu isaanii kan ibsanidha.

Fkn.2) Utuullee gaarii hojjettee
Hamaarraa baastee qola
Silaa guyyaan kee urgaa'ee
Galgalli keemmoo tola.
***Dukkana gurraacharraan***
***Aduun siif gadi ba'a***
Silaa ***paarlaamaan eebbaa***
Mana keetti walga'a.
Nididde egaa maal goona
Qajeeltoo keessaas baatee
Dhi'ee bari'u hojiin kee
Boolluma qotuu taate!(Lataa, 2018:13)

Hammam akka nama tokko balaaleffatan agarsiisuuf, dukkana gurraachaafi paarlaamaa eebbaatiin walbira qabameera. Dukkanni gurraachi kan nama nyaatu, kan nama sodaachisu, kan nama yaaddessu, kan ija ildiimeffatee nama ilaalu, itti adeemuuf kan rakkisaafi gamsiisaa ta'e sana ta'a. Garuu akka waan aduun/ifti isaaf ifutti mul'ataa jira. Paarlaamaan eebbaa mana keetti walgaha kan jedhu ammoo isa gaarii namaa hinjaalanne hattuu waayee namaa odeessitu/mari'attu, kan badii namaa haasa'aa oolee bulu sana ta'a. Akkuma walaloo waayee 'Abbaa itti kufu…' dubbate keessatti dukkana gurraachaarraan aduun siif gadi bahaafi paarlaamaan eebbaa mana keetti walgaha kan jedhu jiruufi jireenya uummata oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhateefi ittiinillee ijaarame ta'uu kan eeranidha. Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessa dukkanni gurraachiifi paarlaamaan eebbaa wanta gaarii namaaf hintaane kan gidiraaFI hammina namarratti yaadaa oolan kan ibsanidha.

Fkn.3) Hundaafuu garaan hawweef
***Daagujjaan talbaa taatii***?
Erga nan qota jettee
Qoti maal abbaasaatii…
Garuu gadi hinfageessiin
Boolla isa namaaf qottu
Gaafa inni xummuramu
Abbaa itti kufu hinbeektu! (Lataa, 2018:13)

Hammam akka daagujjaan nyaataaf mijachuu hindandeenye ibsuuf, talbaadhaan walbira qabameera. Talbaan kan gatiin isaa mi'aa ta'e, nyaanni garaagaraa isa malee nyaatamuu akka hindandeenye, warshaa ammayyaa galee zayita ta'uun kan ittoon ittiin hojjetamee nyaanni adda addaa ittiin nyaatamu kan bakka hundatti gabaarratti beekame sana ta'a. Daagujjaan ammoohojiin isaa ulfaataa kan ntaataaf illee hinmijanne ayidanii callaa isaa bira argachuuf kan nama rakkisu sana ta'a.

Akkuma walaloo waayee ‘Abbaa itti kufu…’ dubbate keessatti daagujjaafi talbaan jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate ittiinillee ijaarame ta’uu eeru. Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessa daagujjaan talbaa akka hintaane namni waan hamaafi gidiraa namarratti yaadu ofiif akka miidhamuu danda’u kan agarsiisaniidha. Kana jechuun daagujjaan faallaa tarbaati. Namni waan rakkoo namatti yaadu dhumni isaa namichumaaf akka ta’e kan agarsiisanidha. Kanaaf, hawaasa keessatti namni hammina namarratti malu ofiisaa akka miidhamuu danda’u, gobaan abbaan dhaabe abbuma dhaabe sana akka waraanuu danda’u kan ibsanidha .

Fkn.4) Gaafa hojii na waamtee
Gaafa bu’aa na footee
Gubdee gubdee-guggubdee
Booda ***warqee na goote***!
Utuma gadi na qabuuf
***Dhoksaatti funyoo martuu***
Olqabdee na guddiste
**Galatoomi goomattuu**!(Lataa, 2018:22)

Hammam akka namni tokko bu’aa namaa jibbu hinqabne qeequuf, goomattuudhaan walbira qabameera. Goomattuun inaaftuu, jibbituu, balleessituufi sobduu, kan nama gowwoomsuu yaaltu, kan hojii malee bu’aa namaa hinjaallanne argaa namaa kan halaalatti jibbitu sana ta’a. Kun ammoo karaa faallaatiin yommuu deebi’uuf nimul’ata. Kunis, yommuu warqee isa gatiin isaa olka’aa sanata’u hundaaolitti bira darbee guddina gaarii argamsiisu mul’isa. Akkuma walaloo waayee‘Galatoomi goomattuu!’ dubbate keessatti goomattuufi warqeen jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isa godhateefi ittiinis qindaa’e ykn ijaarame ta’uu eeru. Haaluma kanaa, goomattuun jiruu Oromoo keessatti wanti haasa’amuuf barbaadameefi wanti barreeffamee jiru faallaa walii akka ta’e kan ibsudha. Kanaaf, gochaan nama tokkoo baay’ee rakkisaafi gamsiisaafi warqeen ammoo kanneen biro waliin yommuu ilaalamu jireenya magaalaa isa mijataa sana ta’uu kan ibsudha.

Fkn.5) ***Duumessi caama*** fidnaan
***Hongeen rooba*** yoo fide
Ilkaan akaayii nyaate
Marqaa nyaachuu yoo dide(Lataa, 2018:31)

Waloon hammam akka wanti tokko faallaa walii ta’e ibsuuf, duumessa caama waliin, hongee ammoo rooba waliin walbira qabameera. Duumessi gaaddisaafi qabbana roobullee isa danda’u sana ta’a. Garuu caasaa walaloo kanaa keessatti caama ta’uun karaa fallaan dhiyaateera. Hongeen ammoo gogaa, gubaa kan humna namaabuusu, dadhabsiisaafi beela sana ta’a. Garuu

hongeen rooba jechuun karaa faallaa isa duraatiin mul’ateera. Akkuma walaloo waayee ‘Hinjijjiiru’ dubbate keessatti duumessiifi caamni akkasumas, hongeefi roobni jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhatee ittiinillee ijaarame sana ta’uu kan eeranidha. Haaluma kanaan, jiruu hawaasa Oromoo keessa duumessi caamuun namnitokko qabeenyatti amanee kan nama miidhu yoo ta’e qabeenyi kan waaqaati akkuma jedhamu sana yoo daangaa darbee nama cunqurse hiyyoomuu isaa kan ibsuufi inni hiyyeessa ta’e ammoo sooromee qabeenyi isaa akkuma rooba samii agdi dhangala’uu sana kan ibsudha. Kanaafuu, Ergaan karaa kanaan darbus, wanti bu’aa wayii buusuu danda’u osoo hinbuusiin dhiisuufi kan bu’aa wayii buusuu hindandeenye waa buusuuf yaaluu isaatu hubatama.

Fkn.6) Sababii dharri mo’ee
Ta’eef meeshaa daldalaa
***Hattuun gamoo ijaarrannaan***
***Arjaan kosiitti gala.***
Waan ta’eefi ta’uuf jiru
Lakkooftanii hintuulinaa
Sababii isaa dhiistanii
Rakkoo isaatti hinduuliinaa(Lataa, 2018:32)

Hammam akka hattuun jireenya gaarii jiraattu ibsuuf, arjaadhaan walbira qabameera. Arjaan dureessa isa kan dhabeef kennaa kennu, kan qabeenya namaaf laatu sana ta’a. Hattuun ammoo kan dhugaa jallisee qabeenya namaa saamu saamtudha, hojjetatee qabeenya horachuu kan hindandeenye, ulaa ittiin saamaniifi saamsisan qofa kan barbaadaa oolu sana ta’a. Akkuma walaloo waayee‘Sababii’ dubbate keessatti hattuufi arjaan jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessaa kan madaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhateefi ittiinis ijaarame ta’uu kan eeranidha.

Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessatti qaamni barate jireenya gadadoo isa baadiyyaa sanatti deebi’ee jiraatuufi namni hinbaranne ammoo jireenya bareedaa isa magaalaa sana jiraatu kan ibsanidha. Kun osoo dhugaan ta’ee arjaatu gamoo ijaarrata malee hattuu(sobduun) gamoo hinijaarratu ture. Kun ammoo waan kallattiin dubbachuu hinbarbaanne tokko karaa faallaa isaatiin dubbachuun ergaa dabarfachuun kan danda’amu tauusaati. Kana malees, furmaata waan tokkoo barbaaduuf rakkoo isaa dhiisanii sababa isaatti duuluun karaa faallaadhaan waan raawwatamuudha. Kan ta’uu qabu garuu rakkoo waan tokkootiif sababa isaa hundeedhaan buqqisuun osoo danda’amuu kallattiin dhiisanii karaa alkallattiin dhiyeessuun kan danda’amu ta’uusaatu hubatama.

Fkn.7) Yaa ***Obbo Jinfeessaa***
Yaa ***Obbo Nagarii***
Jechiifi gochi keessan
Lamaanuu gargari.
Jechi keessanillee
Waan ***sabaaf dhiigudha***
Gochi keessan garuu
Waan ***saba diigudha***(Lataa, 2018:40)

Hawaasa keessatti hammam akka hojiin nama tokkoo faallaa ta'e ibsuuf, Obbo Jinfeessaafi Obbo Nagariin walbira qabameera. Obbo Jinfeessaafi Obbo Nagariin warra hojiin isaanii afaaniin gamoo ijaaru, afaan damma dibatee saba tokkoof dhiiga kennuu yaalu sana ta'a. Gochaan isaanii garuu dugdaafi garaadha. Kan saba mancaasu, godaansu, diigu, balleessu sana ta'a. Akkuma walaloo waayee 'Dura foon haa taatu' dubbate keessatti Obbo Jinfeessaafi Obbo Nagariin jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa taasifate ittiinis ijaarame/qindaa'e ta'uu eeru. Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessa namni iddoo hawaasaa bu'ee hojjetu gaafa achii dubbatu dubbiin isaa dammarra kan mi'aawuufi gochaan isaa garuu geeshoofi heexoorra kan hadhaa'u akka ta'e kan ibsanidha.

Fkn.8) ***Adurree*** yoo ijaan arge
***Leenca*** argeen dhufe jedha
Utuu ***kanniisni*** hinhiddiin
Damma muuxachuu fedha(Lataa, 2018:58).

Hammam akka namni tokko faallaa waan sirrii jiruu dubbatu ibsuuf, adurreefi leencaan walbira qabameera. Adurreen ishee xiqqoo kan sodaattu sana ta'a. Leenci ammoo mootii bineensota hundaa isa moo'ataa, diina jalaa kan gadi hinjenne, goota beekamaa sana ta'a. kanniisni ammoo ilbiisota keessaa cimtuu, kan nyaata mi'aawaa qopheessitu, namni damma ishee muuxachuu dhaqu osooo hinhiddin ykn ciniintee fuulaafi qaama nama muuxachuu dhaqe sanaa hindhdhiitessin hingadhiisne sana ta'a. Akkuma walaloo waayee 'Gowwaafi amalasaa' dubbate keessatti adurree, leencaafi kanniisni jiruufi jireenya Oromoo keessaa kan maddaniifi wantawaloon madda beekumsa isaa godhateefi ittiinillee ijaarame ykn qindaa'e ta'uu ka eeranidha. Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessatti gamnaafi gowwaa ta'uun amalaafi gochaan, sodaafi goota ta'uun sobaa sossobanii nama jiraachuu yaaluu kan ibsanidha.

Fkn.9) Karaa dakaafi gubbaa
Karaa gamaafi gamanaa
Ijaaraa dhabne malee
Diigaan guute jarana.
Gaafa ***eebbaa***fi ijaarsaa
Boroo dhokatee taa'a
Gaafa diiggaafi ***abaarsaa***
Gasoo qaratee yaa'a!(Lataa, 2018:63)

Hammam akka namni tokko diiguu malee ijaaruu akka hindandeenye ibsuuf, eebbaafi abaarsaan walbira qabameera. Eebbi hormaata, jaalala, nagaa,waan gaarii yaaduufi hawwuu, baay'achuu, jiidha, guddinaafi sooromuu sana ta'a. Abaarsi ammoo goguu, diigamuu, barbadaa'uu, hormata dhaabuu, jireenya quucaraa jiraachuu, sanyiin marguu dhiisuufi xiqqaachuu sana ta'a. Akkuma walaloo waayee 'Diigaan guute…'dubbate keessatti eebbiifi abaarsi jiruufi jireenya Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhateefi ittiinis qindoome/ ijaarame ta'uu kan agarsiisanidha.

Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessatti ergaan gama kanaan darbuuf yaadame kan tolchuufi ijaaruu hindandeenye balleessuu hindadhabu yaada jedhu ofkeessaa qaba. Gasoon sibiila baattee qabu kan lafti ittiin qotamu sana gaafa du'a namaa qofa boolla ittiin qotuudhaaf namni kan arreedu, gaafa eebbaafi ijaarsaa, gaafa gammachuu ammoo namarraa kan baqatu ta'uusaa ibsa. Hawaasa keessatti nama waan gaarii argateef jibba, nama miidhameef ammoo ittuu badii yaaduufiin kun waan kallattiin ibsachuu hinbarbaanne tokko karaa alkallattiin dhiyaachuu danda'uu isaatu hubatama.

Fkn.10) Yeroo dheereffachuuf
Maaf sababa uumtaa?
***Mataan*** na dhukkubnaan
***Miila*** na sukkuumtaa?
Isa ati jettu miti
Bakki dhibee kiyyaa
**Daa'imummaa** seetee?
Dhugaa dhabeen iyya!(Lataa, 2018:81).

Caaseffama walaloo kanaa keessatti waloon jechoota 'mataa'fi 'miila' jedhaman fayyadamuun mala dubbii habalakatti dhimma bahuu agarsiisa. Walaloon kun mataduree, 'Anaafi dhibee koo' jedhu jalaa kan fudhatameedha. Ergaan gama kanaan darbus, iddoo rakkoo waan tokkoo hubachuu dhiisanii bakka biraa barbaaduu ykn arguu kan hindandeenye ta'uufi nama dhugaan jal'ate jedhee halkaniifi guyyaa watwaatuuf (boo'uuf) daa'imummaatu boossisaa jira jechuun

yeroo dhugaan dhokatu nimul'ata.Mammaaksi Oromoo, "Dhukkubbiin garaa keessaa, sukkuummaan irra-keessa," jedhus ergaa mala dubbii walaloo kana keessatti darbuun kan dhugoomu ta'a.

Fkn.11) Asiin eegnaan achiin dhufa
Karra banuuf- karra cufa
***Gaafa obsan-niwaraana***
***Gaafa gorsan- nicaraana.***
Hiika dhabe namni har'aa
***Fira ilkaanii kan lafarraa***
Bitaacha'aa- dabaa farraa! (Lataa, 2018:99)

Waloon walaloo kana keessatti mala dubbii habalakattti dhimma baheera. Walaloon kun mataduree, 'waayee dhala namaa' jedhu jalaa kan dhufeedha. Kanas kan mirkaneessu jechoonni asiin eegnaan achiin dhufuu, karra banuuf cufuu, obsuufi caraanuu, gorsuufi waraanuu kan jedhamaniidha. Ergaan gama kanaan darbuuf yaadames, dhalli namaa hojiin inni hojjetu faallaa waan hawaasa keessatti kallattiin ta'u dhiisanii fuggisoo isaatiin kan mul'atuudha. Yoo asiin waamaan karaa biraa deemuun karra bani jennaan karra cufuufi inni rakkoolee namni tokko uume obsaan yoo dabarsu inni biraan garuu waraanuuf (miidhuuf) yoo jedhu nimul'ata.

Akkasumas, inni badii hojjetame argee gorsuuf yoo tattaafatu namni kan biroon yoo itti caraanu (itti iyyu) nimul'ata. Mammaaksi Oromoo, "Kan ilkaaniin firaa karaa gabaatu jira," jedhus erguma kana dabarsa. Kanaaf, namni tokko fira fakkaatee irra keessa sobee namatti kokkolfaa nama biraarratti dhiibbaa uumu kallattiin dhiisanii karaa faallaa isaa ergaa dabarsuun itti fayyadama mala dubbii habalaka akka ta'e hubatameera.

### 4.1.10. Qaaccessa Mala-dubbii Ateessaa

Ateessi waan nu bira hinjirre tokko namas ta'ee namaan ala akka waan nu bira jiranii nu dhaggeeffataa jiraniifi deebii nuuf kennuu danda'anitti fudhachuun, gaaffii gaafachuun, marii wajjiin taasisuun, haasofsiisuu, qaaqsuu, gaddisiisuun yookaan kofalchiisuu irratti hundaa'ee mala dubbii uumamudha.

Fkn.1) **Kobbee** koo-hiriyyee koo
Marartuu akka ***daa'imaa***
Otuu ati hinjirtu ta'ee
Maaliinan dhugaa himaa?
**Dubbadhu nidubbannaa**
Ofirraa buusuuf ba'aa
Yoo gurri namaa dide
***Laftiyyuu nu dhaga'aa***!(Lataa, 2018:1).

Hammam akka kobbee isaa mararsiifatu agarsiisuuf, daa'imaan walbira qabameera. Daa'imni argaan xubbee, qaamaan lallaaftuu, gorora bishaan taliilaa, barruu bixxillee qoorqalbii namaa hawwattuufi kolfi ishee kan hanga biiftuu ganamaa miira namaa gammachiisuudha. Akkuma walaloo waayee Kobbee koo jedhu dubbate keessatti agarsiistonni 'kobbeefi daa'ima' jedhaman kun haala jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi waan waloon madda beekumsa isa taasifateefi ittiinillee ijaarame ta'uu isaanii kan eeranidha.

Haaluma kanaan kobbee isaan yoo barreesse, dhugaa dhokate ifatti akka danda'u baasu, dhara dhugaa haguuge sana ammoo ittiin awwaalu sana ta'a. Gochaa kana lafti gurra isaatiin dhagahee akka wan deebii kennuufii danda'uutti kobbee isaa kan mararfatu sanatti qaamaan osoo hintaane yaadaan itti dubbatu kan ibsudha.

Fkn. 2) Harkisaan baay'atullee
Hiddi kee nurraa hincinnee
Handhuura dachee Oromoo
***Akkam jirta Finfinnee***?
Bulee ka'een si yaada
Ammayyuu sirraa hincinne
Nigalta moo nihaftaa?
**Natti himi yaa Finfinnee!** (Lataa, 2018:5).

Hammam akka lafti Oromoo lafee isaa ta'e ibsuuf, Finfinneedhaan walbira qabameera. Finfinneen handhuura dachee oromootaa kan wan hundaa dandeessee jirtu, dadhabe kan hinjenne, gaariis ta'ee yaraa kan ofitti qabattu, fayyaanis maraataanis kan keessa jiraatu, kallattii afraniin buttuufi saamtuun kan itti heddummate sana ta'a. Akkuma walaloo waayee 'Finfinnee' dubbate keessatti hammuma fedhellee buttuufi hattuun baay'atus jaalalli, galatni Oromoon Finfinnee irraa qabu finiinaa ta'uusaati. Haaluma kanaa, jiruu Oromoo keessatti Finfinneen harka diinaa jalaa baatee harka Oromootaa galuushee kan agarsiisuudha. Finfinneen garuu akka waan dhagahee yaada kennuufitti yookiin isa bira jiruutti kan itti haasa'u ta'uusaa ibsa.

Fkn.3) Yaa ***kormaa handaaqqoo***
Kan mataan guuttiyyuu
Yoo barbaadde dhiisi
Obboroodhaan iyyuu
Kanneen akka ***weennii***
Gosoonni simbiraa
Yoo feetan sanyiidhaan
***Xaddeetti*** of-jijjiiraa.
Kuufamee-bokokee
Aduu ba'uuf dhufu
Iyyitanis-dhiistanis
Bari'uunsaa hinhafu (Lataa, 2018:23)

Hammam akka barri darbu agarsiisuuf, kormaa handaaqqoo, weenniifi xaddee walbira qabeera. Kormaan handaaqqoo kan guyyaa guutuu iyyaa oolu, abbaa nadheen shantamaa guddisaa ijoollee dhibbaa yoo iyyes yoo dhiises lafti dhi’e bari’uun isaa waan hinoolleef kan faayidaa hinqabne sana ta’a. Weenniin ammoo kan mukarra galu baala mukaa kan sooratu bifaan buraaburree kan xaddeetti dhiyaattu gogaan ishee kan faayaaf oolu sana ta’a. Xaddeen ammoo kan boolla keessa galtu qaama isheerraa faaggaa (filaa) yoo nama waraane balaa geessisu sana qabadi.Xaddeen kan qabeenya namaa kanneen akka dinnichaa, dammaan makaafi boqqoolloofaa balleessitu sana ta’a.

Akkuma walaloo waayee **‘Bari’uunsaa Hinhafu’** dubbate keessatti kormaa handaaqqoo, weenniifi xaddeen jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinis ijaarame ta’uu kan agarsiisudha.

Fkn.4) Maal si goone ***Bishooftuu***
Maaf nutti taatee burree
Ati dur durii kaastee
Bakka Nagayaa hinturree?
Gala malee hambiste
Warra galataaf yaa’e
Dhiigni lammiifi fira kee
Akkamiin siif sifaa’ee?
Sin gaafadha ***Bishooftuu***
Naaf deebisi dirqama
Eessa deeme eebbi kee
Inni jaarraa diigdamaa?
Akkamiin nu galchite
Kiyyoofi biyyoo kee gidduu
***Lammii koo hin nyaadhu*** jettee
Afaan cufattee hindidduu? (Lataa, 2018: 78).

Hammam akka seenaa Orommoo yaadatu ibsuuf, iddoo seena-qabeettii kan taate Bishooftuudhaan walbira qabameera. Bishooftuun lafa dachee Oromoo kan uummanni amantiisaa waaqeffachuuf irratti walgahu dirree Waaqeffannaa Oromoo kan taate bara 2016 Fulbaana 22 namoota ayyaana Irreechaarratti sababa adda adaatiin lubbuufi dhiigni isaanii wareegame/dhangala’e sana ta’a. Akkuma walaloo waayee ‘Maal si goone Bishooftuu’ dubbate keessatti Bishooftuun jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddeefi wanta waloon madda beekumsa isaa godhateefi ittiinillee qindoome ta’uu eera. Haaluma kanaan, Bishooftuun jiruu Oromoo keessatti wanta yaadaan malee qaamaan hinjirretti dubbachuun iddoo ayyaana waaqeffannaa Oromoo kan ibsudha.

## 4.2. Qaaccessa Malleen-dubbii Walaloo '*MAAL KOLFA DHALOONNI*?'

## 4.2.1. Ibsa Waayee Kitaabichaa

Kitaabni walaloo '***Maal Kolfa Dhaloonni?***' waloo Lataa Qana'ii Aagaatiin bara 2014 akka lakkoofsa Awurooppaatti kan maxxanfamedha. Kitaabni kunis, maxxansa 3ffaa yoo ta'u, matadureewwan walaloo adda addaa 70 ta'aniifi fuula 75 kan qabudha. Hiikni mataduree guddicha kitaaba kanaa yommuu ibsamu, dhaloonni sodaafi yaaddoon guutamee waan jiruuf, wanti nama gammachiisu hinjiru. Kana jechuun dhaloonni kolfuu jibbee osoo hintaane wanti kolfan akka hinjirre fakkiin qola kitaabichaa fuulduraan jiru kan ragaa bahudha. Kitaabni kunis, walaloo hedduu kan ergaa garaagaraa gama siyaasaatiin, gama hawaasummaatiin, gama diinagdeetiin, ilaalchaan, falaasamaan, duudhaa, afaan, dhimmoota hawaasa keessatti calaqqisiifaman bu'uura godhachuun kan haala jiruufi jireenyaa uummata Oromoo barsiisuufi ergaa bal'aa dabarsuu danda'u ofkeessatti hammatee xiinxalamuun qaacceffameera.




Fakkii 2:Kitaaba*"Maal Kolfa Dhaloonni?*' uwwisa fuulduraafi duubaa agarsiisu

### 4.2.2. Qaaccessa Mala Dubbii Akkasaa

Akkasaan gosa dubbii qolaa keessaa isa tokko ta'eet wantoota walhinfakkaanne lama jeechoota kanneen 'akka', 'fakkaata'fi 'hamma' jedhan gargaaramuun kan waldorgoomsiisu dha. Isaanis fakkeenya qaacceffamaniiru.

Fkn.1) ***Imimmaan*** baay'eetu yaa'e
***Akka galaana Gibee***
Dhoqqeefi dammatuu walmaaknaan
Akki itti fo'an dhibe.(Lataa, 2014:7)

Hamman akka imimmaan uummata Oromoo akka yaa'aa ibsuuf, galaana Gibeetiin walbira qabameera. Galaanni Gibee yaa'ee biyya kana gahuu kan danda'u, maddisiisaa humna ibsaa cimaa sana ta'a. Akkuma walaloo waayee ***'Akka Itti Fo'antuu Dhibe…'*** dubbate keessatti imimmaaniifi galaanni Gibee jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhateefi ittiinillee ijaarame ta'uu eeru.

Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessatti imimmaan dhugaan hawaasa keessa jiru tokko dhokatee sobaan walmakee kan hawaasicha rakkisuufi dararu addaan baasanii ilaaluuf illee kan baay'ee nama rakkisu ta'uusaa agarsiisa. Akkasumas, dhalli namaa kan baay'ee miidhamaa tureefi ajjeefamaa ture sana imimmaan isaa dhangalaasee boo'u akka galaana Gibeetti yaa'uu isaa kan ibsanidha.

Fkn.2)Yommuun walbira qabee
Yaadaan taajjabee laalu
**Kolfi dargaggoo ammaa**
Kan beera durii hincaaluu
**Beerri durii** yommuu kolfituu
Qas…qas…qas..qaaaas…
Dargaggeessi ammaa immoo
Ihim..ihii…ihi…ihim…
Jedhee ukkaamama
Akka waan waa dheekkamuu
Nikolfaafi niboohaansaayyuu
Adda bayee hinbeekamuu
Kun maaliif ta'e jedhee
Gaafan xiinxalu garuu
Dhaloonni kolfa hinjibbinee
Wanta kolfantu hinjiruu
maal kolfa….?(Lataa, 2014:17)

Hammam akka dargaggoon biyyaaf quuqamu ibsuuf, beera durii waliin walbira qabameera. Beerri durii kan bilisummaa hinqabne, kanhojiin mana keessaa itti baay'atu, mirgi ishee kan

hinkabajamne, hacuucamtee kan bultu, roorrifamtuu, miidhamtuu kan mirga isheefillee dubbatachuu hindandeenye, kan hinbaranne sana ta’a. Haata’u malee, gargaggoon yeroo ammaas akkuma beera durii sana kolfee gammadee kan jiraatu sana ta’a. Dargaggoon kolfuu jibbee osoo hintaane wanti kolfan akka hinjiraanne nama hubachiisa. Dargaggoon akka nama barateetti gaaffii mirgaa yoo gaafatu reebamuu, hidhamuu, dhiitamuu, gaaffii mirgaaf deebii dhabuu sana ta’a. Akkuma walaloo waayee ***‘Maal Kolfa Dhaloonni?’*** dubbate keessatti dargaggoofi beerri jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinis ijaarame ta’uu eeru.

Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessatti agarsiistonni armaan olii kun dhaloonni rakkoo cimaa keessa jiraachuu isaa, qabeenyi isaa saammamuu, mirga bilisaan gaaffii qabu dubbatee deebii itti argatu waan dhabuu, gaddaan ukkaamamee kolfuu dhiisuu isaa dhugaa yeroo ammaa kana hawaasa keessa jiru ta’uusaa kan ibsanidha. Sirna bulchiinsaa kana keessatti of-jiraachisuuf bulchiinsa ofii dheereffachuuf jecha sababootaafi qajeelfamoonni bahan tokko tokko hawaasarraan miidhaa kan geessisan ta’uu kan ibsanidha.

Fkn.3) Maaddii tokkorraa nyaatee
Abbaaf ilmatuu walshakkaa
Inni tokko as fakkaataa
Inni kan biraan duubaa
Kaan dhimma isa hingalchine
Akka abbaa dhimmaa dhuubaa
**Tulluun** fuulleetti ilaalan
Yoo itti siiqan ***hurrii***dhaa
Wanti ***damma*** fakkaatus
Yoo dhandhaman **furrii**dhaa
maal kolfa? (Lataa, 2014:19)

Waloon hammam akka namni dhimma nama dhuunfaa keessa seenee dhuubu agarsiisuuf, tulluufi hurrii akkasumas, dammaafi furrii walbira qabee waldorgomsiiseera. Tulluun hurrii fakkaatee mul’ateera. Hurriin kan gara deemtu hinbeekne wallaaltuu jaanjoftuu kan qoora harkistee deemtu sana ta’a. Tulluun ammoo kan achuma taa’ee nama ilaalaa oolu dhimma kan hinqabne sana ta’a. Dammi ammoo yoo dhandhaman kan mi’aawu garuu yoo ture kan furii ta’u sanadha. Furriin waan faayidaa hinqabne tuffatamtuufi gatamtuu kan irraa bahanii gatan sana ta’a. Akkuma walaloo waayee ***‘Maal Kolfa Dhaloonni?’*** jedhu dubbate keessatti tulluufi hurriin akkasumas, dammiifi furriin jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame ta’uu eeru.

Haaluma kanaan, agarsiistonni armaan olitti eeraman kunneen jiruu oromoo keessatti namni tokko yeroo isa biraa fakkaatuufi inni kan biraan ammoo osoo dhimma isaa hinta'iin akka waan dhimma isaa ta'eetti dhimma nama biraa yeroo odeessu mul'ata. Akkasumas, jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti soba dhugaa fakkeessanii dhugaa sobaan aguuguun osuma waliin nyaatanii dhuganuu waljala deebi'anii walmiidhuun, waliigalteen dhabamuu, waljibbuu, walshakkuun, waliif yaaduun dhabamuun namni dhimma isa hingalchine keessa galee isa kan biraa fakkaachuun walamantaan akka hinjrre kan ibsanidha.

Fkn.4) Huursee fiiga malee ***akka bubbee*** jabaa
***'Maallaqa'*** jechuun kun hiika maalii qabaa
Waraqaa gogaadha, firii warshaa ammayyaa
Hirkoo bososaadha, Kan duubni hallayyaa (Lataa, 2014:27)

Hammam akka maallaqni sagalee dhageessisee darbu agarsiisuuf, bubbeedhaan walbira qabameera. Bubbeen kan ijaan hinmul'anne kan mul'acuu danda'u yaadaan, ta'umsaafi gochaan mul'atu, kan namatti bu'ee nama kuffisu, duubatti hallayyaattillee nama darbu sana ta'a. Kan awwaara kaasee ijatti nama naqu kan dhiibbaa geessisuufi kan faayidaa hinqabne yoo ta'u maallaqnis bubbee ta'ee kan badu, kan argamu, dhala namaa olii gadi kan godhu sababa maallaqaatiin kan lubbuun namaa darbuufi maallaqni hiika akka hinqabnetti ka'a. Akkuma walaloo waayee '***Maallaqa'*** dubbte keessatti maallaqniifi bubbeen jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame ta'uu eeru. Haaluma kanaan, agarsiistonni armaan olii kunneen jiruu Oromoo keessa jiruufi jireenya hawaasa addunyaa kanarra jiruuf dhugaafi sirna qabeessaan maallaqatti yoo fayyadaman murteessaa ta'uusaa dagachuu akka qabne kan agarsiisanidha.

Fkn.5) Bu'aa ba'ii taane ***akka dugda gaalaa***,
Kan garaan dhagaatu, afaan dhadhaa caala,
Dhaabaafi dagalee taanee wal ijaaruu manna,
***Gasoon*** lafa haanee boolla waliif qonna,
Wabii ta'uu dhiifnee ***cabbii*** waliif taana (Lataa, 2014:30)

Hammam akka jireenyi hawaasa Oromoo bu'aa bayii ta'e ibsuuf, dugda gaalaa, gasoofi cabbiidhaan walbira qabameera. Dugdi gaalaa kan walqixxaataa hintaane takka gooroo (olka'aa), takkaa ammoo dhooqataa (gadibu'aa) kan hinmijanne sana ta'a. Gasoon sibiila baattee qabu kan yeroo namni du'e ittiin boolla qotanidha. Cabbiin kan bifti isaa adii kan yoo harkaan qaban qaama namaa diilalleessu kan baay'ee qorru sana ta'a. Akkuma walaloo waayee **'*Dhugummaansaa Hinjiru…'*** dubbate keessatti dugdi gaalaa, gasoofi cabbiin jiruufi jireenya

hawaasa oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame ta'uu eeru.

Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessa bu'aa bayiin jireenyaa walxaxaan kan jiru ta'uu, akki dhalli namaa itti jiraataa jiru baay'ee rakkisaa ta'uu, jiruun namaa sibiila baattee qara qabu kan lafti ittiin qotamuun akka walhincaalle, Akkuma dugdi gaalaa takka gadi bu'ee takka ammoo olba'u sana haalli dhalli namaa itti jirus isuma kana waliin waldorgomsiisuudhaan itti fayyadama mala dubbii akkasaatti dhimma bahuun akka danda'amu hubatameera.

Fkn.6) Humna hadoodeeru kaaftee,
***Akka qawwee*** dhukaaftee,
Keeniyaa ta'u Tarkii,
Isheen hi nqabdu shakkii.
Raashiyaas ta'u Hindii,
Xureen warqeema fiddi,
Goota lapheen ***gurgubbee***,
Furgofamtuu ***akka bubbee***,
Isheen hundumaa dura,
Kaan boodashee kurkura…
Kunoo akksi gootummaan,
Jabinaafi Oromummaan,
Xiiqiifi gara kutannoon,
Qabsoofi injifannoon.(Lataa, 2014:49-50)

Hammam akka Xurunash Dibaabaa dinqisiifatu ibsuuf, qawwee, gurgubbeefi bubbeedhaan walbira qabameera. Qawween meeshaa waraanaa kan ittiin diina ofirraa qalatani, kan yeroo lolli jiru, kan yeroo gaddaas ta'ee gammachuu qabatanii deeman, kan yommuu dhuka'u takkaatti rasaasni baay'een keessaa bahu, yeroo gabaabaatti kan iddoo barbaadame sana gahu, kan akka ilmoottillee nama marartu kan nama qabbaneessu sana ta'a. Gurgubbeen baala yoo harkaan qaban nama gugguubu kan diina ofitti hinbunne halaalatti kan jifatu cimaa sana ta'a. Bubbeen ammoo kan ijaan hinmul'anne takkaa dhumatti bakka jedhametti kan argamu, bakka hundatti kan mul'atu sana ta'a. Akkuma walaloo waayee ***'Kunoo Akkasi'*** dubbate keessatti qawween, gurgubbeefi bubbeen jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa ka maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame'qindaa'e ta'uu eeru.

Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessatti ergaan gama kanaan darbuuf yaadames, Xurunash maddi ishee Arsii keessa akka ta'e fiigichaan beekamtuudha. Humnaafi onneedhaan kutannoo kan qabdu bakka geese hundatti injifachuu malee injifatamuu hinbeektu. Fiigichi ishee qawwee rasaasa dhukaasu waliin walbira qabamee ibsameera. Qawween gaafa rasaasni keessaa dhuka'u yeroo gabaabaa keessatti fageenyarratti diina qolachuu danda'a. Xurunashis gaafa fiigicha

eegaaltu akkuma rasaasaa ta’uun namoota ishee duukaa fiigan hundumaa of-duukaa hiriirsitee dirree fiigichaa hundarratti olaantummaan injifattee warqee argamsiisuun maqaa biyya isheefi lammii ishee waamsisuun beekamtuu ta’uushee waloon mala dubbii iddeessatti dhimma bahee ergaasaa dabarfateera. Akkasumas, Xurunash bubbeedhaan walmorkisiisee dhiyeesseera. Kana jechuun bubbeen yeroo dhiyootti fageenya dheeraa deemuu waan danda’uuf, Xurunash gaafa fiigicha eegaltu akkuma bubbee sana humna cimaafi ariitiidhaan kuttee akka dabartu cimtuu ta’uu kan ibsanidha.

Fkn.7) Wal hinfakkaatu adda addaa,
*__Akka gammoojjii__*, *__akka baddaa__*,
*__Akka garaa__*, *__akka dugdaa__*,
*__Akka qal’aa, akka furdaa__*,
Tokko dhadhaabbata, tokko gufuu,
Yeroo gargariittis dhufu,
Inni firri………gaafa golfaa,
Inni alagaan…….gaafa kolfaa (Lataa, 2014:67)

Hammam akka hawaasa keessatti hojiin walhinfakkaane jiraachuusaa ibsuuf, gammoojjiifi baddaa, garaafi dugdi, qal’aafi furdaan, dhadhaabbataafi gufuun akkasumas, firaafi alagaan walbira qabameera. Gammoojjiin lafa dakee kan qoraattiifi dhoqqeen itti baay’atu, bu’aa bayii, hallayyaa, kan hinmijanne sana ta’a. Baddaan kan baay’ee qorru jireenyaaf rakkisaa sana ta’a. garaan isa waan itti kennan baatee taa’u, yaraafi gaarii ofitti qabatu kan namatti hinjabaanne laafessa sana ta’a. Dugdi ammoo kan garaarraa garagalee jiru sana ata’a. Qal’aan kan beelaan miidhame, huuqqate, hiyyeessa rakkataa sana ta’a. Furdaan ammoo isa nyaataaf qofa jiraatu, kan hin-yaanne, kan ofiifi garaa isaa qofaaf yaadu, dhimma namaa kan hinqabne albaadhessa sana ta’a. Dhadhaabbanni kan hirkoo, utubaafi miila ta’ee gara fuulduraatti nama tarkaanfachiisu kan tumsa namaaf kennuu danda’u ta’a. Gufuun ammoo isa diina namatti ta’u, oldeemanis gaddeemanis kan karaa gubbaarraa hindhabamne, ayyaan-dhabeettii,kan dhiiga baasuuf karoorfatte, kan nama miidhuuf deemtu, kan gaarii namaa hinjaallanneefi jibbituu sana ta’a.

Akkuma walaloo waayee **‘*Firaafi Alagaa*’** dubbate keessatti agarsiistonni armaan dura ibsaman kun jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame ta’uu eeru. Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessatti ergaan gama kanaan darbuuf yaadames, hawaasa keessatti amalliifi gochaan dhalli namaa raawwatu iddoodhaa iddootti kan walhinfakkaanne akka ta’eefi jiruu baadiyyaa kan ibsan ta’anii rakkina uummata baadiyyaa kan ibsanidha.

### 4.2.3. Qaaccessa Mala-dubbii Nameessuu

Nameessi wanta, saawwan, bineeldotaafi kkf amala namaa goonfaachiisuun ergaa dabarsuu barbaadanitti yaada kan horaniidha. Innis, bal'inaan akka armaan gadiitti qaacceffameera.

Fkn.1) ***Hiibboo cirracha ta'ee***
Hiikkaan wallaalameeru
Kan arrabni tokkittiin
Karaa sadiin dubbattu
Kan ***canoon*** aguuggattee
Wayaa adii uffattu
maal kolfa?(Lataa, 2014:20)

Hammam akka namni gaaffii uummta bal'aa dhoksu ibsuuf, cirrachaafi canoodhaan walbira qabameera. Cirrachi gaaffii hedduu kan uummanni Oromoo yeroo dheeraadhaaf irradeddeebi'ee gaafachaa tureefi gaafachaa jiru kan lakkaa'amee hindhumne isa deebiillee hinargatiin sana ta'a. Canoon ammoo bineensa bifti ishee gurraattii fokkiftuu taate, jibbamtuu kana mala hinbareenne kan fakkaachuu qabdu dhiistee kan ishee hinfakkaannetti michoomtu, waan hintaane hojjettee akka nama waan gaarii hojjeteetti, hojii xaxaa, iftoomina kan hinqabne kan hojjettu, shira xaxanii haqaaf fakkaachuu sana ta'a.

Akkuma walaloo waayee ***'Maal Kolfa Dhaloonni?'*** dubbate keessatti cirrachiifi canoon jiruufi jireenya hawasa Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame ta'uu eeru. Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessatti dubbii ejjennoofi dhaaba hinqabne hojjechuufi haala jiruu hawaasaa keessatti soba dhugaa fakkeessanii dhugaa sobaan aguuguun waliigalteen dhabamuu, waljibbuu, walshakkuun, waliif yaaduun dhabamuufi walmiidhuun yeroo ammaa kana kan baay'atu ta'uutu hubatama. Kanaafuu, jiruu oromoo keessa namoota taayitaarra jiran tokko tokko hawaasa keessatti soba dhugaa fakkeessanii hawaasa kallattii garagaraan sobuun gowwoomsuuf, beekaa of fakkeessan, kan gaaffii uummanni bal'aan kaasuuf deebii kennuu hindandeenye jiraachuu isaanii kan ibsanidha.

Fkn.2) Qe'ee hortee warra guddaa
Walfalmiidhaan diigamu
Abbaa gamtokkoon kaanaan
Haadha gamtokkoon kaatu
Ijoollee galma dhabdee
Qoonqoo bineensaaf taatu
Balballi banaatti hafnaan
Diinqa guutte ***saroonni***
***Dachee quraan-qurxatte***
Maal haa kolfu dhaloonni? (Lataa, 2014:20)

Hawaasa keessatti hammam akka nama abdii kutate ibsuuf, sarootaafi dachee quraan-qurxatteen walbira qabameera. Saroonni kan waan kennaniif nyaattu, kan waliigaltee hinbeekne warra imaanaa nyaatu, tuffatamtuu jibba malee jaalala waa tokkoo hinqabne kan nama ciniintu, kan karaa darbee nama dhoowwitu sana ta'a. Dacheen quraan-qurxatte ammoo jireenyaa kan abdii kutate, jiraachuu namaa kan hinbarbaanne, kan badii yaadu, kan tokkummaa saba bal'aa hinjaalanne sana ta'a. Akkuma walaloo waayee ***'Maal Kolfa Dhaloonni?'*** dubbate keessatti sarooniifi dacheen quran-qurxatte jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan fudhatamaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame ta'uu eeru. Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessa dhala namaa hojii tokkorraa abdii kutatuufi kutannoo dhabu akkasumas, yeroo saroonni akka namaatti diinqa yaabdee teessu nimul'ata.

Dachee kana gubbaarratti hawsaasni jiruufi jireenya isaa keessatti bu'aa bayii adda addaa keessa jiraata. Isa tokkoof yoo mijatu, isa biroof immoo hinmijatu. Inni tokko yoo kolfu inni biraan niboo'a. Namni jiraachuuf qabsoo jireenya keessatti isa mudatu wal'aansoo qaba. Kaan wal'aansoo kana haala salphaan yoo injifatu, kaan immoo ni'injifafatamu. Walumaagalatti, namoonni hamma humna isaanii dafqanii, bu'anii bahanii, hojjetanii bu'aan isaan argatan xiqqoo ta'u, nimiidhamu, hojjechuuf keessi isaanii hamilee dhaba; jireenya bara baraa injifachuuf mogoleetu bu'a, humna hojjechuufi hojjechiisuun of-guddisuu dhabuu kan ibsanidha.

Ergaan karaa kana darbes, biyya waliigalteen keessa hinjiraanne tokko keessatti saroonni yeroo gochaa fudhatama hinqabne tokko raawwatan, waliigaltee diigan, tokkummaa balleessan, qe'ee saba guddaa mancaasaniifi yommuu dacheen amala namaa fudhattee jireenyarraa abdii kutachuudhaan hawaasa miidhuudhaaf dubbattu nimul'ata. Kun ammoo hawaasa keessatti waanuma ta'aa jirudha. Yeroo kana ta'u, dhaloonni qubee osoo biyya qabuu biyya dhabuu, osoo nyaachuu qabuu diinaan nyaatamuu, dhugaan haqaaqamuu, dararamuufi dhiittamu nimul'ata. Kanaaf, dhaloonni kolfa jibbee osoo hintaane wanti hundumtuu amala namaa gonfatee gochaa hintaane yeroo raawwatu keessatti wanti kolfamu akka hinjiraanne kan ibsanidha.

Fkn.3) Iyyaafannoon miti yookiinis akeeka
Hiika madaa garaa kan madaa'etuu beeka
Dhukkuba hamaadha ***raammoof silmii*** baata
Ilkaan dheeraa qaba qorqee nama nyaataa
Onneerratti uumuudhaan godaannisa dhoksaa
Ujummoo guduunfee hidda dhiigaa gogsaa
Mar'imaan waxalee garaacha ciincessaa
Kalee gargar baasee ribuu hoollachiisaa
Kaayyoo dukkaneessee hamilee quucarsaa

Madaan garaa **summiidhaa**, summii bultii yakkuu
Abbumatuu wixxisa buusee imimmaan lakkuu
Hiriyyaafi ollaan firris namaaf hinargu(Lataa, 2014:23)

Hammam akka namni tokko rakkina qabu ibsuuf, raammoo, silmiifi summiidhaan walbira qabameera. Raammoon jarmiilee xixiqqoo laayyootti ijaan mul'achuu hindandeenya kan garaa namaa keessa seenanii miidhaa, ajjeechaa, dhukkubbii fidhan, kan nagaa namaaf hinlaanne, kan keessa namaa jeeqaniifi boqonnaa nama dhorkan sana ta'a. Silmiin ammoo ilbiisota kan beeyladoota irratti maxxanuun dhiiga xuuxxu, miidhaa geessistu, kan huuqqina fiddu sana ta'a. Akkasumas, summiin kan nama ajjeesu, isa lubbuu waaqayyoon uume balleessu sana ta'a. Akkuma walaloo waayee ***'Madaa Garaa'*** dubbate keessatti raammoon, silmiifi summiin jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhateefi ittiinillee ijaarame ta'uu eeru.

Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessatti madaan garaa amala namaa fudhatee yeroo ilkaaniin qorkee nyaatu, yeroo hidda dhiigaa gogsu, mar'imaaniifi garaacha yeroo ciincessu, kalee gargar baasee yeroo ribuu hoollachiisu, yommuu kaayyoo namaa dukkaneessee hamilee dhala namaa quucarsu nimul'ata. Namoonni sadarkaa adda addaatti itti gaafatamummaa fudhatanii haqaan hojiirra hinoolchine, abbaa dhugaa qabu nimiidha; dhugaan dhokachuufi dhugaa dabsuun, kan dhugaa hinqabneef sobaan hojjetanii murteessuun kan dhugaan jalaa dhokate cunqurfamuufi gidirfamuun hamma fedheyyuu yoo iyyateefi wawwaatellee kan furmaata hinqabne kan ibsanidha.

Fkn.4) Utaalee dhaadatee addunyaa hoollachiisaa
Dhugaa boquu cabsee kijiba onnachiisaa
Teessuma aangoo hiree…ulaagaa gurguraa
Mana sagal lixee…diinqa namaa unkuraa
Gurra dhaga'u duuchee, ija ilaalu jaamsaa
Hammeenya hanqaaqee, dungoo ifu dhaamsaa(Lataa, 2014:27)

Hammam tokko akka hawaasa keesstti dhugaan haqaaqamu ibsuuf, maallaqaan walbira qabameera. Maallaqni yoo ilaalan kan baala gogee yommuu irra ejjetan ammoo caccabee badu, qosholee kan jabina hinqabne, kan garaagarummaa hawaasa keessatti uumee nama walficcisiisu, soba tulluurra baasee dhugaa namni qabu boolla buusuu danda'u sana ta'a. Akkuma walaloo waayee ***'Maallaqa'*** dubbate keessatti maallaqni jiruufi jireenya hawaasa oromoo keessa kan maddeefi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame ta'uu eera.

Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessatti ergaan gama kanaan darbuuf yaadames, maallaqni guutummaa biyya lafaarratti olaantummaa qabaachuu isaa ibsa. Dhalli namaa jaalala maallaqaaf qabu irraan kan ka'e, maallaqa argachuuf jecha, haqa jiru kan dhoksu, maallaqni dhugaa jiru dhoksee sobaaf bakka laachuun madda aangoo ittiin argatan ta'uu ibsa. Gama biraan, madda jeequmsa dhala namaa ta'ee, dhugaa jiru dhoksee mirga dhala namaa irraa molqa. Ta'us, maallaqni kun dhumuufi dhala namaatiif wabii guutuu akka hinqabaanne, akkasumas, garmalee maallaqatti hirkatanii nama miidhuun dhumni isaa kufaatii akka ta'e kan ibsudha.

Fkn.5) Qaa…qawu…qaa…qaa…qawu…qaa…qaa…
***Kolfa qamalee*** kan guyyaa kan barraaqaa
Kan dharaa yookiin kan haqaa
Yeroo hunda ilkaan shee kolfa toora naqaa
"Hangam miidhamtullee homaa hinqabdu jiila
Hinboossu hingadditu, garaan kee sibiila
jedheetu ***jaldeessi*** qamalee komannaan
Akkasiin deebifteef qooqa laafaa sanaan
"Lakkii mee yaa jalduu hubadhu dubbiisaa
Maaltu naaf deebinaanan gaddee boo'uu dhiisaa
Situ hinbeekuuf malee hiikasaa fagootii
Inni ani kolfu kun anaaf boo'a kooti"
Jettee muka yaabde imimmaanshee haqaa
Kolfas itti fufte, qaa…qawu…qaa…qaa…….(Lataa, 2014:43)

Hammam akka Oromoon gaaffii mirgaa gaafatee deebii argate ibsuuf, qamaleefi jaldeessa waliin walbira qabameera. Qamleen bineensota keessaa kan baay'ee ashaalummaan beekamtu, yoo diinni itti dhufes malaan kan dhokattee teessoo, qaamaafi fuula isheeffi baala mukaa haguuggattee diina ofirra dabarsitu, kan gowwoomuu hindandeenye ishee amala namaa gonfattee osoo miidhamtuu kan kolfitu sana ta'a. Akkuma walaloo waayee ***'Kolfa Qamalee'*** dubbate keessatti qamaleefi jaldeessi jiruufi jireeenya hawaasa oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinis ijaarame/qindaa'e ta'uu eeru.

Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessa waayee miidhama hawaasa keessa jiruufi qaamni hawaasaa miidhame kunis, karaa isaan gadda/miidhama isaanii/ ittiin ibsatan adda adda ta'uusaa hubachiisa. Kana keessatti, qamaleen yoo kolfitellee gadda qabaachuu ishee jaldeessatti dubatteetti. Hawaasa keessas namoonni hedduun afaanii baafatanii himachuu baatanillee rakkinaafi gidiraa akka qabaatan, namni gadda isaa kolfaan akka ibsachuu danda'u karaa alkallattiin bineensotatti qabachuun dhiyeessuu nama hubachiisa. Kun ammoo jiruu baadiyyaa isa jireenyaaf rakkisaa ta'e sana kan agarsiisanidha.

## 4.2.4. Qaaccessa Mala-dubbii Iddeessuu

Iddeessuun waan tokko waan birootiin bakka buusuun waan sana ibsuufi amala waan sanaa karaa dhokataa ta'een kan agarsiisuudha. Innis haaluma itti aanuun qaacceffameera.

Fkn.1) Kan fiigu ***miila***dha dacha'ee diriiree
Kattaaf irraan gadee tabbas qaxxaamuree
Mogoleen hadoodee kopheen quba muree
Faanni tottoroshee koronyoon dhiita'ee
Foon sarbaa ciccitee mudaammuddiin ka'ee
Luqqeettuun bututee lafeen jilbaa ba'ee
Dorgomee…morkatee xiiqiidhaan si'ataa
Kan mo'u hoo miiladhaa dafqasaa fixaxaa
***Mormi maaf*** gadi jedhee meedaaliyaa dirataa (Lataa, 2014:3)

Waloon hammam akka nama osoo hinhojjetiin nyaatu balaaleffatu ibsuuf, miilaafi mormi walbira qabameera. Miilli qoraattii, gobaa, gufuu osoo hinjedhiin kan fiigu, kan tarkaanfatu kan utaalee diina jalaa bahu, bakka garaa ofii kan namaan gahu, kan bobbaasee manatti nama deebisu ifaajaa isa hojjetee jiraatu sana ta'a. Mormi kan fakkeessee jiraatu, osoo hinhojjetiin kan dafqa namaa nyaatu, isa namni tokko dafqa isaa xuruursee hojjetee argamsiise isa namni biraan itti darbee akka waan hojeteetti nyaatuufi galata galateeffamu sana ta'a. Akkuma walaloo waayee **'*Mormi Maaliif*'** dubbate keessatti miilliifi mormi jiruufi jireenya uummata oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame ta'uu eeru.

Haaluma kanaan, miilliifi mormi jiruu Oromoo keessatti kan dhama'eefi dafqe osoo jiruu kan hindhamaane maaliif galata akka argatuufi dhugaa bulchiinsaatiin jiru yoo ilaallu, namoota aangoorra jiran caalaa kan hojjetan namoota isaan jala jiraniidha. Gahee hojii isaanii bahuuf boqonnaa malee hojjechuu, kan isaan waliin hojjetan wajjiin dorgommii uumamuun firii hojiisaanii mul'isu. Erga kun ta'ee booda kan maqaan waamamuufi badhaafamu qaama hooggansarra jiru isa biraati. Gama hawaasummaatiin yoo ilaalamu ammoo **y**eroo tokko tokko namoonni dadhabbiin isaanii hinmul'anne nijiru. Faallaa kanaatiin immoo namoonni waanuma xiqqoorratti hirmaatanii kan gurra guddatan nimul'atu. Kunis, ilaalcha namoonni waliif qaban irraa madduu danda'uusaa kan ibsanidha.

Fkn 2) ***Akkam jirta sanyii koo***? sanyii maqaa tolaa
Daraaruu kee ilaalee kallattii hundaadhaa
Firii ija kee arguuf, dharraan koo guddaadhaa
Jiite lalisuu keeti malee wanti ani yaadu
Aramaan xuuxamtee goguu kee hinbarbaadu
Atis callaa toltee akka guuttu ***gumbii***
Waaqni sirraa haaqabuu quuqamaafi dhukkubbii

Daana'oon si hinnyaatiin, biliin si hinwaraaniin
Gogorriin si hinhaadhiin, lolaan si hinfacaasiin
Naaf jiraadhu sanyii koo
***Sanyii gaafa rakkoo*** (Lataa, 2014:42)

Waloon hammam akka saba isaa mararsiifatu ibsuuf, sanyii midhaanii kan daana'oofi biliin hinnyaanne sanaan walbira qabameera. Sanyiin daraaree yoo ijaan ilaalan kan namatti tolu, kan beela nama baasu quubsaa, daraaraan isaa kan fageenyarratti urgaa'u, daana'oofi biliin akka hinnyaanneef qoricha ammayyaatiin gumbii keessa tursiisanii yeroo dheeraadhaaf itti fayyadamuun kan danda'amu sana ta'a. Daana'oofi biliin ammoo kan ija midhaanii uranii keessa isaa ona kan taasisaniifi akka faayidaa hinkennine kan taasisan sana ta'u. Sanyiin /qomoon ofiis kan roorroo namarraa ittisu gaafa rakkoo kan waliif birmatu, hattuufi saamtuu irratti qabsaa'ee kan saba isaa bilisa baasu sana ta'a.

Akkuma walaloo waayee ***'Sanyii Koo'*** dubbate keessatti sanyiin, daana'oofi biliin jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate ittiinillee ijaarame ta'uu eeru. Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessatti ergaan karaa kana darbuuf yaadame, waloon walaloo kanaa hawwiifi abdii sanyii midhaanii facaafatee qabuun waldorgomsiisuun jaalala, hawwiifi abdii sabaa isaatiif qabu, ibseera. Akkasumas, sabni isaa akka dagaagu, hamtuun akka hinargines eebbisee jira. Kana keessattis, sanyii midhaanitti fayyadamuun bakka lammii isaa buusee hawaasaaf ergaa kan dabarsu ta'uusaa nama hubachiisa.

Fkn.3) Goota Oromoon dhalchate,
Guddisa ishees tolchate,
***Xuree intala Dibaabaa,***
Biqiltuu baddaa Arsii,
***Qeerransittii*** ajaa'ibaa,
Fiixaan baaftuu dirqamaa,
Tokkittii hamma diigdamaa,
Duruu ni mooti hundaa,
Kan beejingi immoo adda,
***Leencittiin*** Obbo Dibee,
Obsituun gaafa dhibee,
Garaa qabattee fiigdee,
Kakuu lammii isheef dhiigde,
Koomeerra teessee kaatee,
Waan jetteef wabii taate,
Dirqama lammii baate (Lataa, 2014:49)

Hammam akka Xurunash Dibaabaa beekamtuu taate ibsuuf, leencaafi qeerransaan walbira qabameera. Leenci mootii beekamaa kan homaa hinsodaanne, yoo bosonaa baroodu kan

sodaahisu, laftillee nama jalatti rumtu, kallattii kamiinuu haata'u moo'uu malee kan moo'atamuu hinbeekne cimaa sana ta'a. Qeerrnsis akkuma kana ta'a. Qeensa isaa gadi baasee yoo agarsiisu kan ofitti diina butuu hindandeenye moo'ataa, injifataa, fuulduratti tarkaanfataafi kan haaloo kuufatu sana ta'a.

Akkuma walaloo waayee ***'Kunoo Akkasi'*** dubbate keessatti Xureen, leenciifi qeerransi jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan fudhatamaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinis ijaarame ta'uu eeru. Haaluma kanaan, agarsiistonni kun jiruu Oromoo keessatti ergaan gama kanaan darbuuf yaadames, Atileet Xurunash bakka goototaa Oromoo buutee alaabaafi maqaa saba ishee olqabdee jirti. Akkasumas, Xurunash guutummaatti amala qeerransaafi leencaa fudhatteetti. Kanaafuu, leenciifi qeerransi jiruu hawaasichaa keessatti goota cimaa isa beekamaa ta'e kan ibsanidha.

Fkn.4) Qe'een guutuu kuusaa dhangaa,
Gorduubni garbuu, boroon mishingaa,
Dureessa itittuu, ameessaafi sangaa,
***Lola iyyummaaf ajajaa waraanaa,***
***Goota qabsoo, olaanaa***,
***Lafee biyyaa; hoogganaa***.
Qonnaan bulaa…. (Lataa, 2014:46)

Hammam akka qonnaan bulaa jaallatu ibsuuf, ajajaa waraanaan, gootaanfi lafee biyyaatiin walbira qabee waldorgomsiiseera. Ajajaan waraanaa kan balleessisiisuu danda'u, kan dhiisuu danda'u beekaa hunda ajaju ofjalatti bulchu isa malee hojii hojjechuu hindandeenye sana ta'a. Goonni waan hundumaan kan duubatti hinjenne jajjabeedha. Kan sodaa hunqabne halkaniifi guyyaa dafqa isaa cobsee qorraafi rooba kan hinjenne mo'ataafi injifataa sana ta'a. Qonnaan bulaan lafee biyyaa hoogganaa kan jedhu ammoo biyyi kamiyyuu gaaddisa qonnaan bulaa akka jiraatu, qonnaan bulaa malee hiddi biyyaallee dheerachuu akka hindandeenye, namni kamiyyuu qotee bulaarratti hirkatee jiraachuu kan danda'u ta'uusaati.

## 4.2.5. Qaaccessa Mala-dubbii Arbeessuu

Malli dubbii kun amala wanti tokko qabu garmalee olkaasuun/gadi buusuun ibsuuf kan gargaaruudha. Kana jechuun yaada tokko xiqqeessuun/tuffachuufi arbeessuun ibsuuf kan tajaajiluudha. Isaanis, haaluma itti aanuun dhiyaatanii qaacceffamaniiru.

Fkn. 1) Isa darbeefuu gaabbiin koo,
Guuteera ***qalqalatti***,
Na hin waaminaa ani hindhufuu,
***Hallayyaa*** qarqaratti,
***Harreen*** dhukkubbii hin jiille,
Madaadhan gangalatti.(Lataa, 2014:2)

Hammam akka namni tokko bakka hinbarbaadamnetti akka hinargamne ibsuuf, qalqala, hallayyaafi harreen walbira qabeera. Qalqalli kan kal’oo re’ee irraa hojjetamu, kanmwaan itti naqan baatee taa’u, kan hinsochoone ba’aa ulfaataa sana ta’a. Hammuma fedhellee namni kan gaabbu yoo ta’ellee gaabbiin isaa garuu kan qalqallootti akka midhaanii sana safarami miti. Hallayyaan ammoo boolla baay’ee gadi fagoo kan qileefi sodaachisaa ta’e sana agarsiisa. Harreen ammoo kan waan jedhaniin hindhageenye wallaalaa, kan maal naan jedhanii hinbeekne sana, kan nyaattee quufuu hindandeenye,kan handhuura hinqabne sana ta’a. Akkuma walaloo waayee “Na hin waaminaa” dubbate keessatti qalqala, hallayyaafi harreen jiruufi jireenya uummata oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinis ijaarame eeru. Haaluma kanaan, agarsiistonni armaan olii kunneen jiruu Oromoo keessatti gaaffii uummataa tuulamee deebii dhabee jiru, gochaa hintaane raawwatanii yoo gaabban illee kan deebi’uuhindandeenye, rakkinni, gidiraan, hacuuccaan kan hiriiree nama eeggatu isa keessatti kufan ta’uufi osoo qarmii namaa hintuqiin tuqxe jechuun dararamuu, madaarratti madaa dabalachuufi rakkina uummata Oromoorra jiru kan ibsanidha.

Fkn. 2) Karaa fagoo dhiyoo fakkeessuun kee,
Miiccee dhiqxee caalatti addeessuun kee,
***Samii raastee urjii harcaasuun kee***,
***Tulluu*** dhiibdee iddoodhaa kaasuun kee,
Miilli kee ardii marsuunsaa dafee,
Maal fayyada foon gochuun kees lafee,
Anoo qaamaan manumattan hafee!(Lataa, 2014:5)

Hammam akka qalbii manatti hafe ibsuuf, samii, urjiifi tulluun walbira qabeera. Samiin gurraacha isa ijaan yoo olilaalan mul’atu sana ta’a. Urjiin ammoo isa galgala galgala samiirraa gadi ifu kan ifa mataashee hinqabne sana ta’a. Tulluun ammoo kan socho’uu hindandeenye ulfaataafi guddaa yoo dhiibnillee kan dhiibamuu hindndeenye sana ta’a. Akkuma walaloo waayee ***“Qalbii”*** dubbate keessatti samii,urjiifi tulluun jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame ykn ittiin qindaa’e ta’uu kan agarsiisanidha.

Haaluma kanaan, agarsiistonni armaan olii kunneen jiruu Oromoo keessatti namni qalbii nagaa hinqabne mana keessa taa'ee samii raasuun urjiin harca'uu akka hindandeenye, tulluu dhiibuun bakkasaatii kaasuu yaaluun arbeessufi malee gochaan kun awaan dhaggeeffattoota fuulduratti dhugaa hinfakkaannedha. Kanaaf, Namoonni waan hojjechuu dand'n dhiisanii waan hojjechuufi gochuu hindandeenye tokko hojjechuuf yaalii taasisuun kun dadhabbiifi dhamaatee bu'aa hinqabne ta'uu kan ibsanidha.

Fkn.3) Wanti ***hamma dhagaatti*** eegan
Hin ulfaatu ***hamma baalaa,***
Kan dhoksaa walitti himetu,
Dhoksaa walii daldaala,
Kan ***shittoo*** waldibetuu,
Deebi'ee ***bukoo*** walfaala,
Kaayyoo guddaatuu mancaa'a,
Sababuma xiqqootti,
**Yoo jibbi *gaanii* guute,**
***Jaalalli burcuqqootti***.(Lataa, 2014:7)

Hammam akka wanti eeggatan tokko galma hingeenye agarsiisuuf, dhagaafi baala, shittoofi bukoo akkasumas, gaaniifi burcuqqoo walbira qabuun walmadaalsiseera. Hamma dhagaa kan jedhu baay'ee guddaa, jabina kan qabu, ulfaataa,cimaafi ulfina kan qabu sana yoo ta'u, hamma baalaa kan jedhu ammoo ulfaatina kan hinqabne qosholeefi kan kabaja hinqabne sana ta'a. Shittoon ammoo kan urgaa'u isa foolii tolu, mi'aa jaalalaa yoo agarsiisu, bukoo kan jedhu ammoo kan jibba agarsiisu sana ta'a. Akkasumas, jibbi gaanii guute kan jedhu kun arbeessufi malee akka bishaanii jibbi gaanitti namma/naqama/ jechuu miti. Namni kallattii adda addaatiin kan isarraa calaqqisa jibba, gadadoo, badii, waan hintaane hojechuu sana yoo ta'u, jaalalli burcuqqootti kan jedhu ammoo hawaasa keessa jiraannu keessatti jibbi jaalala mo'ee jiraachuusaafi jaalalli jibbaan haguugamuusaatu hubatama malee waan burcuqqootti safaramee ilaalamu miti jechuudha.

Akkuma walaloo waayee "Akka itti Fo'antuu Dhibe…" jedhu dubbate keessatti hamma dhagaa, hamma baalaa, shittoo dibuu, bukoo faaluufi jibbi gaaniitti, jaalalli ammoo burcuqqootti jedhaman kun jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan fudhatamaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate ittiinillee ijaarame ta'uu kan agarsiisanidha. Haaluma kanaan, agarsiistonni kunneen jiruu Oromoo hojii nama tokkoo ilaalanii ulfina qabu salphisuu, isa urgaa'u akka ajaa'u taasisuu, jibbi kan jaalalacaalee jiru ta'uu kanibsanidha.

Fkn.4) "***Anaan duuti...si dhiisee….anaan..!***
Si jaaladha guutuu laphee koo kanaan,
***Sin madaalu nama keessaa eenyuttuu,***
Si hin dagadhu ***mormi koos narraa cittu***…"(Lataa, 2014:8)

Hammam akka namni gaafuma walbira jiru qofa akka waljaallatu ibsuuf, hiriyyaan walbira qabameera. Hiriyyaan kan bakka waamametti argamu, kan imaanaa namaa hin-nyaanne, kan waliin nyaatanii waliin dhugan, kan biyyasaafi saba isaatiif dabarsee ofkennu sana ta'a. Sin madaalu nama keessaa eenyuttuu kan jedhu namni hamma namaa sanaa jaalatamu kan biro jiraachuu danda'a waan ta'eef kun dhaadhessumaaf dhiyaate. Mormi koos narraa haacitu kan jedhu ammoo hammuma fedhellee yoo jaalalli jiraate dabarsanii morma ofii muranii kennuun kun waan dhugaarraa fagaatedha.

Akka ilaalcha waloo kanaatti, hammuma fedheyyuu waljaalachuun jiraatuyyuu, 'Anaan duuti…sidhiisee…anaan!' kan jedhu gurruma guddisuuf malee namni tokko iddoo nama jaalate sanaa bu'ee bakka kee natu du'uu qaba yoo jedhee dubbatu kan gurra dhaggeeffataafi dubbisaa fuulduratti dhugaa hinfakkaanne sana ta'a. Akkuma walaloo waayee ***'Gaafuma Walbiraa…'*** dubbate keessatti 'Anaan duuti…sidhiisee…anaan!, sin madaalu nama keessaa eenyuttuufi mormi koos narraa haacitu' kan jedhaman kun jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame ta'uusaa eeru. Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessatti waliif du'uu, isa tokko kan biroorra caalchisuufi morma walii kutanii kennuun hariiroo gaarii hawaasicha keessatti argamu ta'uusaa kan ibsanidha.

Fkn.5) Dubbiin hundee hinta'u
Afaan kee qadaadi
Tabba tokko yoo baate
Tabba biraas yaadi
Otoo karaa jirtuu
Otoo haala hincuunfiin
Galmaan ga'e seetee
***Ulullee*** hinafuufiin
Nyaata fagoo jiru
Fooliidhaan hinquufiin (Lataa, 2014:28)

Waloon hammam akka namni tokko xawalwaallee ta'e ibsuuf, ululleen walbira qabeera. Ululeen kan qaawwaa(shambaqqoo) irraa hojjetamtu, kan duubaafi fuulduraan uraa qabdu akkasumas, kan qaawwa sadii cinaacharraa qabdu sana ta'a. Ululleen kan qaawwa hundaan dubbachaa ooltu, kan qilleensaa yaasaa ooltu sana ta'a. Akkuma walaloo waayee **'Tabbi Biraanis Jira'** jedhu

dubbate keessatti ululleen jiruufi jireenya hawaasa oromoo keessaa kan maddeefi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate ittiinillee ijaarame ta’uu agarsiisa.

Haaluma kanaan, agarsiistuun kun jiruu Oromoo keessa adeemsa jireenya hawaasaa keessatti haasa’aan ykn oduu qofti bu’aa akka hinqabne ibsa. Bu’aa bayiin walxaxaa ta’e, fuuldurattis carraaquun akka hindagatamne namatti mul’isa. Jireenya hawaasaa keessatti waan miidhaa qabuufi faayidaa qabu bitaaf mirgaan adda baasanii xiinxaluun akka namarra jiru ta’uu kan ibsudha.Yeroo ammaa kana keessatti bu’aa bayiin walxaxaa ta’e akka jiru, bu’aa bayii keessa immoo jijjiiramni akka jiru akkasumas, jijjiirama keessa milkaa’inni jiraachuusaa namatti ibsa.

Fkn.6) Kan ka’umsi mo’oo
Dhumni kottee biraa,
Siifan gadde eege,
***Eegee*** maqaa yaraa,
Booda deemtuu hundaa,
Kan mataan ***muucaraa***.(Lataa, 2014:34)

Hammam akka namni tokko waan hundumaan duubatti harkifau ibsuuf, eegeedhaan walbira qabameera. Eegeen waan teellaa deemtu duubatti harkifattuu kan taate, gaabbii isa raawwatamee darbee duubatti deebi’anii raawwachuun hindanda’amne, waan darbetti tattaaffiifi carraaqqii gochuun kan faayidaa hinqabne kan mataan isaa ykn guddinni isaa gadi ta’e kan guddina hinqabne sana ta’a. Hawaasa keessattis namni jiruun isaa akku eegee kana ta’es jira. Akkuma walaloo waayee ***‘Eegee’*** dubbate keessatti eegeen jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddeefi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinis ijaarame ta’uu eera.

Haaluma kanaan, jiruu hawaasa Oromoo keessatti hojiiwwan dhalli namaa hojjetu hunda eegeedhaan walcinaa qabee tuffiifi gadaantummaa nama sanaaf qabu eegeetti qabatee ergaa isaa yommuu dabarfatu nimul’ata. Eegeen yeroo hundumaa duubatti akka argamtuufi hojii kamiinuu hundumaa gadi akka taate akkasumas, yommuu midhaan calleessan kan ittiin cidii yookaan habaqii ittiin irraa haran hartuu, waan xiqqaa kan ibsudha.

Fkn.7) A: Na jaalattaa?
B: ***Sin jaaladha caalaa namaa,***
A: Na yaadattaa?
B: Hirriibarraan siif kaafama,
A: Naaf dhiphattaa?
B: ***Urgufameen siif raafama***,
A: Na faana buutaa?
B: ***Si biraa na deebisu falluu,***
A: Anaaf duutaa?
B: Isarratti hoo walii hingallu!(Lataa, 2014:40)

Hammam tokko akka jaalala biyyaa qabu ibsuuf, bifa gaaffiifi deebiitiin nama birootiin walbira qabameera. Waljaallachuun akkuma jirutti waan gaarii ta'ee 'Sin jaaladha caalaa namaa' kan jedhu kun akka waan namni biroon akan nama sana gitu hinjirreetti haasa'u mul'ata. Garuu kan isa calu kumaatamatti lakkaa'amuu danda'a. Urgufameen siif raafamaan ammoo akka waan dhukkubni busaa qabeetti akka waan qilleensi haafa mukaa sochoosutti bakka sana ofbuusanii dubbachuun gurra dhaggeeffattootaa fuulduratti waan dhugaa hinfakkaanne sana ta'a. Akkasumas, Si biraa nan deebisu falluu kan jedhu ammoo rakkoo si muudateef dursa kan itti gaafatamummaa fudhatu, du'allee yoo ta'es bakka natu du'uu qaba jechuun haasa'uun kun arbeessumaafi malee namni gochaa akka kanaa raawwatu kan hinjrre sana ta'a.

Akkuma walaloo waayee ***'Gaaffiifi Deebii'*** dubbate keessatti nama walcaalchisuu, walii urgufamuuf raafamuufi walii du'uu jedhaman kun jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaara/qinda'e ta'uu kan eeranidha.  Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessa hariiroon waliin jireenyaa daboorratti, daadoorratti, rakkoowwa adda addaarrtti, gaafa gaddaas ta'ee gaafaa gammchuu walbira dhaabachuurratti walitti dhufeenya cimaa kan qaban ta'uu kan ibsanidha.

Fkn.8) Sitti laanne malee
Siif hinlaanne…lakki
Irra teesse malee
kan kee miti bakki
***Bullukkoo aangoo dhuunfaa***
Ofitti hinuffisiin
Qooda kan kee hintaaneef
Abbummaa hinmul'isiin
Nan danda'a jettees
Ija jabummaatiin
Waan namni itti dafqe
Sukkuummattee hin nyaatiin(Lataa, 2014:41)

Hammam akka namni tokko aangoo dhuunfaatti ofiif kennu ibsuuf, bullukkoodhaan walbira qabameera. Bullukkoon gaafa qorraa, gaafa sirnaafi ayyaanota adda addaa kan uffatanii ittiin bashannanan uffata ulfinaaf uffatamu kan kabajaati. Bullukkoon uffata kabajaa kan namni dhuunfaa isaatiin bitatee uffachuu dandaa'u sana ta'a. Akkasumas, namni biraan namatti uwwisuu danda'a. Keessumaa gaafa intalli heerumtu soddaan abbaa intalaatti uwwisu kan ulfinaa sana ta'a. Akkuma walaloo waayee***'Hin nyaatiin'*** dubbate keessatti *bullukkoon aangoo dhuunfaa* jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessaa kan maddeefi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate kan ittiinillee ijaarame ta'uu eera.

Haaluma kanaan, jiruu oromoo keessa namni kamiyyuu itti gaafatamummaan itti kenname akka hawaasa ittiin tajaajiluuf malee, akka qabeenya dhuunfaa isaatti akka itti fayyadamuufi ittiin of jajuun sirrii akka hintaane hubachiisa. Kana malees, aangootti fayyadamee qabeenya uummataa saamuun sirrii akka hintaane ibsa. Kun ammoo hawaasa keessa jiraachuusaa adda baasuufi qaama kana hinhubanne hubachuuf, isa gocha akkasii hojjechaa jiru immoo akeekkachiisuu isaa kan ibsudha.

### 4.2.6. Qaaccessa Mala-dubbii Fakkoommii/Mallattoo

Dubbiin qolaa kun wanta ijaan hinmul'anne yookiin waan tokko waan mul'atuun bakka buusanii mul'isuun kan ibsamuudha. Innis fakkeenya isaa waliin qaacceffameera.

Fkn.1) **Harmee** koo deessee koo, haadha galaa dhoksaa
Obsituuf qajeeltuu, baattuu waan hundumaa
Gorsituuf dandeessuu, ogeettii uumamaa
Jechi afaanii qofti, eenyummaa kee hinibsuu
Hamma ani maal jedhee garaa kee si ciibsuu(Lataa, 2014:25)

Hammam akka biyya isaa mararsiifatu ibsuuf, harmeen walbira qabameera. Yeroo baay'ee haati biyyatti fakkeeffamti. Biyyi ofii kafana, kafana isa uffatanii qaama ofiirraa ittiin balaa ittisan, yaraanis gaariinis kan irra jiraatu, dadhabe kan hinjenne waan hundumaan badhaafamtuufi eebbifamtuu sana ta'a. Harmeen ammoo ji'a sagal garaatti achii booda harkaafi dugdatti baattee fuulli ishee gurraacha'ee cilaattii ta'ee, rakkattee ofii agabuu bultee dhala ishee nyaachistu kunuunsitu, itti uwwistu, qulqulleessitu ishee bixxillee xiqqoo nama taasistu sana ta'a. Akkuma walaloo waayee **'Harmee Koo'** dubbate keessatti harmeefi biyyi jiruufi jireenya hawaasa oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame/qindaa'e sana ta'uu eeru.

Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessatti gama hawaasummaatiin yoo ilaalame gahee haati maatii irraa eegaltee hanga hawaasa bal'aatti qabdu baay'ee guddaa ta'uu calaqqisiisa. Miseensota maatii keessaa, haadha irra itti gaafatamummaa guddaatu jira. Haati gadaamessa keessatti guyyaa namni uumamuu eegaltee, dhalatee hanga namni dulloomee du'utti jaalala dhala isheef qabdu jechaanis ta'ee gochaadhaan nicalaqqisiisti. Kana qofaa osoo hintaane, haati maatii guddisuuf jecha ofiisheetii ofitti hir'istee, miidhamtee, beeloftee, qaamaan huuqqattee jaalala dhala isheef qabdu mul'isti. Haati obsituu, dandeessuu, beektuu, guddistuufi dandeettiiwwan kanaafi kkf uumamaan badhaafamuushee kan ibsudha. Kanaafuu, haati maatiirra darbitee biyya bakka nibuuti. Haadha ofii jechuun biyya ofii ykn saba ofii jechuudha. Akkuma haadharraa

faayidaafi kunuunsa baay'ee argatan biyya ofiirraas waan hedduu argachuun akka danda'amu, haadha biyya ofiitti mallatteessuun dhiyeessuun mul'ateera.

Fkn.2) Yoo huccuu qorraa jaliila
Yoo hora uumaa taliila
Biyya bultii ***sirna gadaa***
Bakki murtii jala ***odaa***….(Lataa, 2014:36)

Hammam akka saba Oromoof quuqamu ibsuuf, Sirna Gadaafi Odaan walbira qabee mallatteesseera. Sirni Gadaa sirna diimokiraatawaa uummata Oromoo kan ittiin hidhee walhiiku sana ta'a. Odaan galma Oromootaa kan af-yaa'iin jalatti taa'amu, dirree araaraati, muka Waaqni ganamuma eebbisee uume ayyaantuu, kan simbirri irra hinqaarine, jiidhaa bonaa ganna hingogne, ayyaan-qabeessa kan ta'e, bakka maseennni ilmoo itti argattu, qaro-dhabeessi bakka itti qaroo argatu, muka qabbanaawaa rakkoo furu sanatu Oromootti mallatteeffame.

Akkuma walaloo waayee "Oromiyaa" jedhu dubbate keessatti Sirni Gadaafi Odaan jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhte, ittiinillee ijaarame ta'uu eeru. Haaluma kanaan, agarsiistonni armaan olii kun jiruu Oromoo keessatti nagaan, hormaata, hidda latiinsaa, dureessummaa, tokkuummaa, jiidhaafi waliin jireenyi uummata Oromoo hammam akka walitti dhiyaatu kan ibsanidha.

Fkn.3) '***Aannan*** dhuganii, ***damma*** arraabuu,
Sooromanii gamoo dhaabuu,
Hayyuu taa'anii samii yaabuu,
Booyingiidhaan deemsaaf ka'uu,
Landan dhaqu, Barlin ga'uu,
Lootarii mo'anii mana bituu,
Kan foddaafi dhaabnisaa hundi ilaaltuu
Walakkaa isaa kiree laachuu
Walakkaa isaatti ciree nyaachuu
Argannoodhaan warshaa ijaaruu
Qalqalloodhaan qarshii guuruu(Lataa, 2014:52)

Hammam akka namni waan hinqaqqabne tokko akka hojjetu qeequuf, abjuudhaan walbira qabee waldorgomsiiseera. Abjuun waan akka xawalwaallee yaadaa kan qaamaan hinmul'anne kan yaadaan fakkeessitu, kan yaadaafi qalbii namaa balleessitu, waan hintaane akka waan ta'uutti kan namatti agarsiistee dhoksitu, kan nama gowwoomsuuf yaaltu, kan qalbii namaa boojitu sana ta'a. Akkuma walaloo waayee 'Abjuu' jedhu dubbate keessatti abjuun jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddeefi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame ta'uu kan eerudha.

Haaluma kanaan, agarsiistuun kun jiruu Oromoo keessa namni rakkisaa akka ta'e, kan namatti fakkeessu, kan nama gowwoomsu, hundumaa nan hojjedha jedhee kan karaa hundi qaawwa ta'e kan sobu, kan fakkeessu rakkina ta'uu kan ibsudha. Akkusumas, namni kan namatti fakkeessu, kan dhugaa soba taasisu, kan soba ta'u ammoo dhugaa taasisu fakkaatee kan nama waliin jiraatu sana kan agarsiisudha.

### 4.2.7. Qaaccessa Mala-dubbii Mitihee/Eemitii

Mitiheen yaada fallaa fakkaatee yeroo itti siqamu dhugaa ta'ee argaamudha. Hiikni isaa isa mul'atuun garasitti dhugooma. Kanaafis miti jedhama. Wanti jedhamu fuggisoo waan fuulduraan jiruuti. Isaanis, haala armaan gadiitiin qaacceffamaniiru.

Fkn.1) ***Beekaa*** jennaan, ***doofaa hadoodaa,***
***Gubbaa*** jennaan, ***dakas goodaa***,
***Jiidhaa*** jennaa, ***duwwaa gogaa***,
***Muka*** jennaan, ***haafa lafaa***,
***Bishaan*** jennaan, ***kattaafi dhagaa***,
***Fira*** jennaan, ***fagoo alagaa'***
***Siree*** jennaan, ***handaqiidha,***
***Callaa*** jennaan, ***habaqiidha***,
Kan ari'antuu fiigee dhufa,
Kan dhaabantuu jigee kufa,
Dubbiin hunduu faallaa fide,
Akki jedhan ta'uu dide.(Lataa, 2014:31)

Hammam akka wanti haata'u jedhan ta'uu diduusaa ittiin ibsuuf, beekaafi doofaa hadoodaa, gubbaafi dakas goodaa, jiidhaafi duwwaa gogaa, mukaafi haafa lafaa, bishaaniifi kattaaf dhagaa, firaafi alagaa, sireefi handaqii, callaafi habaqiin walbira qabameera. Beekaa doofaa hadoodaa jechuun nama barate ta'ee gaaffiifi deebii saba guddaa/bal'aa kana kan deebisuu hindandeenye, maqaa dhumaaf kan itti gaafatamummaa fudhatee garuma isaa guuttachuuf teessoo qabatee taa'u, yoo dhaga'es yoo gaaffii mirgaa gaafatanis kan gurra akka harree waraanaan waraanetti luucessee fiigu, quuqamni lammiifi biyyaa kan itti hindhahamne sana ta'a.

Gubbaa- dakas goodaa yoo jedhamu ammoo wanti irra oola jedhanii yaadan yommuu jala oolu agarsiisa. Kun garagalcha Waaqaa miilli mataa hooqe kan jedhan sana ta'a. Jiidhaa-gogaan kan jabina hinqabne lallaafaa, nama onneefi laphee hinqabne yoo ta'u, gogaan ammoo kan nama dhukkubsu, kan dhama hinqabne sana ta'a. Mukaafi haafa lafaa kan jedhu kun mukni kan kophaa isaa dhaaabatee hafe, kan homaa ofharkaa hinqabne, haafa lafaa kan jedhu ammoo kan faayidaa hinqabne, waan gatame kan deebi'anii hinbarbaadamne sana ibsa. Bishaan-kattaafi dhagaa kan

jedhu bishaan waan salphaa kan hinulfaanne, kan afaan damma dibatee nama miidhu sana agarsiisa. Kattaafi dhagaan ammoo kan garaa namatti jabaatu kan namaaf hinnaane hammaaataa kan nama miidhu sana ta’a. Siree jennaan handaqii kan jedhu sireen kan irra olbahanii rafan, afata gaarii kan qabu kan nama hinquqquuqne waan gaarii sana yoo ta’u, handaqiin faallaa kanaati. Handaqiinis kan irra rafuu danda’an ta’ee isa qoraattii qabu kan meexxii irraa hojjetamu, irra rafuufillee kan hinmijanne, kan cinaacha nama waraanu, kan boqonnaa gaarii namaaf hinlaanne rakkisaa sana ta’a.

Akkasumas, fira jennaan fagoo alagaa kan jedhu ammoo kan sabaafi biyya isaa dagatu, gantuu, fakkeessituu, sobdee sossobdee kan jiraattu, kan saaaba isaa dabarsee kennu, kan biyya isaa gurguru quuqqaan lammii isaa kan itti hindhahamne sana ta’a. Callaa jennaan habaqii kan jedhu ammoo callaan waan qulqulluu ta’e, kan cubbuufi daba hinhojjenne sana ta’a. Habaqiin immoo waan gaatame kan faayidaa namaaf hinqabne sana ta’a. Akkuma walaloo waayee**,‘*Jennaan Ta’uu Dide’*** dubbate keessatti agarsiistonni armaan olii kun hundi isaanii jiruufi jireenya hawaa Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame/qindaa’e sana agarsiisa. Haaluma kanaan, agarsiistonni kun jiruu Oromoo keessa namoonni itti gaafatamummaa fudhatanii wallaalaa fakkaatanii callisuu, afaan mi’aawanii nama miidhuu, lammii ofii dabarsanii kennuu, lafa lafee Oromoo ta’e gurguruu, kan bakka guddaatti eegan gaddeebi’ee waan gatame kan gadi jedhanii hinfuuneefi kan faayidaa tokkollee hinqabne ta’uu kan ibsanidha.

Fkn.2) ***Ni jiisa ni gogsa***; nimul’isa nidhoksa,
Ni burqisiisa ni guusa;ni muuda ni buusa,
***Ni qara ni doomsa; ni huqqisa ni coomsa***(Lataa, 2014:45)

Hawaasa keessatti hammam akka wanti tokko irra keessa soba fakkaatee akka dhugaa ta’u ibsuuf, yeroodhaan walbira qabameera. Yeroon kan ijaan hinmul’anne, kan qaqqabamuu hindandeenye, ari’anii kan dhaqqabuun hindanda’amne, boqonnaa kan hinqabne halkaniifi guyyaa osoo hinjedhiin kan carraaqxu sana ta’a. Nijiisa nigogsa kan jedhu du’aafi jireenya gidduu nama jiru, isa hinfayyine, isa hinduune jireenya gadadoo sana ta’a. Nimul’isa nidhoksaan ammoo jireenya buraaburree takka gaarii takka ammoo waan akka burree kan mul’atee badu fixeensa ganamaa saana ta’a. Niburqisiisa kan jedhu eebbisuu, hormaata, sooroma, qabbana sana ta’a, Niguusaan ammoo hiyyoomsuu, hormaata dhoowwuu, guddina hanqisuu, ajjeesuu, lubbuu baasuufi baasisuu sana ta’a. Niqara nidoomsa kan jedhu kun barsiisaa miidhuu, baradhu jechaa sammuu dadhabsiisuu, hojii humnaa olii itti fe’uu sana ta’a. Nihuqqisa nicoomsa kan jedhu

ammoo jireenyi nama tokkoo aakka xiqqatu akka hinfooyyofneefi jireenya kan mataa ofii qofa fooyyeffachuuf carraaquufi dhimma biyyaafi kan sabaa dhiisuu sana ta'a.

Akkuma waalaloo waayee ***'Yeroo…'*** dubbate keessatti jiisuu-gogsuu, mul'isuu-dhoksuu, burqisiisuu-guusuu, muuduu-buusuu, qaruu-doomsuufi huqqisuu-coomsuu jedhaman kun jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate ittiinillee ijaarame/qindaa'e ta'uu eeru. Haaluma kanaa, jiruu hawaasa Oromoo keessa bu'aa bayiin jireenyaa akka jiru, tokko of fooyyessee yommuu nama biraa miidhu, tokko nyaatee tokko ammoo hagabuu bulu, tokko gaariirra rafee tokko yommuu gogaarratti ciisu, tokko huqqatee jireenyi isaa afaan boollaarra kan jirtuufi warri kaan cooma nyaatee warra kaan ammoo beelli ajjeesuuf jedhu dhimmoonni armaan dura kaasne kan ibsaniidha.

## 4.2.8. Qaaccessa Mala-dubbii Walqabsiisaa

Moggaasni isaa xuqxuu seenaa irraa kan dhufe yoo ta'u, gosoota dubbii qolaa keessaa isa tokkoodha. Waan tokko bakka wayii maqaa dhahuun akkasumas namas ta'ee waan biroo maqaa dhahuun akkaataa seenaatiin dhiheessuuf kan gargaaruudha. Isaanis fakkeenya wajjiin akkaataa armaan gadiitiin qaacceffamaniiru.

Fkn.1) Dhiibbaa dalgaa ceephoo yaraa
Daandii fagoo deemsa gaaraa
Ba'aa ciqilee waggaa dheeraa
***Dhiittaa, kaballaafi dhaanicha***
Waraansa, hidhaafi ajjeechaa
Dugdarratti dhagaa baachuu
**Ramacii**dhaan guggubachuu
Bishaan guutetti haleelamuu
**Bulluqarratti** affeelamuu
Maqaa diignee geeddarachuu
Waan hinjirreen jira jechuu
Qonnee cirree namaaf galchuu…
***"Oromoo miti"*** jennee kakachuu
Lafa abbaa keenyaarraa baqachuu
Otoo jirruu wallaalamuu
Otoo hindu'iin awwaalamuu
Wanti darbe maaltu haa himamuu
Yoo himames maaltu haa dhumuu

______________

Kanas ta'u…garuu hinbadne
Seenaan keenya jira hinbaqne
***Gucee ifa liphee hindhaamne***
Argee dhaga'a duudee hinjaamne
Hundeen isaa hinsiinqanoofne

Ukkaamamullee foolii hindhoofne
Irra hinbuune laaqeen xurii
***Isuma sana isuma durii*** (Lataa, 2014:33) ,

Walaloo kana keessatti mala dubbii walqabsiisatti fayyadameera. Walaloon kun mataduree ***'Isuma Durii'*** jedhu keessaa kan fudhatameedha. Ergaan gama kanaan darbuuf yaadames, dhiibbaan, hacuuccaafi cunqursaan, dhiitamuun, doorsifamuun, saaamichi, hidhaan, ajjeechaafi kkf hawaasicharra sirnoota darban keessa kan tureefi har'as kallattii adda addaatiin bifa jijjiirachuun kan mul'ataa jiru ta'uusaa agarsiisa. Akkasumas, abbaa qabeenyummaa uummaticharraa molquun eenyummaa sabichaa ukkaamsuun akkuma sirnoota darbanii kallattiinis ta'ee alkallattiin jiraachuusaa calaqqisiisa. Ta'us, aadaa, duudhaafi seenaa hawaasa tokkoo kan hindhaamne, hinkabajneefi hinkunuunsine, jijjiiramniifi fooyya'insi wayiituu kan hinmul'anne ta'uusaa calaqqisiisa.

Fkn.2) Eebbifamtuu, kennaa uumaa,
Badhaafamtuu, dharraa hundumaa,
Dirree seenaafi hundee biyyaa,
Madda jiruu, ***Oromiyaa.***
Garaan warqee, kan albuudaa,
Fuulli dhangaafi kan beeyladaa,
Dhadhaa ameessaafi una silgaa,
Xaafiifi garbuu, kan mishingaa,
Ancootefi qorii, cumboofi mooqsaa,
Buna qalaa, cuukkoofi baksaa,
Beddeefi marqaafi kan caccabsaa(Lataa, 2014:36)

Waloon hammam akka Oromiyaa biyyasaa jaallatu agarsiisuuf, warqeefi albuuda, dhangaafi beeylada, dhadhaa ameessaafi una silgaa, xaafiif garbuu kan mishingaa, ancooteefi qorii, cumboofi mooqsaa,buna qalaa cuukkoofi baksaa, beddeefi marqaafi caccabsaan walbira qabee walqabsiiseera. Oromiyaan lafa seenaa qabeettii kan taate qabeenya uumamaafi namtolcheetiin kan waaqni eebbisee uume ta'uushee seenaan kan raga bahu ta'uu agarsiisa. Agarsiistonni armaan olitti eeraman kunneen naannoon Oromiyaa duruma irraa eegaltee lafa ishee keessaa kan warqeefi albuudni burqan ta'uu, dhangaaleen adda addaafi beeyladni kan dhadhaan irraa argamuufi silga ammoo cirrikfatani, gosa nyaata aadaa kanneen akka ancootee, qorii, cumboo,mooqsaa, buna qalaa, marqaafi baccabsaan kan beekamtu ta'uushee seenaan kan ibsudha.

Akkuma walaloo waayee "Oromiyaa" jedhu dubbate keessatti agarsiistonni kun jiruufi jireenya uummata oromoo keessaa kan fudhatamaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate,

ittiinillee ijaarame ta'uu kan eeranidha. Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessatti Oromiyaan lafti seena-qabeettiin kun waan hundumaan kan badhaafamteefi eebbifamte fira mitii halagaanuu kan irraa fayyadamu ta'uu kan ibsanidha.

### 4.2.9. Qaaccessa Mala-dubbii Habalakaa

Dubbiin qolaa kun dhaamsa tokko faallaa isaatiin dabarsuuf kan gargaaru. Kana jechuun dhaamsa osoo ifatti hinbaasiin karaa dhoksaa ta'een dabarsuuf kan gargaaru jechuudha. Innis, fakkeenya waliin bal'inaan armaan gaditti qaacceffamaniiru.

Fkn.1) Galatoomi, ***galatoomi ollaa***
Birmannaa keef, gadda keef isa gaafa boollaa
Yommuun lubbuun jiru waayee
Qofaa taanaan kaatee na cinaa hindhaabbannee
Rakkannaan hiixattee qaawwa koo hinqadaannee
Wixxifnaan owwaattee deebii naaf hinlaannee
Dhukkubsannaan dhuftee sihaa maaru hinjennee
Gaafan miidhamee du'ee awwaalamu garuu
Namni akka kee dafqee boolla qote hinjiruu
________________________________.**galatoomi tiruu**! (Lataa, 2014:4)

Hammam tokko akka olla balaaleffatu ibsuuf, tiruudhaan walbira qabameera. Tiruun hidda dhalootaa warra aantee ta'an, gaafa rakkinaa, gaddaas ta'ee gammachuu kan walbira dhaabatu, kan walii awwaatee awwaachisu, yoo dhukkubsatanillee kan nama yaalsisu sana ta'a. Ollaan ammoo kan yoo rakkatan namarraa baqatu rakkina namaa gammadu, yoo dhukkubsatanillee kan nama hingaafanne, gaafa du'an qofa gammadee gasoo qabatee boolla qotuuf fiigu saana ta'a. Kanumarraa ka'uun mammaaksi Oromoo, "Alagaa gaafa kolfaa, Fira gaafa golfaa" jedhus kanuma ragaa baha. Akkuma walaloo waayee ***'Xalayaa Galataa'*** dubbate keessatti ollaafi tiruun jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, kan ittiinis ijaarame ta'uu kan agarsiisanidha.

Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessa ollaan hawaasa keessa jiraatan keessatti namoonni yoo walitti mufatan miidhama walii kan waliif hinbirmanne, kan haaloo walitti qabatan, rakkina karaa hawaasummaatiin jiru kan waliif gammadan, karaa jireenyaatiifi karaa uumamaatiin isaanirra gahu waliif gadduu dhiisanii gaafa rakkinni tokko irra gahu kan walitti kolfan, alagaan gaafa rakkinaa kan namarraa dheessuufi halaala dhaabbatee seequ ta'uufi aanteef qomoon ofii immoo kan namatti fiiguufi furmaatas namaa barbaadu ta'uu kan ibsanidha.

Fkn.2) Bara aadaan manca'ee
Safuunis duguugame
Bara saggoon ulfinaa
Salphinaan aguugame
***Silmii*** dhiiga xuuxuudhaaf
Sababa tarreeffatu
Dhiira dhiira fuudhuudhaaf
Xalayaa barreeffatu
Durba 'qullaan deema' jettee
Gaaffiidhaaf lafaa kaatu
Jaartii qoloo jibbitee
Paantiidhaan gabaa baatu
Galagaltoo yeroo hundaa
Harka milatti hiikamu(Lataa, 2014:18)

Hammam tokko akka safuun hawaasaa cabe ibsuuf, silmiidhaan walbira qabameera. Silmiin ilbiisota kan lafee hinqabne lallaaftuu dhiiga soorattu sana ta'a. Silmiin maxxantuu kan bineeldotatti hirkattee jiraattu kan ulfinaafi kabaja hinqabneefi hinbeekne sana ta'a. Dhiiga xuuxuudhaaf kan sababa uumtee lubbu-qabeeyyii biraa miitu, kan safuu, aadaafi bara saggoon ulfinaa salphinaan haguugame sana ta'a. Dhiirri dhiira fuudhuuf karoorfate, durba qullaa deemuuf lafaa kaateefi jaartii qoloo jibbitee paantiidhaan gabaa baatu sana ta'a. Akkuma walaloo waayee ***'Maal Kolfa Dhaloonni?'*** dubbate keessatti silmii, dhiira dhiira fuudhu, durba qullaa deemtuufi jaartiin paantiidhaan deemtu kanneen kun jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhatefi ittiinillee ijaarame ta'uu eeru.

Haaluma kanaan, dhimmoonni olitti ka'an kunneen jiruu Oromoo keessa haala uffannaa aadaa yeroo ammaa hawaasa keessa jiru, dubartoonni ammayyummaa itti fakkaatee uffannaa aadaa isaanii hambisuun kan aadaan hawaasichaa hinhayyamne hordofuun aadaa ofii dagachuu, irraanfachuu, eenyummaa ofiitiif iddoo kennuu dhabuutti deemaa jiraachuu kan ibsanidha. Kanaaf, dhaloonni kolfa jibbee osoo hinta'iin wanti kolfan akka hinjirre kan ibsudha.

Fkn.3) Kaan ***abaarsi qajeelchee***
Kaaniin ***eebbi jallisaa***
Kaan ***agabuun furdisee***
Kaaniin **nyaanni qallisaa**
Jagni dhugaa hinbeekamu
***Fardatuu harree baqataa***
Jaarsi du'aaf eegamu
Durba qarree naqataa
Waliif yaaduun ulfaannaan
Ofittummaan onnataa (Lataa, 2014:19)

Hammam akka wanti nama kofalchiisu hinjirre ibsuuf, abaarsi qajeelchuu, eebbi jallisuu, agabuun furdisuu, nyaanni qallisuufi fardi harree baqachuun walbira qabeera. Abaarsi qajeelchuun nama saba malee dhugaa hinhojjenne sana ta'a. Eebbi jallisuun ammoo dhugaan yommuu dhokatu agarsiisa. Agabuun furdisuun kun kan yaaduu ihndandeenye isa dhimma hinqabne sana yoo ta'u, kan nyaanni qallisu ammoo isa dhimma uummata isaatiif halkaniifi guyyaa yaanni itti baay'atu, kan dhugaaf quuqamu, kan haqaaf dubbatuufi dhimma isaa dhiisee kan saba isaatiif dursa kennu sana ta'a.

Fardi harree baqata kan jedhu ammoo fardi kan kabaja qabu kan ulfina qabu, kan yaabbatanii ittiin imaltuu deeman, kan ittiin dirree waraanaa deemanii lolan/waraanan, kan ittiin diina ofirraa qolataniifi ittiinis diina jalaa bahan,dirree qabsootti kan ittiin moo'ataniifi injifatan cimaafi beekamaa sana ta'a. Harreen ammoo salhpina malee kan ulfina hinqabne, kan waanuma itti fe'an qofa baattee deemtu, haajedhanii malee maal naan jedhanii kan hinbeekne kan kunuunsa hinqabneefi garaa ishee malee kan waraabessa jalaa illee galuu hinbeekne sana ta'a. Akkuma walaloo waayee ***'Maal Kolfa Dhaloonni'*** dubbate keessatti agarsiistonni olitti dhiyaatan kun jiruufi jireenya uummata oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame/qindaa'e ta'uu kan eeranidha. Haaluma kanaan, Jiruu Oromoo keessa namni of-jiraachisuuf bulchiinsa ofii dheereffchuuf jecha sababootaafi qajeelfamoonni bahan tokko tokko hawaasarraan miidhaa kan geessisan ta'uu ibsu.

Akkasumas, wanti hunduu galagaltoo ta'ee inni hawaasaaf gaarii ta'e hafee, faallaan isaa inni hawaasa miidhu jiraachuu isaa kan agarsiisanidha. Warri taayitaarra jiran tokko tokko hawaasa keessatti soba dhugaa fakkeessanii hawaasa kallattii garagaraan sobuun gowwoomsuuf, beekaa of-fakkeessan akka jiran hubachuun nidanda'ama. Dabalataanis, jireenya hawaasummaa keessatti wanti mul'atu faallaa walii yoo ta'u, namni fakkeessee jiraatu osoo hinhojjetiin yoo sooromu, inni sooressa ta'e immoo faallaa kanaan kan hiyyoomu ta'uu, abbaan dhugaa qabu dhugaa dhabee, inni dhugaa hinqabne abbaa dhugaa ta'uu kan agarsiisanidha.

### 4.2.10. Qaaccessa Mala-dubbii Ateessaa

Malli dubbii kun dhala namaas ta'ee lubbu-qabeeyyiifi lubbu-dhabeeyyii kamiiyyuu kan nutti dhihoo hinjirre tokko akka waan nu bira jiruutti itti dubbachuufi haasa'uun kan danda'amuudha. Adeemsa akkanaa keessattis wanti namatti dhihoo hintaane tokko akka deebii namaaf kennuu

danda’uufi dhagahuu danda’anitti dhiheessuudhaani. Kunis fakkeenya isaanii waliin qaacceffamaniiru.

Fkn.1) Ani dhiiga keetii, dhiiga kee uumamaa
Si keessaa foxxoqeen nama ta’ee deemaa
Uumaa gadaamessaa miciree jalqabdee
Nan yaada harme ishee ati naaf cabde!
______________________________________
Gaara meeqa baatee, kattaa meeqa lixxee
Humna kee ijoollummaa guddisa koof fixxee
Dugda keef cinaacha, kaasuuttis na baattee
Yommuu kan koo jiisu, ofii gogduu nyaattee
Nama na gochuudhaaf simboon kee salphatee
Fuulli kee shuntuuree ***gogaan*** kee haphatee
Foon maddii kee dhumee, dhooqee bishaan baatee
Hojii mana keessaatiin bifti kee manca’ee
***Ramaciin*** si gubee, ***daaraan*** sitti faca’ee
Aara galfii dhabdee, aara dhuguu malee
Takka gara ***xuwwee***, takka gara ***eelee…***
Hiika jaalala keef kennaan dhadhaaf baksaa (Lataa, 2014:25)

Hammam akka haadhatti hojiin baay’atu agarsiisuuf, ramacii, daaraa, aara, xuwwee,fi eeleedhaan walbira qabeera. Ramaciin barbadaa abiddaa kan baay’ee diimatee nama guggubu, yoo harkaan qaban kan fooniifi gogaa walitti gubu miira namaa keessa bararrisu rakkisaa sana ta’a. Daaraan ammoo erga qoraan boba’ee dhumee booda kan hafu kan faayidaa hinqabne gatamaa sana ta’a. Xuwween kan boqonnaa hinqabne abidduma maddii ooltu kan abiddaan guggubachaa ooltu sana ta’a. Eeleenis akkuma xuwweetti abiddaan kan ciinca’aa jiraattu, hojiin ishee guggubachuu, aaruu, boqonnaa dhabuufi kan jalaafi gubbeen guggubatee cilaattii taatee bifti ishee jijjiirame sana ta’a.

Akkuuma walaloo waayee ***‘Haadha Koo’*** jedhu dubbate keessatti agarsiistonni armaan olitti ka’an kunneen jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame ta’uu eeru. Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessa miseensota maatii keessaa, haadha irra itti gaafatamummaa guddaatu jira. Haati gadaamessa keessatti guyyaa namni uumamuu kaastee, dhalatee hanga namni dulloomee du’utti jaalala dhala isheef qabdu jechaanis ta’ee gochaadhaan nicalaqqisiisti. Kana qofaa osoo hintaane, haati maatii guddisuuf jecha ofiisheetii ofitti hir’istee, miidhamtee, beeloftee, qaamaan huuqqattee jaalala dhala isheef qabdu mul’isti. Haati obsituu, dandeessuu, beektuu, guddistuufi dandeettiiwwan kanaafi kkf uumamaan badhaafamuushee, galata guddaa qabaachuufi baay’ee hacuucamtuu ta’uushee kan agarsiisanidha.

Fkn.2) Ofii murtoo hinqabdu,
Waan siin jedhan goota,
Ka'i jennaan kaatee'
Ciisi jennaan ciista,
***Bookee*** adamsitee,
***Qarxaasaa*** faccista,
Ofii kee wixxistee,
Isa kaan boqochiista,
Homaa si hingadhiisne,
Amalli kee qaataa,
Akkasumatti hafta moo
Yoom siif darba laataa? (Lataa, 2014:34)

Hammam akka namni tokko duubatti hafe agarsiisuuf, eegeen walbira qabee waldorgomsiiseera. Eegeen kan teellaa waan hundumaa deemtu, kan hinguddanne, kan waan jedhaniin qofa hojjettu, kan boqonnaa hinqabne kan olii gadi socho'aa ooltu, ka'i yoo jedhan kan kaatuufi taa'i yoo jedhanis kan kaatu ejjennoo kan hinqabne ka'umsa malee kan ga'umsa hinqabne sana ta'a. Eegeen mataan ishee illee muucaraa kan ittiin lafa haran hartuu sana ta'a.

Akkuma walaloo waayee ***'Eegee'*** dubbate keessatti eegee, bookeefi qarxaasaan jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddaniifi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame ta'uu eeru. Haaluma kanaan, agarsiistonni kunneen jiruu Oromoo keessa wanti nama gaddisiisu, dhamaatee malee kan bu'aan wayiituu hinjirre, boqonnaa olii gadi arreedaa oolanii ga'umsi dhabamuun dhimma ofii dhiisanii osoo rakkatanuu, beela'anuu, gidirfamanuu nama biraarraa diina ittisuun nama biraa guddisanii ofii ammoo muucaruufi guddina dhabuun jiruu baadiyyaa isa gadadoo sana kan agarsiisanidha.

Fkn. 3) Hinbeekamtu dhaltuufi kormaa,
Mataa malee hinqabdu morma,
Gaafii fira; gaafii orma,
***Konkolaataa yaa abbaa gommaa.***
Gaara baatee gooda buuta,
Achii fiddee asii fuuta,
Keessa addunyaa agarsiifta,
Fira fagoo walbarsiifta,
Deemsa waggaa guyyaan fixxa,
Bakka yaadan namaan lixxa (Lataa, 2014:37)

Hammam tokko akka nama isa bira hinjirre ibsuuf, konokolaataan walbira qabeera. Konkolaataan lubbu-qabeessa kan tajaajila bal'aa uummataaf kennu sana ta'a. Akkuma walaloo waayee ***'Konkolaataa'*** dubbate keessatti konkolaataan jiruufi jireenya uummata Oromoo keessaa kan maddeefi wanta waloon madda beekumsa isaa godhate, ittiinillee ijaarame/qindaa'e ta'uu

kan eerudha. Haaluma kanaan, jiruu Oromoo keessatti konkolaataan dhamaateen isaafi hojiin isaa guddaa akka ta'e safaramuu akka hindandeenye, galanni konkolaataa hammana jechuun ulfaataa akka ta'e, firoota walirraa fagoo jiranillee yeroo gabaabaatti kan walbiraan gahu akka ta'e, gaara bu'ee ba'ee kan tajaajila kennu ta'uusaa kan ibsudha.

Haata'u malee, galata waloon konkolaataaf dhiyeesse kana konkolaataan dhagahee deebii kennuufi galata kana fudhatee galata jechuun deebii kennuu kan hindandeenye akka ta'e ni'agarsiisa. Kun ammoo waan nama hintanetti haasa'uun qaamaan waan nama bira hinjirretti dubbachuun waan nama hintaane galateeffachuun akka waan dhagahuutti galata galchuufiin kun itti fayadama mala dubbii hinjirree dubbisuun ergaa dabaarfachuun akka danda'amu hubatameera. Kanaafuu, konkolaataan agarsiistota kanneen biroo waliin yommuu walbira qabamee ilaalamu jiruu magaalaa xiqqoo/bicuu kan ibsudha.

# BOQONNAA SHAN

## 5. Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

Kutaa kana jalatti ammoo cuunfaa, argannoofi yaboon kaayyoowwan qorannoo kanaa sadaniin kallattiin xiinxalaman dhiyeesseera.

### 5.1. Cuunfaa

Walaloon hojii kalaqaa ta'ee, qabiyyeen isaa haala jiruufi jireenya hawaasaati. Jiruufi jireenyi kun waan hedduu of keessatti qabata. Isaan kana kallattii barbaadaniin barruu walalootiin haala gaariin ibsanii dhugaa hawaasa keessa jiru ittiin calaqqisiisuuf, malleen-dubbii keessatti itti fayyadamni agarsiistotaafi qindoominni gidduu isaanii jiru of-eeggannoodhaan raawwatamuun murteessaadha. Hojiin gama kanaan hojjetamu cimina qabaannaan dhimmi barruun walaloo sun qabatee ka'es cimina argatee galma isaa bira gahuu danda'a jechuudha. Kaayyoon qorannoo kanaas kitaabilee walaloo qorannoo kanaaf filataman keessatti akaakuufi malleen-dubbii keessatti itti fayyadama agarsiistotaa, ergaa/dhaamsa malleen-dubbii qabiyyee walalootiif dabarsuu keessatti qaban agarsiisuudha.

Haaluma kanaan, walaloowwan Afaan Oromootiin barreeffaman keessaa 'Miila Kaayyoo'fi 'Maal Kolfa Dhaloonni?' kan Lataa Qana'ii barreesse, irratti gama itti-fayyadama malleen-dubbiitiin qaaccessa irratti gaggeesseera. Qaaccessin gaggeesse kunis, ulaagaalee yaaxxinni bifiyyee bu'uureeffatuun yoo ta'u, walaloowwan eeraman irra-deddeebi'uun gadifageenyaan dubbisuudhaan ragaan funaane, qabxiilee xiyyeeffannoo yaaxxinichaa wajjiin walsimsiisuun qaaccessee mala qorannoo akkamtaatiin ibseera. Adeemsa kanaanis, malleen-dubbii keessatti gama itti fayyadama agarsiistotaafi qindoomina isaan gidduu jiru akkasumas, gahee ergaa/dhaamsa qabiyyee walaloo dabarsuu keessatti qaban agarsiisuuf yaalii taasiseera.

## 5.2 Argannoo

Kaayyoon qorannoo kanaa itti-fayyadama malleen-dubbii mataduree walaloo *'Miila Kaayyoo'fi 'Maal Kolfa Dhaloonni?'keessatti: Ija Yaaxxina Bifiyyeetiin"* jedhuun qaaccessuu yoo ta'u, qorannoo gaggeeffame bu'uura godhachuun ragaaleen funaane kallattii adda addaatiin ergan qaaccessee booda bu'aawwan qorannicharraa argame akka armaan gaditti kaa'era.

1. Kitaabilee filataman lamaan keessatti akaakuuwwan malleen-dubbii mul'atan akkasaa, nameessa, iddeessa, arbeessa, fakkoommii, mitihee, walqabsiisa, habalakaafi ateessa akka ta'an bal'inaan qorannoo kana keessatti argadheera.
2. Malleen-dubbii keessatti itti-fayyadama agarsiistotaa kitaabilee walaloo filataman keessatti waloon gargaarame qorannoo kana keessatti adda bahanii gurraacheffamanii dhiyaatan namoota, wantoota naannoo, bineeldotaan walqabsiisuun akkeessee, fakkeessee, amala kennee kan haala nama hawwachuu danda'utti waan dhiyeesseef, dubbistoonni walaloo kanaa agarsiistota waloon gargaarame gadifageenyaan akka xiinxalanii bira gahan gochuusaa bira gaheera.
3. Malleen-dubbii keessatti itti-fayyadamni agarsiistotaa gahee ergaa walaloo dabarsuu keessatti qaban ergaa barreeffamichaa gama aadaan, duudhaan, siyaasaan, dinagdeen, jireenya hawaasummaatiin, safuu barsiisuutiin, gadda, gammachuu, seenaatiin, gorsuudhaan, akeekkachiisuun, miliquun, to'achuun, jiruufi jireenya uummata Oromoo irratti xiyyeeffatu jechoonni kallattii wantoota garaagaraatiin walbira qabamanii waldorgomsiifamuun ergaa dhokataan ittiin argamuusaa bira gaheera.

## 5.3 Yaboo

Itti fayyadama malleen-dubbii mata-duree walaloo*‘Miila Kaayyoo’fi ‘Maal Kolfa Dhaloonni?’* keessatti: *Ija Yaaxxina Bifiyyeetiin* mul’atan sakatta’a dookumantii gaggeeffame ka’umsa godhachuun yaboo qorannoo kanaa ta’uu danda’u jedhee amanu akka armaan gadiitti dhiyeesseera.

- Qabiyyeen walaloo ‘*Miila kaayyoo’fi ‘Maal Kolfa Dhaloonni?’* itti-fayyadama malleen-dubbii irratti gaggeeffamu barreessitootaafi dubbistoota barsiisuuf, muuxannoo jiruufi jieenyaa walii qooduuf itti-fayyadamni malleen-dubbii walaloowwan lamaan dhiyaatanii shoora olaanaa waan taphatuuf, qorannoon kun mana dubbisa kitaabaa Kiiloo 6 keessatti argamuufi Galma Giddu-gala Aadaa Oromoo Finfinnee galee, osoo dubbistoonnis ta’ee barreessitoonni itti-fayyadama agarsiistotaa malleen-dubbii irratti xiyyeeffatanii gaarii ta’a.
- Itti-fayyadamni malleen-dubbii walaloo filataman lamaan keessatti dandeettii dubbistootaafi barreessitootaa cimsuu akkasumas, kitaaba barnootaa keessatti illee galuun baruu barsiisuuf akka oolu qaamni kitaaba barataa qopheessu osoo xiyyeeffannoo itti kennee raawwatee baay’ee filatamaa ta’a.
- Kitaabilee walaloo filataman lamaan kana keessatti seenaa, falaasama, aadaa, duudhaafi amantiin itti fayyadama maleen-dubbii waloon waan dhihaataniif, barsiisonni osoo gumii dagaagina ogbarruufi Afaan Oromoo manneen barnootaa keessatti barattoota hirmaachisanii barumsa hedduu dabarsuu nidanda’a.

## Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa:Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee,Oromiyaa: Yuunbirestii Addis Ababaa.

__________________.(2016).*SEMMOO*: *Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo(Max. 3ffaa)*. Oromiyaa, Finfinnee

Alamuu Itichaa. (2017). "Xiinxala Gahee Dubbiin Qolaa Afaan Barsiisuu Keessatti Qabu: Xiyyeeffannoon Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa 12ffaa."Digirii lammaffaa (MA) guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaatiif kan Dhiyaate.(Kan hinmaxxanfamne)

Alice, Mortan.(1975). *Rethinking and Symbolism.*Cambridge:Cambridge University Press.

Asafaa Tafarraa.(2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Far-East Trading PLC.

Beekan Gulummaa.(2015). *TUUJUBA. SAAYINSIIFI DANDEETTIIWWAN AFAANII*. Finfinnee, Oromiyaa.

Dastaa Dassaalany.(2002). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee: Dhaabbata maxxansaa Far East

_______________.(2013). *Bu'uura Qorannoo(Max.2ffaa)*.Finfinnee: Printed by far East Trading PLC

Dean, N.(2006). Discovering Voice. Florida: library of congress catalog in publication data.

Depryck, K.(1993). *Evaluation and Paradox Knowledge, Evaluation and Paradox*. USA: State University of New York Press.

Dirribaa Tafarraa, Dirribee Qana'aa, Girmaa Maammoo, Latamoo Badhaasoo Mahaammad Hakiimiifi Yeneenah Tasammaa.(2001). *Wiirtuu Jiildii-9*: *Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*. Finfinnee: Dhaabbata maxxansaa Commercial Printing Enterprise

Dirribaa Tafarraa, Soofiyaa Siraaj, Warquu Dachaasaafi Yeneenah Tasammaa. (1991). Wiirtuu Jiildii-8: *Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*. Finfinnee: APE104744/99

Dutton, Richard (1984). *An Introduction to Literary Criticism.* England: Longman York

Encyclopidia of America.(1985). volume 11 university of chicango press.

Encyclopedia Britanic.(1993). Vol 19 chicago: Encyclopedia Britanic Inc.

Fedhasaa Taaddasaa. (2013). *Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Dhaabbata maxxansaa Subi Printing Press.

_________________ .(2017). *Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo(Max.2ffaa)*. Finfinnee, Oromiyaa: Dhaabbata maxxansaa Ilsabaa Publishing.

Getaachoo Rabbirraa.(2011). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 Gulaallii 3ffaa*. Maxxansa 8ffaa. Addis Ababa: kuraz international publishing enterprise.

Guddon, J. A.(1982). *A Dictionary Of Literary Terms*. New York: Published by peguin Books.

Harcourt Brace and C.(1994). *Harbrace Collage Hand Book (12th ed*.)Orlando:Florida

Hayakawa, S. I.(1974). *Language in Thought and Action*. London: George Allen and Unwin.

Ibsaa Addunyaa.(2016). "Qaaccessa Itti Fayyadama malleen Dubbii Ogwalaloo Anaan'yaa Keessatti." Digirii lammaffaa(MA) guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaatiif kan Dhiyaate.(Kan hinmaxxanfamne)

Isaaq Bariisoo.(2003)."Sakatta'a Haala Fayyadama Sadoommii Kitaaba Walaloo Mootii Qubeefi Kumee Kumaatamaa". Digirii jalqabaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf kan Dhihaate. (kan hinmaxxanfamne)

James, H.(1997). *Pickering Literatures 5th Ed.* London Oxford University Press

Katz, J.J.(1972). *Semantic Theory*. New York: Harper and Row group

Lataa Qana'ii.(2014). *MAAL KOLFA DHALOONNI?(*Maxxansa 3ffaa).Finfinnee, Oromiyaa: Subi printing press.

___________.(2018). *MIILA KAAYYOO*. Finfinnee, Oromiyaa: Subi printing press.

Lawrence, J.(1972). *Mix Me A Metaphor*. London: Gentry Books

Lodge.D. (1988). *Modern Criticism and Theory*. Long man: London

M.R, Dorsan. (1972). *Folklore and folklife*. *An Introduction*. Chicago: The University of Chicago Press

M. Ellis. J. (1974). *The Theory of Literary Criticism: A Logical Analysis*. USA: University Of California press Ltd.Florida.

Melakneh Mengistu. (1999). *Fundamentals of Literature*. Addis Ababa : Biranna Printing Prees.

________________.(2006).*Fundamentals of literature*.Addis Ababa: Adis Ababa University.

Meyer, M .(1999). *The bedford introduction to literature*. New York University of connectivat. Ph.D thesis. Department of University of Edinburgh.

Miller, R. and Greenberg, R.A.(1991). *Poetry On Introduction*. New York: Published by Mc Millian Education.

Miller, R. and Currie, I.(1970). *The Language of Poetry.* London: Heinemann Books Ltd.

Misgaanuu Gulummaa.(2012). *YANDOO.OGUMAAFI OG-WALALOO OROMOO.* Finfinnee, Oromiyaa.

Qajeelcha Qormaata Afaan Oromootiin: BATO.(1999). *Afoola Oromoo Tuulamaa. Walaloo, Geerarsa, Faaruleefi sirboota adda addaa.* Jildii III. Finfinnee

Raymond, W.(1992).*The Poetics of mind. Figurative Thought. Language and understanding*. Cambridge University: Cambridge University press

R.E, Myers. (2008). *Figures of speech. A study and practicing Guide*. USA: teaching and learning Company.

Ricoever. (1975). *The Rule of Metaphor*. United Kingdom:Tylor&Trancis group.

Shaw, Harry. (1905). *Dictionary Of Literary Terms.* New York : Mc Graw Hill Book Company

Tafarii Jifaar.(2012).“Xiinxala Sadoommii Walaloo ‘Utuufi Malli Maali’ Digirii jalqabaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf kan Dhihaate. (kan hinmaxxanfamne)

Warquu Dachaasaa.(2001). *Wiirtuu Jildii-9. Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*. Finfinnee: Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa.

Yaadannoo Gaaromsaa. (2014). *Hora Obaa:Kuusaa Afoollan Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa: Dhaabbata maxxansaa Elleni. p.p. plc

http://owl.english.purdued.edu

https://penandthepad.com/figurative-speech-5372289.html

www.the free dictionary.com/criticism.

*ዘሪሁን አስፋው*: (1996)፡፡ *የስነ ጽሁፍ መቅረ ታዎን*፡፡ አዲስ አበባ፤ ንግዴማዝሚያ፡፡

## Qabxiilee Mirkaneeffannaa(Cheekliistii)

Gabateen armaan gadii kun qorataan qorannoo mata-dureen, “*Itti-fayyadama Malleen-dubbii Mata-duree Walaloo Miila Kaayyoofi Maal Kolfa Dhaloonni? keessatti:Ija Yaaxxina Bifiyyeetiin*” jedhuun addaan baafachuuf itti gargaarame agarsiisa. Gabaticha keessatti itti-fayyadamni malleen-dubbii kitaabilee walaloo filataman kana keessatti yoo argaman fuulduratti mallattoo **“✓”** kaa’eera.

| Lakk. | Akaakuuwwan itti-fayyadama malleen-dubbii kitaabilee walaloo filataman lamaan keessatti dhiyaatan | Mallattoo |
|---|---|---|
| 1 | Akkasaa/Akkee | ✓ |
| 2 | Iddeessa/Bakkasaa | ✓ |
| 3 | Nameessuu | ✓ |
| 4 | Arbeessa/ukukkubsee | ✓ |
| 5 | Fakkoommii/Mallattoo | ✓ |
| 6 | Eemitii/Mitihee | ✓ |
| 7 | Walqabsiisa | ✓ |
| 8 | Habalaka/Agiboo | ✓ |
| 9 | Ateessa/Hinjirree Dubbisuu | ✓ |

## Waraqaa Mirk ffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta’uu isaafi kanaan dura Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhihaanne ta’uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera-qabeessa ta’een fudhadhee, wabii keessattis kaa’uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa________________________________________

Mallattoo _____________________________________

Guyyaa ______________________________________